Macaafa Isaayaas Raajichaa

Sabni Israa'el Waaqayyoon Didun Isaa

1 [1] Mul'anni Isaayaas ilmi Amoz
bara Uziyaa, Yotaam, Ahaazii fi
Hisqiyaas mootota Yihudaa turanitti
waa'ee Yihudaa fi waa'ee Yerusaalem
miif arge, kanatti fufee jira*;
[2] Waaqayyo, "Yaa bantiiwwan
waaqaa dhaga'aa!
Yaa lafaa dhaggeeffadhu!
Ani Waaqayyo ilmaan
guddifadhee
ol isaan nan kaase,
isaan garuu ana irratti in
ka'an*;
[3] qotiyyoon abbaa isaa,
harreenis gorantoo gooftaa
isaatii beeka,
Israa'el sabni koo garuu hin
beeku,
kana hin hubatus" jedhee
dubbateera.
**1 2Mot 15:1-7,32-38; Hos 1:1; Mik 1:1; 2Sen 26:22*
**2 Kes 4:26; 32:1,5-6; Isa 30:9*

[4] Saba cubbamaadhaaf,
saba yakki ulfaataan irra jiruuf,
sanyii warra hamaa hojjetaniif,
warra amalli isaanii manca'eef
wayyoo!
Isaan Waaqayyoon in dhiisan;
Waaqayyo isa qulqulluu
isa kan Israa'el in tuffatan,
dugdas itti in gatan.
[5] Mataan keessan guutummaatti
madaa'eera,
lapheen keessan raawwatee
dadhabeera;
[6] egaa si'achi
eessa akka isin rukutan
barbaaddu?
Maaliifis diduutti jabaattu?
Gubbee mataa keessanii jalqabee
hamma faana miilla
keessaniitti fayyaa miti;
guutummaatti rukutamaa,
dirmammaa'aa,
madaa bo'aa dhas;
inni walitti hin deebine, hin
hidhamne,
dhadbaadhaanis hin
sukkuumamne*.
**5-6 53:4-5; 2:7; Luq 10:34*

[7] Biyyi keessan in one,
mandaroonni keessanis
ibiddaan in gubaman;
utuma isin ilaaltanii
ormi wanta
maasii keessan keessatti biqilu
in nyaata;
biyyi keessan akka waan
ormi qabateetti in barbadaa'a;
[8] Mandarri Xiyoon akka
gordommoo
iddoo dhaabaa waynii jiruu fi
akka godoo iddoo dhaabaa
buqqee dheedhii nyaatamu
jiru,
akka mandara diinni marsees
in taati.
[9] Waaqayyo gooftaan maccaa
hambaa yartuu ishee
utuu nuuf hambisuu dhaabaate,
akka Sodoom in taana,
Gomoraas in fakkaanna turre*.
**7-9 Uma 19:24-25; Rom 9:29; Isa 36:1-2*

Waaqayyoof Utuu Hin Abboomamin Aarsaa Dhi'eessuun Waa'ee Kan Hin Baafne Ta'uu Isaa

[10] Isin warri akka bulchitoota
Sodoom
dubbii Waaqayyoo dhaga'aa!
Isin warri akka saba Gomoraa
gorsa Waaqayyo keenyaa
dhaggeeffadhaa!
[11] Waaqayyo, " 'Baay'inni qalma
aarsaa keessan isa gubamuu
maal anaaf godha?
Ani aarsaa korbeessa hoolaa fi
moora horii coccoomoo
quufeera,
akkasumas immoo dhiiga
tuntunoo,
dhiiga ilmoo hoolaa fi
dhiiga ilmoo reettiitti
ani hin gammadu.
[12] Isin ana duratti yommuu
dhi'aattan,
oobdii koo akka dhidhiittan
eenyutu isin irraa fedha?
[13] Kennaa waa'ee hin baafne
deebitanii hin fidinaa!
Ani aarsaa ixaana keessanii
ciigga'eera,
baatii haaraa, Sanbataa fi
walga'ii kecssan,

jal'inaaf walitti qabamuu
keessanis
ani obsuu hin danda'u.
[14] Ayyaannan baatii haaraa
keessanii fi
ayyaannan keessan
warra beekamoo
ani nan jibbe;
isaan ba'aa anatti ta'aniiru,
ani isaan baachuu dadhabeera*.
**10-14 1Sam 15:22; Isa 43:22-24; Er 6:20; Amo 5:21-23; Hos 6:6; 8:11-13; Mik 6:6-7; Far 40:6*

[15] " 'Yommuu isin
harka keessan gara kootti
bal'iftanii kadhattan,
ani immoo gara keessan hin ilaalu;
harka keessan keessa dhiigni
waan guuteef,
kadhata yoo baay'iftan iyyuu
ani isiniif hin dhaga'u;
[16] dhiqadhaa of qulleessaa,
hojii keessan isa hamaas
ija koo duraa balleessaa,
hamaa gochuu dhiisaa!
[17] Gaarii gochuu baraa!
Firdii qajeelaa dunkaa bu'aa!
Warra nama miidhan ifadhaatii
qajeelchaa!
Ijoollee abbaan irra hin jirreef
faradaa!
Haadha hiyyeessaaf falmaa[1]!
**15-17 58:1-12; Amo 5:24; Mik 6:8; Far 40:7-8; Mat 5:23-24*

[18] " 'Kottaa mee walii wajjin
dhugaa in baafnaa
cubbuun keessan akka dhiigaa
yoo isin diimesse iyyuu,
akka cabbii in addaattu;
diimaa biluus yoo isin
godhe iyyuu,
akka jirbii iddamaa adii in taatu*.
[19] Tole jettanii yoo abboomamtan
wanta gaarii lafichi baasu in
nyaattu;
[20] diddanii yoo ana irratti kaatan
garuu,
billaan isin in nyaata'
jedhee ani Waaqayyo
dubbadheera" jedhe*.
**18 Far 51:7; Isa 43:25-26*
**20 Lak 14:9; His 17:12*

Firdii Yerusaalem Irratti Dhufe

[21] Mandarri isheen amanamtuun
attamitti ejjituu taate?
Dur firdii qajeelaan
ishee keessa guutee ture,
qajeelummaanis ishee keessatti
in argama ture,
amma garuu warra nama
ajjeesantu keessa guute*;
[22] meetiin kee udaan sibiilaa in ta'e,
dhugaatii kees bishaantu
dugda kute*;
[23] gurguddoonni biyyaa kee
gara-didoo dha,
nyaatii warra hattuu tis;
hundumti isaanii gabbarsuu
jaallatu,
kennaa ari'aniidhuma qabu;
ijoollee abbaan irra hin jirreef
hin faradan,
dhimma haadha hiyyeessaas
hin dhaga'aniif*.
**21 His 16:35*
**22 His 22:18-22*
**23 1:17*

[24] Kanaaf Waaqayyo gooftaan
maccaa,
aango-qabeessi Israa'el,
"Egaa ani warra na jibban
of irraa nan kuta,
diinota koo irrattis ijaa nan
ba'a;
[25] ani si irratti harka koo ol nan
fudhadha,
akka nama sibiila qulleessuutti
sin qulleessa,
xurii kee bundumaas si keessaa
nan baasa*.
[26] Ani abboota firdii kee akka
duriitti,
warra gorsituus
akka yeroo jalqabaatti
siif nan deebisa;
kana booddee ati mandara
qajeelummaan keessa
jiruu fi
mandara amanamtuu
in jedhamta" jedhe*.
**25 Far 119:119; Zak 13:8-9; Mil 3:2-3*
**26 Zak 8:3*

[27] Warri isbee keessa jiran gaabbanii

[1] **Isa 1:17 "Warra nama miidhan ifadhaatii qajeelchaa"** yookiis "Warra miidhamaniif dubbadhaa!".

inni gad deebi'aan
isa ulfina-qabeessa irratti in
ka'a.
**4 Lal 10:16*

6 Yeroo sanatti namni tokko
obboleessa isaa
isa mana abbaa isaa keessa jiru
tokko qabee,
"Ati qoloo tokko qabda,
dura-buutuu nuuf ta'i,
isa diigame kana
harka kee jala nuuf galchi!" in
jedha.
7 Gaafas inni immoo,
"Saba kana irratti
dura-buutuu ana hin godhinaa,
buddeenni yookiis qoloon
mana koo keessa hin jiru,
ani isa madaa'e hin fayyisu"
jedhee in kakata.
8 Yerusaalemii fi Yihudaan dubbii
isaaniitii fi
hojii isaaniitiin Waaqayyoon
mormanii
ulfina isaa waan salphisaniif,
Yerusaalem in gatantarti,
Yihudaan immoo in kufti;
9 akka isaan nama wal caalchisan
fuulli isaanii dhugaa isaan
irratti in ba'a;
akka warra Sodoom
cubbuu isaanii
bakkeetti in mul'isu,
hin dhoksanis;
kanaan badiisa waan ofitti
fidaniif isaaniif wayyoo*!
**9 Uma 19:5-9*

10 Namni qajeelaan ija hojii isaatti
gammaduuf waan jiruuf,
gammadi ittiin jedhaa!
11 Namni jal'aan garuu
wanta nama irratti bojjete
hundumaa
argachuuf waan jiruuf,
isaaf wayyoo!
12 Saba koo ijoolleetu gad qabaa jira,
warri hiiqii kennatanis
isaan irratti in mo'u.
Yaa saba koo! Warri si
geggeessan
karaa irraa si kaachisaniiru,
daandii qajeelaa irraas si
gorsiisaniiru*.
**12 9:15; 28:7*

13 Waaqayyo dubbii isaa
falmachuudhaaf in ka'a,
sabatti faraduudhaafis iddoo
isaatti in argama;
14 Waaqayyo jaarsolii saba isaa fi
gurguddoota saba isaa
firdjitti dhi'eessee,
"Isin iddoo dhaabaa waynii
raawwattanii in balleessitan;
inni isin biyyeessota irraa
saamtanis
mana keessan keessa jira*;
15 saba koo caccabsuun keessan,
hiyyeessotas cunqursaa
guddaadhaan
yeellaasisuun keessan kun
maal jechuu keessan?"
jedha Waaqayyo gooftaan
maccaa.
**14 5:1-7*

16 Waaqayyo, "Intaloonni Xiyoon
of gurguddisanii
morma irra-keessa qabatanii,
ijaan nama hawwachaa,
albuus waliin rukutaa in
adeemu*.
17 Kanaaf ani gooftichi
gubbee intaloota Xiyoonitti
qaaqee nan buusa,
qullaattis isaan nan hambisa"
jedha.
**16 1Xim 2:9*

18 Guyyaa sanatti gooftichi
albuu isaanii miillaa isaaniittii
in baasa,
shaashiis adda isaaniittii in
fuudha,
mi'a miidhaginaas isaanittii in
baasa;
19 amartii gurraa fi bitawoo harkaa,
marata mormaas isaanittii in
baasa;
20 marata mataa, irboora,
sabbata, bilqaaxii urgooftuu,
kudhaamas isaan harkaa in
fuudha;
21 amartii mallattoo fi
amartii funyaanii isaanittii in
baasa;
22 uffata cidhaa,
wayyaa isa irra-keessaa, qoloo,
korojoo barkatti baatanis
isaan irraa in fuudha;

23 of-ilaalee, uffata quncee talbaa
irraa hojjetame,
marata mataa, gonboos
isaan irraa in fuudha.

24 Qooda foolii urgaa'uu,
fooliin ajaa'u,
qooda teepba ittiin mudhii
hidbatanii, funyoon,
qooda rifeensa mataa tolfachuu,
haaddacbuun,
qooda uffata gaarii,
uffata gaddaa uffachuun,
qooda miidhagummaa,
godaannisi isaanitti in
dhufa.
25 Dhiironni kee billaadhaan,
loltoonni kees duula keessatti
in dhumu;
26 karrawwan Xiyoon akkuma
namaatti
gaddanii in boo'u,
mandarattiinis akka ishee
qullaatti baftee in taati.

Warri Hafan Abdii Akka Qaban Himuu Isaa

4 1 Yeroo sanatti dubartoonni torba
dhiira tokko qabatanii, "Nuyi bud-
deena ofii qabnu in nyaanna, uffata ofii
qabnus in uffanna, arrabsamuun kee-
nya akka hafutti maqaa keetiin akka
waamamnu duwwaa nuuf godhi!" in
jedhuun.
2 Yommus wanti Waaqayyo lafa
irratti biqilchu miidhagaadhaa fi ulfi-
na-qabeessa in ta'a; iji muka lafa
irratti biqiluus saba Israa'el keessaa
warra hafaniif of jajuudhaaf, ulfinaaf
in ta'a; 3 warri Xiyoon keessatti hafa-
nii Yerusaalem keessa turan, maqaan
isaanii warra Yerusaalem keessa jiraa-
tan keessatti kan caafame hundinuus
qulqulloota in jedhamu*; 4 yommuu
gooftichi intaloota Xiyoon irraa xu-
raa'ummaa dhiqu, bafuura firdii fi
hafuura ibiddaatiin Yerusaalem irraa
dhiiga dhiqee qulleessu*, 5 guutummaa
tulluu Xiyoon irratti, warra achi irratti
walitti qabaman hundumaa irrattis
guyyaa duumessaa fi aara, halkanis ifa
arraba ibiddaa in uuma; ulfinni isaas
guutummaa mandarattii in golbooba,
in eegas*; 6 yeroo aduun gubu, gaaddi-
sa, yeroo bubbeen bubbisuu fi yeroo
bokkaan roobutti immoo iddoo itti
baqatan in ta'aaf*.
**3 6:13; 14:32; Far 69:28; Mil 3:16*
**4 Er 50:20*
**5 Bau 13:21*
**6 25:4*

Sabni Waaqayyoo Iddoo Dhaabaa Wayniitti Fakkeeffamun Isaa

5 1 Ani amma michuu koo isa
jaallatamaadhaaf
waa'ee iddoo dhaabaa waynii
isaatii weedduu nan
weeddisa;
michuun koo gaara coomaa irraa
iddoo dhaabaa waynii tokko
qaba ture*;
2 inni lafa isaa soqee, dhagaa
keessaa funaanee,
sanyii waynii isa gaarii
achi keessa in dhaabe;
riqaas keessatti in tolche;
iddoo ija waynii itti cuunfanis
keessatti in ijaare;
ija waynii isa miyaa'aa
akka godhatus in abdate,
waynichi garuu ija hadhaa'aa
in godhate.
**1 3:14; Er 2:21; Mar 12:1-9*

3 Michuun koos,
"Egaa isin warri Yerusaalem
keessa jiraattan,
isin namoonni Yibudaas,
anaa fi iddoo dhaabaa waynii
koo gidduutti firdii kennaa!
4 Kana caalaa iddoo dhaabaa
waynii koof
maal gochuutu ana irra ture?
'Anoo ija miyaa'aa godhata'
jedheen abdadhe,
waynichi garuu maaliif
ija hadhaa'aa godhate ree?

5 "Amma ani iddoo dhaabaa
waynii koo
maal akkan godhu isinitti nan
hima;
dalasaa isaa irraa nan diiga,
innis iddoo horiin dheeddu
in ta'a,
horiin kotteedhaan akka isa
balleessitutti
kellaa dhagaa isaas nan diiga;
6 maasii gad dhiifame isa nan
godha,

dameen isaa irraa hin
qeexxa'amu,
jalas hin soqamu;
kosorruu fi qoraattiin achi
keessatti in biqilu,
hokkaan akka itti hin roobneefis
duumessa nan abbooma" jedha.
7 Iddoon dhaabaa waynii
Waaqayyo gooftaa maccaa kun
mana Israa'el;
dhaabaan waynii inni itti
gammadus
namoota Yihudaa ti;
inni isaan keessatti firdii qajeelaa
abdatee ture,
kunoo, dhiiga dhangalaasuutu
ta'e;
qajeelummaa isaan irraa ceggatee
ture,
kunoo, wal cunqursanii
wawwaachuutu ta'e.

Warra Yakkanitti Dheekkamuu Isaa

8 Isin warra iddoo tokko illee utuu
hin hambisin,
mana qabdan irratti mana,
maasii qabdan irrattis maasii
dabalattanii,
kophaa keessan lafa fudhattanii
teessaniif wayyoo*!
9 Waaqayyo gooftaan maccaa
akka ani dhaga'utti dubbatee,
"Dhugumaan manneen
baay'een in onu,
warri gurguddoonnii fi
mimmiidhagoonni
duwwaatti in hafu;
10 iddoon dhaabaa waynii meesaan
kudhan
baatihii tokko duwwaa in
godhata;
sanyiin omeeriin tokko
facaafamee
eefaa tokko duwwaa in ta'a"
jedhe.
**8 Lew 25:23-28; Mik 2:2*

11 Warra dhugaatii barbaaduudhaaf
ganameeffatanii ka'aniif,
warra hamma dhugaatiin jabaan
isaan gubutti,
hamma halkaniitti taa'aniif
wayyoo!
12 Isaan nyaataa fi dhugaatiitti
yommuu taa'an,
maseenqoo, kiraara,
dibbee, ulullee,
daadhii wayniis qabu;
gochaa Waaqayyoo garuu hin
ulfeessan,
hojii harkaa isaatiis hin
safeeffatan*;
13 sabni koo kana beekuu waan
dideef in hooji'ama;
namoonni isaa warri
ulfina-qabceyyiin
beelaan in dhumu;
namoota danuus dheebuun in
gogsa;
14 kanaaf iddoon lafa jalaa garaa
isaa in bal'ifata,
afaan isaas baay'ee bal'isee in
bana;
gurguddoonni isaanii fi
namoonni baay'een,
warri gammadanii fi
warri wacan
achitti gad in bu'u.
**12 Amo 6:5-6; Isa 28:1,7*

15 Akkasitti namni hundinuu
gad in qabama,
iji warra of tuultuus
lafa in ilaala;
16 Waaqayyo gooftaan maccaa garuu
firdiitti ol in jedha,
Waaqayyo inni qulqulluun
qajeelummaa isaatiin
qulqulluu ta'uu isaa in
argisiisa*;
17 yommus xobbaallonni hoolaa
akkuma kaloo isaaniitti achi
keessa in dhcedu;
lafa ona warra coccoomoo keessas
ormi in dhecchifata*.
**16 2:11,17*
**17 Mik 3:12*

18 Warra funyoo sobaatiin yakka
harkisaniif
warra hidhaa konkolaataatiin
cubbuu gototaniif wayyoo!
19 Isaan, "Nuyi akka arginutti
mee Waaqayyo haa ariifatu!
Hojii isaas haa ariifachiisu,
nuyi akka beeknuttis
akeeki qulqulluu Israa'el haa
dhi'aatu,
dafees haa dhufu!" in jedhu*.
**19 Er 17:15; Far 14:1; 2Phe 3:4*

20 Warra isa hamaadhaan "Gaarii dha,
isa gaariidhaan immoo hamaa
dha" jedhaniif,
warra dukkana ifa fakkeessanii,
ifa immoo dukkana
fakkeessaniif,
warra wanta dhangaggaa'aa
miyaa'aa fakkeessanii,
wanta miyaa'aa immoo
dhangaggaa'aa
fakkeessaniif wayyoo*!
21 Warra yaada ofii isaaniitti
ogeessota of se'aniif,
warra afchaalota
of se'aniif wayyoo*!
22 Warra daadhii waynii dhuguutti
jaboo ta'aniif,
warra dhugaatii cimaa waliin
makuutti beekamaniif
wayyoo!
23 Isaan gabbarsuu fudhatanii
isa yakkeef in faradu,
isa qajeelaatti immoo
firdii in jal'isu*;
24 kanaafis akkuma arrabni ihiddaa
qarmii guhu,
akkuma ibiddi fura
lafa irraa haxaa'u,
akkasuma hundeen isaanii in
tortora,
daraaraan isaaniis akka
awwaaraatti
ol in ka'a;
isaanoo gorsa Waaqayyo gooftaa
maccaa dhiisaniiru,
dubbii isa kan qulqulluu
Israa'elis tuffataniiru.
**20 5:18,23; Amo 5:7,10; Mik 3:1-3*
**21 Fak 3:7; Rom 12:16*
**23 Bau 23:8*

Diinnl Biyya Akka Qabatu Himuu Isaa

25 Kanaafis dheekkamsi Waaqayyoo
saba isaa irratti in boba'a,
inni harka isaa ol fudhatee
isaan in rukuta;
tulloonnis in socho'u;
reeffi isaanii akka kosii
karaa keessa in tuulamu;
kana hundumaa keessaa inni
dheekkamsa isaa
amma iyyuu isaan irraa hin
deebifne,
harki isaas akka ol
itti fuudhametti jira*;
26 inni saba biyya fagootiif
faajjii ol in fuudha,
daarii lafaatiis siiquudhaan
isaan in waama;
isaanis kunoo, dafanii in dhufu*;
27 isaan keessaa tokko illee
kan dadhabuu fi kan gatantaru,
kan muguu fi kan rafu hin jiru;
teephi mudhii isaanii hin laafu,
hidhaan kophee isaaniis hin citu;
28 xiyyi isaanii qara qaba,
iddaan isaaniis dhifamaa dha;
kotteen fardeen isaanii
akka dhagaa qara qabuu ti,
geengoon konkolaataa isaaniis
akka hubbee in fiiga;
29 akka leencaa fi akka ilmoolee
leencaa,
aadanii isaanitti in gururi'u;
itti gururi'anii qabatanii
fudhatanii in adeemu;
harka isaanii keessaas
kan isaan baasu tokko illee hin
jiru;
30 gaafas akka galaanaa isaanitti in
hunrsu,
namni biyyicha keessa yoo
ilaale,
kunoo, dukkanaa fi rakkina in
arga;
duumessi isaas ifa in haguuga*.
**25 9:20; 10:4*
**26 7:18,20; 10:5-6; Er 5:15*
**30 8:22; Amo 5:20*

Waamamuu Isaayaas

6 1 Bara Uziyaan mootichi du'e,
gooftichi teessoo dheeraa fi ol
ka'aa irra taa'ee andaarri uffata isaas
mana qulqullummaa guutee nan arge*;
2 Suraafel isa gararraadhaan in dhaabatan; tokkon tokkon isaanii qoochoo ja'a
ja'a qabu turan; qoochoo lama lamaan
fuula isaanii, qoochoo lama lamaan
miilla isaanii in golboobbatu, qoochoo
lama lamaan immoo in balali'u turan*;
3 walitti lallabaniis,
"Qulqulluu! Qulqulluu!
Qulqulluu dha Waaqayyo
gooftaan maccaa;
guutummaan lafaas
ulfina isaatiin guutuu dha"
in jedhu turan*.
**1 2Mot 15:7; 2Sen 26:23*
**2 1Mot 22:19; His 1:5-12*
**3 Far 8:1; 19:1; 57:11; Mul 4:8*

4 Sagalee walitti lallabuu isaanii
irraa kan ka'es hundeen biusaa balbalaa in socho'e; aarris manicha qulqullummaa keessa in guute*. 5 Yommus ani, "Wayyoo kaa! Ani nama arrabni isaa xuraa'e, namoota arrabni isaanii xuraa'e gidduus kanan jiraadhu waanan ta'eef, iji koos Waaqayyoon mootii maccaa waan argeef nan bade!" jedhee nan iyye*.
**4 4:5; His 10:4; Mul 15:8*
**5 Bau 33:20; Far 24:3-4*

6 Kana irratti Suraafelli warra achi
dhaabatan keessaa tokko, barbadaa ibiddaa isa qabduudhaan iddoo aarsaatii fuudhe harkatti qabatee gara kootti in balali'e; 7 barbadichas afaan kootti buusee, "Kunoo, kun afaan keetti waan bu'eef, yakki kee si irraa fuudhameera, cubbuun kees siif dhiifameera" naan jedhe*.
**7 Er 1:9*

8 Yommus sagalee Waaqayyoo isa,
"Eenyunan erga? Eenyutus ergaa nuuf dhaqa?" jedhu nan dhaga'e; achumaan ani immoo, "Kunoo, ani jira, ana ergi!" nan jedhe. 9 Kanaaf inni,
"Gara saba kanaa dhaqiitii,
'Dhaga'uu in dhageessa,
garuu hin hubattu;
ilaaluu in ilaalta,
garuu hin argitu!' jedhiin!
10 Itti fufees immoo, akka hin
arginetti,
gurra isaatiin akka bin
dhageenyetti,
yaada garaa isaatiinis akka hin
hubannetti,
gara koottis akka hin deebinetti,
akka hin fayyifamnettis,
yaada garaa saba kanaa
badoodchi,
gurra isaa cuqqaali, ija isaas
dununfachiisi!" jedhe*.
**9-10 29:9-12; His 3:6-7; Mat 13:14-15*

11 Yommus ani, "Yaa gooftaa, kun
hamma yoomiitti?" jedhee nan gaafadhe; inni immoo deebisee,
"Hamma mandaroonni onanii
namni keessa jiraatu dhibutti,
hamma namni keessaa dhibee
manni duwwaa ta'utti,
hamma maasiin duudee badutti,
12 hamma ani Waaqayyo namoota
hundumaa
biyyaa baasee biyya fagootti
ergee
lafti raawwatee onaa ta'utti;
13 biyyicha keessatti nama kudhan
keessaa
namni tokko yoo hafe iyyuu,
innis immoo in balleeffama;
garuu akkuma qilxuu guddaan
yommuu muramu
gufuun isaa lafa keessatti hafu
akkasuma sanyii qulqullaa'aan
biyyicha keessatti in bafa"
jedhe.

Isaayaas Ahaazitti Ergamuu Isaa

7 1 Bara Ahaaz ilmi Yotaam Uziyaa
mootii Yihudaa turetti, Resiin mootiin Sooriyaa fi Pheqaan ilmi Remaaliyaa mootiin Isra'el, Yerusaalemin loluudhaaf itti in duulan; garuu mandarattii qabachuu hin dandeenye*; 2 warri Sooriyaa fi warri Efreem akka walii galan Ahaaz mootiin Yihudaa yommuu dhaga'e, garaan mootichaa fi garaan saba isaatii akkuma muka caakkaa keessaa qilleensi raasutti in raafame.
**1 2Mot 16:5-9*

3 Waaqayyo yommus Isaayaasiin,
"Ilma kee She'aariyaashubii wajjin gara dhuma faaggaa kuufama bisbaanii isa gara olii karaa maasii namicha uffata miicuu Ahaazin simachuudhaaf itti adeemi! 4 Isatti dubbadhuu, 'Calluma jedbi malee, isa Resiinii fi namoonni isaa, ilmi Remaaliyaas dheekkamanii banbanan bin sodaatin! Isaan gufuuwwan aaranii seeqan waan ta'aniif, garaan kee akka hin raafamnetti of eeggadhu!' jedhi*! 5 Warri Sooriyaa fi warri Efreem ilma Remaaliyaa wajjin sitti koratanii, 6 'Kottaa dhaqnee biyya Yihudaa qabannee rakkifnee in hirmaannaa! Ilma Xaabe'elis isa irratti in moosifnaa' in jedhu.
7 Ani Waaqayyo gooftaan garuu,
'Wanti kun hin ta'u,
fiixaanis hin ba'u!
8 Mataan Sooriyaa Damaasqoo
akkuma ta'e,
mataan Damaasqoo immoo
Resiin;
waggoota jaatamii shanan kana
keessatti
Efreem in caccaba,
saba ta'uun isaas in hafa*;

9 mataan Efreem Samaariyaa
akkuma ta'e,
mataan Samaariyaa immoo
ilma Remaaliyaa ti;
yoo amanuu dhaabaattan
jabaattanii dhaabachuu hin
dandeessan' nan jedha"
jedhe*.
**4 30:15*
**8 2Mot 17:6*
**9 2Sen 20:20*

Waa'ee Amaanu'el Raajii Dubbachuu Isaa

10 Ammas Waaqayyo Ahaazitti in
dubbate; 11 inni, "Baay'ee gad fagoo yookiis baay'ee ol fagoo iyyuu yoo ta'e, ana Waaqayyo gooftaa kee biraa milikkita kadhadhu!" jedhe*. 12 Ahaaz immoo deebisee, "Ani hin gaafadhu, Waaqayyoonis hin qoru" jedhe.
**11 2Mot 20:8-11; Abo 6:17,36-40; 1Mot 13:3-5; Er 44:29-30; Mat 12:38*

13 Yommus Isaayaas, "Yaa sanyii
Daawit, mee dhaga'aa! Iuni isin nama dadhabsiiftan isinitti xinnaannaan Waaqayyo koos immoo dadhabsiiftuu ree? 14 Kanaafis Waaqayyo ofii isaatii milikkita isiniif in kenna; kunoo, durbi in ulfoofti, ilmas in deessi, maqaa isaas 'Amaanu'el' jettee in moggaafti; ['Amaanu'el' jechuunis 'Waaqayyo nuu wajjin jira' jechuu dha*]. 15 Inni isa hamaa jibbuu, isa gaariis fo'achuu hamma barutti itittuudhaa fi damma in nyaata; 16 yaa Abaaz, mucichi hamaa jibbuu, gaariis fo'achuu utuu hin barin, biyyattiin mootonni isbee lamaan si sodaachisan sun in onti*; 17 mootii Asor sitti kaasuudhaan, Waaqayyo, erga Efreem Yihudaatii gargar cabdee jalqabee wanta ta'ee bin beekne si irratti, saba kee irratti, mana abbaa kee irrattis in fida" jedhe*.
**14 Mat 1:23*
**16 8:4*
**17 8:7-8; 36:1*

18 Waaqayyo yommus titiisa qar-
qara laga Gibxii fi kanniisa biyya Asor siiquudhaan si irratti in waama*; 19 hundumti isaaniis dhufanii dachaa lafaa keessa, holqa dhagaa keessa, buuxxii qoraattii bundumaa keessa, iddoo horiin bishaan dhugdu hundumaa keessas in qubatu; 20 yommus gooftichi qarabaa isa laga Efraaxiis gamaa mootii Asor irraa dugda bitateen rifeensa mataa, rifeensa garaa, areedas in haada*.
**18 6:26*
**20 2Mot 15:29*

21 Bara sana namni tokko goromsa
tokkoo fi bushaayee lama in qabaata; 22 isaan aannan baay'ee waan qabaniif, namichi itittuu in nyaata; warri biyyatti hafan hundinuus itittuu fi damma in nyaatu. 23 Yommus iddoo mukkeetiin waynii kumatti lakkaa'aman, gatiin isaaniis meetii kumatti lakkaa'amu turan qoraattii fi kosorruun in dhaala; 24 biyyichi qoraattiidhaa fi kosorruudhaan waan guutuuf, namni achi adeemu xiyyaa fi iddaa qabatee dhaquutu irra jira; 25 gaarota warra dur gasoodhaan soqamaa turan hundumaa qoraattii isaaniitil fi kosorruu isaaniitiif namni keessa ba'uu waan bin dandeenyeef, lafa saawwanii fi hoolota itti yaasanii dhidhiichisan in ta'u.

Firdiidhaaf Milikkinni Kennamuu Isaa

8 1 Yommus Waaqayyo, "Gabatee
guddaa tokko fuudhii isa irratti caaffata beekamaadhaan, 'Dafii booji'i! Ariifadhuu saami!' jedhii caafi!" jedhee anatti in dubbate*. 2 Ani immoo dhugaabaatota amanamoota lama, Uriiyaa lubichaa fi Zakariyaas ilma Yebarekiyaa nan waammadhe*; 3 kana booddees raajittii bira nan ga'e; isheen immoo ulfooftee ilma in deesse; ammas Waaqayyo, "Maqaa mucichaa, 'Dafii booji'i! Ariifadhuu saami!' jedhii moggaasi!" jedhee anatti in dubbate. 4 Mucichi, "Abbayye! Harme!" jechuu utuu hin barin, badhaadhummaan Damaasqoo fi boojuun Samaariyaa fuudhamee gara mootii Asoritti in geeffama*.
**1 30:8; Anb 2:2*
**2 Kes 19:15*
**4 7:16; 2Mot 16:9; 17:3-6*

5 Ergasiis Waaqayyo anatti in
dubbate;
6 inni, "Sabni kun bishaan Silo'aam
isa qalbiidhaan yaa'u tuffatee,
Resiinii fi ilma Remaaliyaa
warra isa sodaachisanitti
waan gammadeef,
7 kanaaf kunoo, gooftichi,

mootii Asorii fi ulfina isaa
hundumaa
warra bishaan laga Efraaxiis
isa humna-qabeessaa fi
isa baay'eetti fakkeeffaman
isaan irra in yaasa;
isaan akka bishaan guutee
manii isaa irra danbali'ee
qarqara isaa irra dhangala'uu ti;
8 isaan akka bishaaniitti
Yihudaa irra dhangala'anii
hamma morma ga'uttis
guutanii isa in haru;
kara-karaas cabsatanii
guutummaa biyya kee kessa
in yaa'u
yaa Amaanu'el!" jedhe*.
8 7:14

9 Isin yaa saba lafa irraa,
iyya waraanaa dhageessisaa!
Garuu in caccabdu,
isin warri biyya fagoo
jirtan hundinuus,
mee dhaggeeffadhaa!
Lolaaf hidhadhaa qophaa'aa!
Hidhadhaa qophaa'aa,
garuu in caccabdu*!
10 Waaqayyo nuu wajjin waan jiruuf,
akeeki isin qopheeffattan
fiixaan isiniif hin ba'u;
dubbiin isin dubbattanis
isiniif hin raawwatamu*.
9 Zak 14:2
10 Far 33:10

11 Waaqayyo harka isaa isa jabaadhaan na qabee anatti dubbatee, karaa sabni kun irra adeemu irra akkan hin adeemne na gorsee,
12 "Wanta sabni kun 'Hamaa
korachuu dha'
jedhu hundumaa,
atis, 'Hamaa korachuu dha'
hin jedhin!
Wanta inni sodaatu hin sodaatin!
Wanti isa naasisus si hin
naasisin!
13 Ani Waaqayyo gooftaan maccaa
duwwaan
qulqulluu akkan ta'e becki!
Ana duwwaa sodaadhu!
Ana malees homtuu si hin
naasisin*!
14 Warra akkasiif ani
mana qulqullummaa nan ta'a;
mootummaa Efreemii fi
mootummaa Yihudaatti garuu,
dhagaa nama gufachiisuu fi
kattaa nama kuffisu nan ta'a;
warra Yerusaalem keessa
jiraatanittis
kiyyoo fi futtaasaa nan ta'a;
15 isaan keessaas baay'een isaanii
futtaasaa sanaan in gufanu,
innis qabee isaan in cabsa"
naan jedhe*.
13 Mat 10:28
14-15 28:13,16; Rom 9:33; 1Phe 2:6-8

16 Ani dubbii dhugaa kana walitti
nan qaba,
fuula bartoota koo durattis
abboommii kanatti mallattoo
nan godha*;
17 Waaqayyoon isa
fuula isaa mana Yaaqoob duraa
dhokse nan abdadha,
isas nan eeggadha.
16 Dan 12:4

18 Kunoo, anii fi ijoolleen koo warri Waaqayyo anaaf kenne Israa'el keessatti milikkitaa fi dinqii Waaqayyo gooftaa maccaa isa nilluu Xiyoon irra jiraatuu in taana*.
18 7:3; 20:1-3; Ibr 2:13

19 Yommuu isaan, "Warra ekeraa dubbisan, warra qaalluu, warra hasaasanii fi warra guunguman gaafadhaa!" isiniin jedhan, isin immoo, "Sabni maaliif Waaqayyoon gaafachuu dhiisee waa'ee warra jiranii warra du'an gaafata?" jedhaa*! 20 Warra akka abboommii kanaa fi akka dhugaa kanaatti hin dubbanneef lafti hin hari'u; 21 yommus isaan rakkatanii, beela'aniis biyya keessa asii fi achi in jooru; beela irraa kan ka'es aaranii finiinanii ol ilaalanii mootii isaanii fi Waaqayyo isaanii in abaaru. 22 Gara lafaas yommuu ilaalan, kunoo, dimmisa, dhiphinaa fi dukkana nama sodaachisu in argu; isa keessattis in darbatamu*.
19 2Mot 1:2; Lew 19:31
22 5:30

Angafni Nagaa Akka Dhalatu Raajii Dubbachuu Isaa

9 1 Warri dhiphina keessa turan si'achi dukkana keessa hin jiraatan; inni bara durii biyya Zaabiloonii fi biyya Niftaalem gad deebise, bara dhufutti immoo biyya Yordaanos gamsa fi Galiilaa isa kan saba warra kaaniif ulfina in kenna.

2 Sabni dukkana keessa jiraatu
ifa guddaa isaa in arga,
warra gaadidduu du'aa jala
jiraataniifis
ifni in ba'a*;
3 ati saba baay'iftee
gammachuu isaaniis guddifteetta,
isaan akka nama midhaan
makaruutti,
si duratti in gammadu;
akka warra boojuu hirmatuuttis
sagalee gammachuu in
dhageessisu.
4 Bara warra Miidiyaanitti akkuma
goote,
ammas waanjoo ulfaataa dhaa
fi loloosoo isaa
gatiittii isaanii irraa in caccabsita,
ulee warra isaan cunqursaniis
in hurreessita*;
5 kopheen warri loltuu yeroo
lolaatti
ittiin lafa dhidhiitan hundinuu,
qoloon dhiiga keessa gangalfame
hundinuus
ibiddaaf in ta'a;
ibiddis isaan in fixa.
6 Mucaan nuuf dhalateera,
ilmis nuuf kennameera;
humni mootummaa isaa gatiittii
isaa irra jira;
maqaan isaa, "Gorsaa,
dinqii, Waaqayyo-jabaa,
abbaa bara haraa, angafa
nagaa" in jedhama*.
7 Guddinni mootummaa isaatii fi
guddinni nagaa isaatii
dhuma hin qabu;
inni teessoo Daawitii fi
mootummaa isaa irratti in
mo'a,
isa in ijaaras;
firdiidhaa fi qajeelummaadhaan
ammaa hamma hara baraatti
isa in eega,
hinaaffaan Waaqayyo gooftaa
maccaa
kana in godha*.
2 60:1-2; Mat 4:15-16; Luq 1:79
4 Abo 7:14-15; Isa 10:26-27; 14:25; Far 81:6
6 11:1-5; 22:22; Mik 4:3
7 2Sam 7:12-16; Luq 1:32-33

Waaqayyo Saha Israa'elitti Dheekkamuu Isaa

8 Dubbiin firdii inni Waaqayyo
Yaaqoobitti erge,
Israa'el irra in bu'e;
9 namoonni Efreemii fi
warri mandara Samaariyaa
keessa jiraatan,
of bokoksuudhaaf of
gurguddisuudhaan
akka dubbatan
sabni hundinuu in beeka;
10 namoonni Efreemii fi
Samaariyaa kun,
"Xuuphiin inni ijaarame in jige,
nuyi immoo iddoo isaatti dhagaa
soofamaadhaan in ijaarra;
harbuun in murame,
nuyi immoo iddoo isaa
muka gaattiraa in dhaabna" in
jedhu.
11 Waaqayyo garuu diinota Resiin
isaan irratti in kaase,
diinota isaaniis isaanitti in tuqe;
12 warri Sooriyaa karaa ba'a-biiftuu,
warri Filiisxiyaa immoo
karaa lixa-biiftuu
dhufanii isaan liqimsuudhaaf
afaan bananiiru;
kana hundumaa irratti iyyuu
inni dheekkamsa isaa
isaan irraa hin deebifne;
harki isaas amma iyyuu isaan
irratti
ol fuudhamee jira*.
12 Amo 1:3

13 Jarri garuu gara isa isaan rukutee,
gara Waaqayyo gooftaa
maccaatti hin deebine,
isas hin barbaaddanne;
14 kanaafis warra mataadhaa fi
eegeetti,
damee muka meexxii fi
dhalaadduutti fakkeeffaman
Waaqayyo guyyaa tokkotti
biyya Israa'el keessaa in
balleessa;
15 mataan, jaarsolii fi warra ulfina
qabanii dha,
eegeen immoo raajota warra
soba nama barsiisanii dha*.
16 Warri saba kana geggeessan
karaa irraa isa in kaachisan,
warri isaaniin geggeeffamanis
in badan*.

17 Kanaaf goofticbi
dargaggoota isaaniitti hin gammadu,
ijoollota abbaadhaa fi baadha hin qabneef,
haadha hiyyeessotaatiifis hin oo'u;
isaan hundumti isaanii
warra Waaqayyo malee jiraatanii fi
warra hamoota;
wanti isaan dubbatan hundinuus hamaa dha;
sababii kana hundumaaf
dheekkamsi isaa isaan irraa hin deebine;
barki isaas amma iyyuu isaan irratti
ol fuudhamee jira.
**14-15 10:33*
**16 3:12; 28:7*

18 Jal'inni akka ibiddaa in guba,
qoraattii fi kosorruu xaph in godha,
caakkaa gobbuus in qabata;
aarri isaas akka utubaatti
gara waaqaatti ol in ba'a.
19 Dheekkamsi Waaqayyo gooftaa maccaa
lafa in guba;
jarris ibiddicbaa fi nyaata in ta'u;
isaan keessaa namni tokko illee
obboleessa isaatiif hin hilu;
20 harka mirgaatiin in muratu,
garuu beela hin ba'an;
harka bitaatiinis in nyaatu,
garuu hin quufan;
tokkon tokkon isaanii
foon aantii isaanii in nyaatu*.
21 Namoonni Minaasee namoota Efreem irratti,
namoonni Efreemis
namoota Minaasee irratti in ka'u;
lachanuus walii wajjin
Yihudaa irratti in ka'u;
kana hundumaa booddee iyyuu
dheekkamsi Waaqayyoo isaan irraa hin deebine;
harki isaas amma iyyuu isaan irratti
ol fuudhamee jira.
**19-20 Mik 3:2-3; Hos 7:3-7*

Warra Nama Miidhaniif Wayyoo!

10 1 Warra seera nama miidhu dhaabaniif,
warra abboommii jal'aa baasaniif wayyoo!
2 Isaan dhugaa hiyyeessotaa balleessuudhaaf,
saba koo keessaa warra gadadamoota
firdii qajeelaa dhowwachuudhaaf,
ijoollota abbaan irra hin jirre saamuudhaaf,
haadha biyyeessotaa
harka jala in galfatu.
3 Guyyaa firdiitti badiisi fagoodhaa
yommuu isinitti dhufu maal goota?
Gargaarsaaf gara eenyutti baqattu?
Badhaadhummaa keessanis eessa dhokfattu?
4 Lafa warra bidhamaniitti gad gugguufuu,
yookiis warra ajjeefaman jalatti kukkufuu malee, homtuu bin hafne;
kana hundumaa irratti iyyuu
dheekkamsi Waaqayyoo hin deebine;
harki isaas amma iyyuu
ol fuudhamee jira*.
**1-4 1:17; 5:8-23; Far 9:12*

Asor Ulee Adabaa Ta'uu Isaa

5 Mootii Asor isa ulcen dheekkamsaa koo fi
bokkuun aarii koo
isa harka jiruuf wayyoo!
6 Ani saba Waaqayyoon hin sodaannetti
isa nan erga;
saba ani aarii irraa qabuttis
isa nan ajaja;
inni isaan in saama, in booji'as;
akka dhoqqee karaa keessa jiruus
miillaan lafatti isaan in dbidhiita*.
**5-6 10:24-25*

7 Inni garuu isa kana akeekuuf
garaa isaa keessatti yaaduu dhiisee,
saba baay'ee raawwatee
balleessuudhaaf ka'e.

8 Inni, "Angafoonni duulaa koo hundinuu
mootota mitii ree?
9 Mandarri Kaalnoo
akkuma mandara Karkemiishitti,
mandarri Haamaat
akkuma mandara Arphaaditti,
mandarri Samaariyaas akkuma
mandara Damaasqootti
in qabaman mitii ree?
10 Ani mootummoota warra waaqayyoliin tolfamoon
keessa guutan,
warra bifni fakkeenya isaanii
kan Yerusaalemii fi
kan Samaariyaa irra caalu
akkuman qabadhe,
11 Samaariyaa fi waaqayyolii tolfamoo ishee akkuman
godhe,
Yerusaalemii fi waaqayyolii tolfamoo ishee
akkasuma hin godhuu ree?" in jedha*.
**9-11 36:18-20; 2Mot 18:33-35*

12 Gooftichi tulluu Xiyoonii fi Yerusaalem irratti,
bojii isaa hojjetee yommuu raawwam,
"Mootiin Asor of bokoksee
ol of qabuu isaatiif,
ani isa nan adaba" in jedha.
13 Mootiin Asor,
"Ani hubataa waanan ta'eef,
ogummaadhaan irree koo isa jabaadhaanis,
kana nan godhe;
daarii sabaa iddoo isaatii buqqisee,
badhaadhummaa isaaniis saamee,
warra teessoo irra taa'anis
aangoo kootiin
gad nan buuse.
14 Akka nama harka isaa
mann'ee simbirroo keessa kaa'ee,
hanqaaquu haati irraa kaate funaannatuutti,
akkasuma ani badhaadhummaa
sabaatti hiixadhee,
biyya hundumaatii walitti nan qabadha;
isaan keessaa tokko illee
hammuma simbirroon
baallee ishee socbooftu,
yookiis afaan ishee bantee iyyitu,
kan sokokse hin turre" in jedha*.
**12-14 2:11,17; His 28:2-5*

15 Qottoon namicha
isumaan muka muru irratti in ka'aa ree?
Magaaziinis namicha
isumaan muka baqaqsu irratti
of in jajaa ree?
Kun utuu in ta'a ta'ee,
akka waan uleen
namicba isa qabatu sana mirmirsuu ti;
yookiis akka waan dhaabanni
ani muka miti jedhuu ti*.
16 Kanaafis Waaqayyo gooftaan maccaa,
loltnu warra Asor
warra coccoomoo gidduutti,
dhukkuba golgoleessu in erga;
ulfina isaa isa guddaa jalaanis,
ifa akka arraba ibiddaa in qabsiisa*.
17 Waaqayyo ifni Israa'el ibidda,
Waaqayyo inni qulqulluun
kan Israa'el,
arraba ibiddaa in ta'a;
inni Asor keessaa
warra akka qoraattii fi kosorruu
guyyaa tokkotti gubee in fixa*.
18 Akkuma dhukkubni
nama dhukkubsataa yeelalchee ajjeesu,
caakkaa isaa isa
ulfina-qabeessaa fi
maasii isaa isa coomaa
ibiddichi gubee in balleessa;
19 mukti caakkaa isaa keessatti bafu,
baay'ee muraasa waan ta'eef,
mucaan iyyuu lakkaa'ee
fixuu in danda'a*.
**15 10:5*
**16 1:24; 37:36*
**17 1:4*
**18-19 10:33-34*

Israa'el Keessatti Hambaan In Hafa

20 Yeroo sanatti warri Israa'el
keessaa hafan,
warri mana Yaaqoob keessaa oolanis
dhugumaan Waaqayyo qulqulluu

isa kan Israa'elitti
birkatu malee,
deebi'anii isa isaan rukutetti
hin hirkatan*;
21 warri hafan, warri qomoo
Yaaqoob
keessaa hambaa ta'an,
gara Waaqayyo isa
aango-qabeessaatti in
deebi'u*.
22 Yaa Israa'el!
Sanyiin kee akka cirracha
qarqara galaanaa
yoo baay'atan iyyuu,
isaan keessaa warra hafan
duwwaatu deebi'a;
egaa badiisi qajeelummaadhaan
murtoo ta'e sun
irra in dhangala'a*.
23 Waaqayyo gooftaan maccaa,
badiisa isa dur murtoo
ta'ee ture sana,
lafa hundumaa irratti in fida.
*20 Hos 5:13
*21 4:3-4; Kes 4:29-31
*22 Uma 22:17; Isa 37:32; Kes 4:27; Rom 9:27

24 Kanaafis Waaqayyo gooftaan
maccaa,
"Yaa saba ko, isin warri
Xiyoon keessa jiraattan,
akkuma dur Gibxi
isin reebaa turte,
warra Asor warra uleedhaan
isin reebanii,
bokkuu isinitti ol fudhatan hin
sodaatinaa*!
25 Inni ani isinitti aaree ture,
yeroo muraasa booddee in
dhaabata;
dheekkamsi koos isaan
balleessuudhaaf
isaanitti gara in gala;
26 Waaqayyo gooftaan maccaa
kattaa Horeeb biratti,
warra Miidiyaan akkuma
rukute,
akkasuma sottoodhaan isaan in
reeba;
Gibxitti akkuma godhe
ulee isaa galaana irratti ol in
fudhata*.
27 Yeroo sanatti ba'aan isaa
gatiittii keessan irraa in bu'a,
waanjoon isaas morma keessan
irraa in caba;
furdina keessan irraa kan ka'es
waanjoo isaa of irraa in
cabsitu" in jedha*.
*24 Bau 5:14
*26 Abo 7:25; Bau 14:16,26; Far 83:9
*27 14:25; Er 30:8

28 Gara mandara Aayi in dhufu,
Miigroon keessa in darbu,
mi'a isaaniis Miikmaash
keessa in tuulu;
29 karaa irra darbaniis Gebaa ga'anii
achi in bulu,
warri mandara Raamaa
na'anii in hollatu,
warri Giibe'aa mandara
Saa'olis in baqatu.
30 Yaa intaloota Galiim, iyyaa!
Yaa warra Laa'iish,
dhaggeeffadhaa!
Yaa warra Anaatot, jalaa
qabaa*!
31 Warri Madmaanaa in baqatu,
warri Gebiimis baqatanii in
godaanu;
32 isaan hamma har'aatti iyyuu
mandara Nob keessa jiru,
tulluu intaloota Xiyoonitti,
gaara Yerusaalemittis in
hiixatu.
*30 1Sam 25:44

33 Kunoo, Waaqayyo gooftaan
maccaa,
damoota isaanii humnaan
irraa in cabsa;
warri dhedheeronni in muramu,
warri ol jedhoonis
gad in qabamu;
34 inni caakkaa gobbuu sana,
qottoodhaan in cira;
Liibaanonis harka isa
aango-qabeessaa
keessa in buuti*.
*33-34 2:11-13

Mootiin Nagaa Akka Dhufu Duhbachuu Isaa

11 1 Hidda Iseyi keessaa latiin in
ba'a,
dameenis hundee isaa keessaa
ba'ee
ija in godhata*;
2 hafuurri Waaqayyoo isa irra in
buufata,
innis hafuura ogummaatii fi
hafuura hubannaa ti,
hafuura gorsaatii fi hafuura
humnaa ti,
hafuura beekumsaatii fi
hafuura sodaa Waaqayyoo ti*.
3 Inni Waaqayyoon sodaachuutti in
gammada,
faraduudhaaf ijaan arguu,
murtoo kennuudhaafis nama irraa
dhaga'uu
isa hin barbaachisu;
4 warra dhabaniif
qajeelummaadhaan in
farada,
gadadamoota lafa irraatiif
murtoo qajeelaa in kenna;
dubbii afaan isaa keessaa
isa akka uleetiinis
biyya lafaa in rukuta,
bafuura afaan isaa keessaa
ba'uunis
warra jal'oota in ajjeesa*;
5 qajeelummaan akka teepha
mudhii isaatii ti,
amanamummaanis akka sabbata
inni ittiin hidhatuu ti*.
*1 1Sam 16:1; Er 23:5; Mul 22:16
*2 42:1; 61:1; 1Sam 16:13; 2Sam 23:2; Yoh 1:32-34
*4 2Tas 2:8
*5 Efe 6:14

6 Yommus yeeyyiin ilmoolee
hoolaa
gidduu in jiraata,
qeerransis ilmoolee reettii
gidduu in ciisa,
jabbiinii fi leenci saafelli
walii wajjin in bobba'u,
mucaan xinnoonis isaan in
tiksa*;
7 saawwii fi amaaketi
walii wajjin in sooratu,
jabboonnii fi ilmooleen
amaaketaa
wal bira in ciciisu,
leencis akka qotiyyoo
cidii in nyaata;
8 mucaan harma hodhu
boolla mar'ataa bira in taphata,
inni harma gu'es
harka isaa mann'ee buutii
keessa in kaa'a.
9 Tulluu koo isa qulqullaa'aa
irrattis
nama kan miidhu,
yookiis waa kan balleessu hin
jiru;
akkuma galaanni bishaaniin
guutu,
lafti beekumsa Waaqayyootiin
in guuta*.
*6 65:25; Hos 2:20; His 34:25
*9 60:18; Anb 2:14

10 Yommus hiddi Iseyi akka faajjiitti sabaaf in dhaabata; sabni lafa irraa isa in barbaaddata, iddoon inni boqotus ulfina-qabeessa in ta'a*; 11 yeroo sanatti goofticbi si'a lammaffaa barka isaa diriirsee saba isaa warra biyya Asoritti, biyya Gibxiitti, biyya Faaxrositti, biyya Kuusbitti, biyya Elaamitti, biyya Shiinaaritti, biyya Haamaatitti, biyya daarii galaanaattis hafan in fura.
*10 Rom 15:12

12 Inni saba lafa irraaf faajjii ol in
kaasa,
warra Israa'el keessaa
ari'atamanii ba'anis
walitti in qaba;
warra Yihudaa keessaa
faffaca'aniis
golee lafaa arfanuutii
walitti in sassaaba*.
13 Yommus binaaffaan Efreem in
bada,
diinonni Yihudaas in dhumu,
Efreem Yihudaatti bin binaafu,
Yihudaanis Efreemin hin
rakkisu.
14 Isaan walii wajjin
gara lixa-biiftuutti in fiigu,
gatiittii Filiisxiyaa irrattis
lafa in dha'u;
warra gara ba'a-biiftuu jiranis
walii wajjin in saamu;
Edoomii fi Mo'aabin
harkatti in galfatu,
warri Amoonis isaaniif in
abboomamu.
15 Waaqayyo arraba galaana Gibxii
raawwatee in gogsa,
barka isaas Efraaxiis irratti
ol kaasee,
qilleensaan isa rukutee
iddoo torbatti gargar in hira;
namnis kopheedhaan keessa
adeemee
akka ce'u in godha*;
16 akkuma yommuu Israa'el
biyya Gibxii ba'e
karaan tolfameef,

akkasuma saba isaa warra
Asoritti hafaniifis
karaa guddaan in tolfama*.
12 49:22
15 Bau 14:21-22; Isa 8:7
16 35:8-10; 40:3-4; Bau 14:29

Faarfannaa Galataa

12 1 Yaa saba nana, yeroo sanatti
ati,
"Yaa Waaqayyo, ati anatti
dheekkamtee turte,
amma garuu dheekkamsa kee ana
irraa deebiftec
waan na jajjabeessituuf sin
jajadha.
2 Kunoo, Waaqayyo fayyisaa koo ti,
ani isa nan amanadha,
homaas hin sodaadhu;
Waaqayyo gooftaan humna koo
isa ani faarfadhuu dha,
inni fayyisaa koo anaaf
ta'eera" in jetta*.
3 Isin gammachuudhaan burqaa
fayyinaa keessaa,
bishaan in waraabbattu*.
2 Bau 15:2
3 Far 36:8-9; Zak 13:1

4 Yeroo sanatti isin,
"Waaqayyoon galateeffadhaa,
maqaa isaas waammadhaa!
Gocha isaa saba hundumaa
keessatti beeksisaa,
maqaan isaa akka ol ka'es
himaa*!
5 Inni wanta guddaa waan hojjetcef,
Waaqayyoon faarfadhaa!
Wanti inni godhes
guutummaa biyya lafaa irratti
haa beekamu!
6 Yaa Xiyoon! Sagalee
guddaadhaan faarfadhuu,
gammadis!
Waaqayyo inni qulqulluun
kan Israa'el,
inni guddaan saba isaa gidduu
in jiraata" in jettu*.
4 1Sen 16:8; Far 105:1
6 14:32; Far 76:2

Waa'ee Badiisa Baabilon Mul'ata Argun Isaa

13 1 Wanti Isaayaas ilmi Amoz
waa'ee Baabiloniif arge kanatti
fufee jira.
2 Tulluu duwwaa irratti faajjii ol
fuudhaa!
Sagalee guddaadhaan loltoota
waamaa!
Karra kellaa warra gurguddootaa
keessa akka lixaniif,
harkaan isaan argisiisaa!
3 Ani Waaqayyo ofuma kootii
warran addaan isaan baafadhe
abboomeera,
akkasuma immoo gootota koo
warra ulfina kootti gammadan
waameera;
isaanis dheekkamsa koo
jara irratti in raawwanu*.
3 5:26

4 Sagaleen namoota baay'ee,
wacuun mootota lafa irraas
tulluu irraa in dhaga'ama;
Waaqayyo gooftaan maccaa
waraanaaf loltuu isaa
walitti qabachaa jira;
5 isaan biyya fagoodhaa fi
daarii lafaatii in dhufu;
yommus Waaqayyo mi'a aarii
isaatiin
lafa hundumaa in balleessa.

6 Guyyaan Waaqayyoo dhi'aateera,
innis isa hundumaa danda'u
biraa
badiisa waan fiduuf
wawwaadhaa*!
7 Yommus harki hundinuu in
dadhaba,
garaan nama hundumaas
akka gagaa in baqa;
8 isaan in sodaatu,
gaddii fi dhiphinni isaan in
qabata;
akka dubartii ciniinsifattuu in
miixatu,
wal ilaalaniis in rifatu,
fuulli isaaniis akka barbadaa
ibiddaa in diimata.
6 Yoe 1:15

9 Kunoo, guyyaan Waaqayyoo inni
bamaan,
lafa onsuuf,
warra cubbamootas isa irraa
balleessuuf,
dheekkamsaa fi aarii
boba'aadhaan in dhufa.
10 Yommus urjoonni waaqaa fi
urjoonni "Sadee" jedhaman
ifa isaanii hin kennan;
aduun ba'aa jirtus in
dukkannoofti,
jiinis ifa ishee hin kennitu*.
11 Waaqayyo gooftaan,
"Biyya lafaa, bammina isaatiif,
jal'ootas yakka isaaniitiif nan
adaba;
of jajuu warra of gurguddisanii
irraa nan fixa,
ol ka'uu warra hamootaas
gad nan qaba*.
12 Namni warqee qullaa'aa irra
akka muraasatu,
sanyiin namaas warqee Ofiir
irra
akka yaratu nan godha;
13 kanaaf ani Waaqayyo gooftaan
maccaa
guyyaa dheekkamsa kootti,
guyyaa aarii koo isa boba'aatti,
bantiiwwan waaqaa nan
rom'isiisa,
laftis iddoo isaatii
akka socho'u nan godha.
10 His 32:7-8; Yoe 2:10; Amo 5:8; Mat 24:29
11 Uma 6:5-7; Isa 10:12-14

14 "Akka kuruphee namni ari'uu fi
akka hoolota nama walitti
sassaabu hin qabnee,
akkasuma namni hundinuu
kara-karaa
gara saba isaatti in deebi'a,
gara biyya isaattis in baqata*;
15 kan booji'amu hundinuu in
waraanama,
kan qabamu hundinuus
billaadhaan in dhuma;
16 daa'imoonni isaanii ija isaanii
duratti
gargar in ciramu,
manneen isaanii in saamamu,
dubartoota isaaniittis
namni in roorrisa*.
14 Er 50:16
16 Far 137:8-9

17 "Kunoo, ani warra Medoon
warra meetii tuffatanii fi
warra warqee hin jaallanne
isaanitti nan kaasa*;
18 iddaan isaanii dargaggoota in cira,
daa'imootaaf hin oo'u,
ijoollotaafis hin bilu.
19 Baabilon isheen mootummoota
bundumaa irra miidhagdu,
isheen ulfinaa fi
of jajuu saba ishee
warra Kaldootaa taate,
akkuma Sodoomii fi Gomoraa,
warra ani Waaqayyo
barbadeesse in taati*.
20 Bara baraan namni
ishee keessa hin jiraatu,
dhalootaa hamma dhalootaattis
ishee keessa hin taa'u;
namni biyya Arabaa achi keessa
godoo hin dhaabbatu,
tiksoonnis hoolota isaanii
achi keessa hin deechifatan.
21 Bineensonni achi keessa in ciisu,
manneen isaanii keessas
burungoonni in guutu;
guchiin achi keessa in jiraatti,
korbeeyyiin reettiis
achi keessa in burraaqu;
22 manneen warra jajjaboo keessatti
waraabessoonni in yuusu,
mana isaan itti gammadan
keessattis
waangonni in iyyu,
yeroon Baabilon jala ga'eera,
guyyaan ishees dhi'aateera" in
jedha*.
17 21:2; Er 51:11
19 Uma 19:24-25
21-22 34:12-13; Er 50:39-40; Sef 2:14

Israa'eloonni Weedduu Mo'ichaa Weeddisuu Isaanii
(Isa 13)

14 1 Waaqayyo sanyii Yaaqoobiif
in oo'a,
ammas Israa'eloota fo'ee
biyya isaanii keessa in teessisa;
sabni ormaa isaanitti in dabalama,
sanyii Yaaqoobittis in hirkata*;
2 sabni lafa irraa Israa'eloota
fuudhee
gara iddoo isaanii duriitti isaan
in geessa;
isaan biyya Waaqayyoo keessatti
saba sana garbichaa fi
garbittii in godhatu;
Israa'eloonni warra dur
isaan qabatan,
amma immoo deebisanii in
qabatu,
warra dur isaan cunqursan,

amma immoo darabee isaanii
in mo'u*.
**1 Zak 8:20-23*
**2 49:22-26; 61:5*

3 Ati yaa Israa'el, yommuu Waaqayyo gadda kee, dhiphina kee fi
garbummaa ati keessa turte keessaa si
baasee boqonnaa siif kennu, 4 mootii
Baabilon irratti weedduu mo'ichaa,
"Inni nama cunqursaa ture
attamitti dhuma argate!
Dheekkamsi isaas attamitti
dhaabate!
5 Waaqayyo ulee nama jal'aa in
hunkuteesse,
ulee mootummaa warra nama
mo'aniis in hurreesse;
6 inni dheekkamsa isaa irraa kan
ka'e,
utuu gargar hin kutin,
saba lafa irraa in rukute;
aariidhaan isaan in mo'e,
oo'a malees isaan in ari'e.
7 Amma biyyi lafaa guutummaatti
boqonnaa fi gabii in argatte,
gammachuudhaanis in ililchite;
8 Gaattiraa fi birbirsi Liibaanon
sitti ga'isanii,
'Erga ati gad qabamtee,
namni nu muruudhaaf dhufu
hin jiru' in jedhu*.
**8 37:24-25; Anb 2:17*

9 "Yommuu ati iddoo lafa jalaatti
gad buutu,
innis gad fagoodhaa socho'ee
si simata;
ekeraanis nagaa si
gaafachuudhaaf in ka'u,
warri dur lafa irratti
geggeessitoota turan
hundinuu,
mootonni saba lafa irraas
teessoo isaanii irraa in ka'u;
10 hundumti isaanii,
'Atis akkuma keenya dadhabaa
dhaa?
Atis akkuma keenya taatee?'
jedhanii sitti in wacu.
11 Ulfinni kee fi sagaleen
maseenqoo kee,
gara iddoo lafa jalaatti gad in
darbatame;
afanni kee bunqursaa, uffanni
kees raammoo in ta'e*.
**9-11 His 31:16; 32:17-32*

12 "Ati yaa ilma ganamaa,
isa akka bakkalcha barii ibsuu!
Attamitti bantiiwwan waaqaa irraa
gad darbatamte!
Ati inni saba gad qabaa turte,
amma immoo attamitti
lafatti dabalamte!
13 Ati garaa kee keessatti,
'Ani gara bantiiwwan waaqaatti
ol nan ba'a,
urjoota Waaqayyoo gararraas
teessoo koo nan dhaabbadha,
tullun iddoo walga'ii
isa dhuma gara bitaa
jiru irras nan taa'a;
14 duumessoota ol fagoo irratti ol
nan ba'a,
isa hundumaa gararraa jiruttis
of nan fakkeessa' in jette*.
15 Ati garuu iddoo lafa jalaatti in
darbatamte,
qilee keessas in buute.
**13-14 10:12-14; His 28:14; Er 51:53*

16 "Warri achitti si argan
dinqisiifatanii,
'Kun isa lafa rom'isiisaa ture,
isa mootummoota raasaa ture,
17 isa biyya lafaa onse,
isa mandaroota diigee balleesse,
isa warra hidhaman gad hin
dhiifnee dha
mitii?' in jedhu.

18 "Reeffi mootota saba lafa irraa
hundinuu addunia addaan
ulfinaan awwaala oofii isaanii
keessa in kaa'ama;
19 kan kee garuu akka damee
muramee tuffatamee
awwaala kee keessaa baafamee,
diidatti gatama malee, hin
kaa'amu;
warra gorra'amanii billaan
isaan u'uree wajjin,
boolla dhagaa keessa in buufama,
miillaanis gad in dhidhiitama*.
20 Ati biyya kee waan balleessiteef,
saba kees gorraatee waan
fixxeef,
isaan giddeutti hin awwaalamtu;
sanyiin warra hamaa godhanii
bara baraan deebi'anii
maqaa hin dha'aman.
21 Isaan ka'anii biyya qabatanii
mandara isaaniitiin lafa

akka hin guunnetti,
sababii yakka abboota isaaniitiif
ilmaan isaanii fixuudhaaf
iddoo qopheessaa!"
jettee in weeddifta.
**19 34:3*

22 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Ani isaan irratti nan ka'a"
jedha;
itti dabalees, "Ani Waaqayyo,
Baabilon keessaa maqaa ishee
fi hambaa ishee,
ilmaanii fi ilmaan ilmaan isaanii
lafa irraa nan balleessa;
23 Baabilonin iddoo dhaddeen itti
galtu,
laga caffees nan godha,
harataadhaanis haree ishee nan
balleessa"
jedha Waaqayyo gooftaan
maccaa.

Firdiin Warra Asor Irratti Akka Dhufu Himuu Isaa

24 Waaqayyo gooftaan maccaa
kakatee,
"Akka ani yaade in ta'a,
akka ani murtoo godhettis in
raawwatama;
25 ani warra Asor biyya koo
biyya Israa'el keessatti nan
caccabsa,
tulluu koo irrattis isaan nan
dhidhiita,
waanjoon isaanii saba koo
irraa in fuudhama,
ba'aan isaaniis gatiittii saba
koo irraa in bu'a" jedhe*.
26 Murtoon guutummaa biyya
lafaatiif qophaa'e isa kana,
harki saba hundumaa irratti
ol fuudhames kana;
27 Waaqayyo gooftaan maccaa
murtoo godheera,
eenyutu isa hambisa ree?
Harki isaas ol fuudhameera,
eenyutu isa gad deebisa ree*?
**24-25 10:12-19,27*
**27 43:13*

Firdiin Warra Filiisxiyaa Irratti Akka Dhufu Himuu Isaa

28 Wanti kun
bara Ahaaz mootichi du'e
himame;

29 yaa warra Filiisxiyaa hundumti
keessan,
uleen isin rukute
waan cabeef,
mee baay'ee hin gammadinaa!
Sanyii hidda bofaa keessaa
mar'ataan in ba'a,
ilmoon isaas bofa balali'u in
ta'a;
30 hiyyeessonni warri gadadamoonni
tika in argatu,
warri dhibamanis yaaddoo
malee
nagaatti in jiraatu;
sanyii kee garuu beelaan nan
rukuta,
innis saba kee keessaa
warra baraaraman ajjeesee in
fixa.

31 Yaa karrootaa wawwaadhaa!
Yaa mandarootaa iyyaa!
Yaa warra Filiisxiyaa,
hundumti keessan sodaadhaa,
akka gagaa baqaa!
Gara bitaatii aarri in dhufa,
tarreen isaas wal irraa hin citu.
32 Warra saba sana biraa
ergamanii dhufaniif
maal deebii kennina?
"Waaqayyo Xiyoonin jabeessee
dhaabeera,
sabni isaa warri rakkatan ishee
keessatti
iddoo baqaa in argatu" jenna*.
**28-32 Er 47:1-7; His 25:15-17; Amo 1:6-8; Sef 2:4-7; Zak 9:5-7; Isa 28:16*

Biyya Mo'aab Irratti Firdiin Akka Dhufu Dubbachuu Isaa

15 1 Wanti Mo'aab irratti ta'uuf
jiru kanatti fufee jira;
mandarri Aar-Mo'aab
halkan tokkotti diigamtee in
baddi,
mandarri Qiir-Mo'aabis
halkan tokkotti diigamtee in
baddi*;
2 namoonni mandara Diibon,
gara galma iddoo
ol ka'aa irra jirutti,
ol ba'anii in boo'u;
namoonni Mo'aab hundinuu
gadda irraa kan ka'e,

mataa isaanii haaddatanii
areeda isaaniis
murmuratanii,
tulluu Neboo fi Medebaa irratti
in wawwaatu.
3 Uffata gaddaa uffatanii
karaa irra in adeemu,
hundumti isaanii bantiiwwan
mana isaanii irraa,
walga'ii karaa irraas in
wawwaatu;
imimmaan isaaniis in
dhangalaasu*.
4 Heshboonii fi Ele'aale in iyyu,
sagaleen isaaniis hamma
Yaahasitti in dhaga'ama;
kanaafis loltoonni Mo'aab in
iyyu,
garaan isaaniis in rom'a.
1 Er 48:1-17; Isa 25:10; 2Mot 13:20
2-3 Er 48:37-38

5 Garaan koo biyya Mo'aabiif in
boo'a;
warri ishee keessaa baqatan
hamma Zo'aaritti in dhufu,
hamma Eglaat-Shelshiiyaattis in
adeemu;
gara Luhitti boo'aa ol in ba'u,
karaa Horonaayim irrattis
waa'ee badiisa isaanii in
wawwaatu;
6 bishaan Niimriim in bade,
margi in goge,
biqiltuun in coollage,
wanti lalisu tokko illee hin jiru;
7 kanaaf isaan
wanta horatanii
walitti qabatan keessaa,
hamma isaan harkatti hafte
laga Alaltuu in ceesifatu.
8 Iyyi wawwaannaa isaanii fi
faaruun isaanii,
daariidhaa hamma daariitti
guutummaa biyya Mo'aabitti
hamma mandara Eglaayimii fi
mandara Be'er-Eliimiinitti in
dhaga'ame.
9 Bishaan mandara Diibon dhiigaan
guuteera,
ani amma iyyuu dabalee
Diibonitti dha'icha nan fida;
warra Mo'aab keessaa baqatanitti,
warra biyyatti hafanittis
leenca gad nan dhiisa[2].

Mo'aab, Yihudaa Gargaarsa Kadhachuu Ishee

16 1 Warri Mo'aab mandara
Shelaatii
karaa lafa onaa irra,
gara tulluu Xiyoonitti
warra biyyicha mo'aniif
xobbaallota in ergan*;
2 intaloonni Mo'aab
malkaa ce'umsaa Arnon irratti,
akka simbirroota mann'ee isaanii
keessaa ari'atamaniitti
asii fi achi in jooru.
1 2Mot 3:4

3 Warri Mo'aab, "Nu gorsi,
murtoos nuuf kenni!
Gaadidduun kee guyyaa saafaa
irra
akka halkanii qabbana haa
buusu,
nuyi warra sitti baqannu nu
dhoksi!
Nuyi warra kooluu sitti gallus
dabarsitee nu hin kennin!
4 Nuyi warri biyya keenya Mo'aab
keessaa baqanne,
galaa taanee isin bira in teenya!
Warra nu ari'atan jalaas nu
dhoksi!" jedhu;
inni nama cunqursu lafa irraa
yommuu badu,
badiisi yommuu hafu,
warri nama dhidhiitanis
yommuu biyyaa ba'an,
5 yommus teessoon tokko jaalalaan
jabaatee in dhaabama;
sanyii Daawit keessaas
inni amanamaan achi irra in taa'a;
inni firdii dhugaa in barbaada,
wanta qajeelaas dafee in
raawwata*.
5 9:6-7; 11:1-5

6 Namoonni Yihudaa,
"Waa'ee of tuulummaa
Mo'aabii fi
ol of qabuu ishee,
of gurguddisuu ishee fi of
bokoksuu ishee
dhageenyeerra;
of tuuluun ishee kun garuu
gatii hin qabu" in jedhu.
7 Kanaaf warri Mo'aab

[2] **Isa 15:9** "Diibon" yookiis "Diimon".

walii wajjin biyya isaaniif in
wawwaatu,
baay'ee gaddanii bixxillee ija
waynii irraa hojjetame
isa Qir-Hareeshetti jiruuf in
boo'u.
8 Dhaabaan maasii Heshboon
keessa jiru,
mukti waynii Siibmaa
keessaas in coollage,
waynichi inni fo'amaan inni dur
hamma Yaazeritti,
hamma lafa onaatti,
hamma galaana gamaattis
damee isaa yaafatee ture,
bulchitoota saba lafa irraatiin
lafatti in dhidhiitame.
9 Kanaafis ani namoota Yaazerii
wajjin,
dhaabaa muka waynii Siibmaaf
nan boo'a.
Yaa Heshboon! Yaa Ele'aale!
Sababii iji mukaa keessanii fi
midhaan keessan dhabamnaan,
yeroo makariitti waci hafeef
ani imimmaan koo dhangalaasee
isiniif nan boo'a.
10 Gammachuu fi ililleen
maasii midhaan baasu keessaa
in bade;
iddoo dhaabaa muka waynii
keessaa
faarfannaan hin dhaga'amu,
wacis achi hin jiru;
namni waynii cuunfu
iddoo cuunfaa waynii hin jiru,
waca achi keessaas nan
hambise;
11 sababii kanaaf garaan koo
Mo'aabiif akka kiraaraa in iyya,
keessi namummaa koos
Qir-Hareesheetiif in boo'a.
12 Mo'aab iddoo ol jedhaatti
yoo ol baate illee,
akkasumaan of in dadhabsiifti;
iddoo kadhataa ishee yoo dhaqxes
homaa waa'ee hin baafattu*.
7-12 Er 48:29-36

13 Isa kana wanti Waaqayyo dur
waa'ee Mo'aabiif dubbate.
14 Ammas Waaqayyo,
"Akka namni qacaramee
hojjetu waggaa
lakkaa'atutti
si'achi waggaa sadii keessatti
ulfinni Mo'aabii fi
baay'inni ishee
gad in decbi'a,
kan irraa hafus muraasa,
xinnoo fi dadhabaa in ta'a"
jedha.

Damaasqoo Irratti Firdiin Akka Dhufu Dubbachuu Isaa

17 1 Wanti mandara Damaasqoo
irratti ta'uuf jiru kanatti
fufe jira;
Waaqayyo, "Kunoo,
'Damaasqoon diigamtee in
tuulamti,
mandara ta'uun ishees in hafa;
2 mandaroonni Aro'er in onu,
iddoo bushaayeen itti yaatus in
ta'u;
bushaayee warra achi ciciisan
sanas
namni wareersu hin jiru.
3 Mandaroonni masaraa qaban
Efreem keessaa,
mootummaanis Damaasqoo
keessaa in bada;
ulfinni warra Sooriyaa keessaa
hafanii immoo,
akkuma ulfina Israa'elootaa in
ta'a' jedhee,
ani Waaqayyo gooftaan maccaa
dubbadheera" jedhe*.
1-3 Er 49:23-27; Amo 1:3-5; Zak 9:1; 2Mot 16:9

Biyya Israa'el Irratti Firdiin Akka Dhufu Dubbachuu Isaa

4 Waaqayyo, "Yeroo sanatti
'Ulfinni Israa'el
gad in deebi'a,
gabbinni dhagna isaas irraa in
dhuma;
5 akka maasii midhaan irraa
makaramuu,
akka dachaa Refaa'iim
isa qarmiin keessaa
funaanamuus in ta'a;
6 akka muka ejersaa
isa yommuu iji isaa irraa
ciramu,
fiixee isaa irratti iji lama
yookiis sadii,
damee isaa irratti immoo iji afur
yookiis shan hafuu in ta'a'
jedhee,

14 Waaqayyo hafuura walii
wallaalchisu
isaanitti in naqe,
isaan akka nama machaa'ee
gatantaraa hoqqisuu in ta'an;
biyyi Gibxiis wanta gootu
hundumaatti
karaa irraa akka kaatu in
godhan*.
15 Si'achi biyya Gibxii keessaa
namni waa hojjetee
fiixaan baasu hin jiru;
warri mataatti, eegeetti,
damee muka meexxiitti
yookiis dhallaadduutti
fakkeeffaman
waa gochuu hin danda'an.
11-12 1Mot 4:30; Uma 41:8
14 1Mot 22:20-22

16 Waaqayyo gooftaan maccaa
harka isaa warra Gibxii irratti
yommuu ol fudhatu,
isaan akka dubartootaa in ta'u,
sodaataniis in hollatu;
17 biyyi Yihudaa biyya Gibxii in
naasisa;
sababii Waaqayyo gooftaan
maccaa
isaanitti akeekkateef,
maqaan Yihudaa yeroo dha'amu
kan dhaga'an hundinuu in
sodaatu.
18 Yeroo sanatti biyya Gibxii keessaa mandaroonni shan warri afaan Kana'aan dubbatan maqaa Waaqayyo gooftaa maccaatiin in kakatu; mandaroota sana keessaa isheen tokko "Mandara aduu" in jedhamti[4]; 19 yommus iddoon aarsaa garaacha biyya Gibxii keessatti Waaqayyoof, utubaan dhagaas daarii biyya sanaa irra seenaa isaatiif in dhaabama; 20 kun biyya Gibxii keessatti Waaqayyo gooftaa maccaaf milikkitaa fi dhuga-baatuu in ta'a; yommuu isaan gad qabamanii gara Waaqayyootti iyyatan, inni immoo fayyisaa isa isaaniif loluu fi isa luba isaan baasu isaaniif in erga*. 21 Waaqayyo yommus warra Gibxii biratti in beekama; warri Gibxiis isa in beeku, isaafis aarsaa qalmaa fi kennaa midhaanii in dhi'eessu; Waaqayyoof wareega in wareegu, wanta wareeganis in baasu*; 22 warra Gibxii Waaqayyo in rukuta, garuu yoo rukute iyyuu isaan in fayyisa; yommuu isaan gara isaatti deebi'anis kadhata isaanii dhaga'ee isaan in fayyisa*.
20 Iya 22:26-27; Abo 2:16-18; Isa 11:1-10
21 56:7; 60:7; Bau 7:5
22 Bau 9:34-35; 12:23

23 Yeroo sanatti karaan biyya Gibxii ka'ee hamma biyya Asoritti in ba'a; warri Asor biyya Gibxii, warri Gibxiis biyya Asor in dhaqu; warri Gibxii warra Asorii wajjin Waaqayyoof in sagadu*; 24 yommus Israa'el Gibxii fi Asoritti dabalamee sadaffaa in ta'a; kunis guutummaa biyya lafaatiif eebba in ta'a; 25 Waaqayyo gooftaan maccaas isaan eebbisee, "Sabni koo warri biyya Gibxii, warri biyya Asor, warri ani harka kootiin hojjedhes eebbifamoo dha, Israa'el inni dhuunfaa koo ta'es eebbifamaa dha" jedhe*.
23 2:2-4; 11:16
25 Uma 12:3; Efe 2:11-13

Biyyi Gibxii Fi Biyyi Itoophiyaa Akka Booji'aman Himuu Isaa
(Isa 30:1-7; 18:1-2; 8:18; Er 13:1-11)

20 1 Baras angafni ajajjuu duulaa inni Sargon mootii Asor biraa ergame dhufee, biyya Ashdood lolee in qabate; 2 Waaqayyo duraan dursee Isaayaas ilma Amozitti dubbatee, "Dhaqii uffata gaddaa kee mudhii keetii hiiki, kophee kees miilla keetii baasi!" jedhee ture; innis akkuma itti himame sana in godhe; uffata of irraa in fuudhee, miilla duwwaas in adeeme.

3 Waaqayyo ammas dubbatee, "Inni Isaayaas garbichi koo uffata of irraa fuudhee, kophees miilla isaattii baasee waggaa sadii adeemaa ture milikkitaa fi dinqii wanta biyya Gibxii fi biyya Itiyoophiyaa irratti ta'uuf jiru akka ta'e, 4 akkasuma mootiin biyya Asor warra Gibxii qabatee, warra Itiyoophiyaa immoo booji'ee, dargaggootaa fi jaarsolii qullaa isaanii, kophee miilla isaaniittii baasee, huddhu qullaa oofee in adeema; kun warra Gibxiif yeelloo attamii ti? 5 Yommus warri Itiyoophiyaa abdachaa turanii fi warri Gibxiin of jajaa turan, in sodaatu in qaana'us; 6 yeroo sanatti warri qarqara galaanaa jiraatan, 'Kunoo, warri nuyi mootii biyya Asor jalaa akka nu baasaniif abdachaa, gargaarsaafis itti baqachaa turre akkas erga ta'anii, egaa nuyi attamitti isa jalaa baana ree?' in jedhu" jedhe*.
6 30:5-7

[3] **Isaa 19:13** "Memfiis", Ib "Nof".
[4] **Isa 19:18 "Mandaroota aduu"** yookiis "Mandaroota diigaman".

Waa'ee Kufaatii Baabilon Mul'ata Arguu Isaa

21 1 Wanti waa'ee lafa onaa
isa galaana bukkeetiif
dubbatame,
kanatti fufee jira;
bubbeen biyya gara mirgaa
akkuma bubbisu,
akkasuma lafa onaadhaa,
biyya nama sodaachisuu
wanti balleessu tokko in dhufa;
2 wanti anatti mul'ate kun
nama sodaachisa;
mul'atichis,
"Inni saamu in saama,
inni balleessus in balleessa.
Yaa Elaam ka'i!
Yaa Medoon marsi!
Inni Baabilon nama
rakkisaa turte hundinuu
asuma irratti akka dhaabatu nan
godha"
kan jedhu ture*.
2 13:17

3 Ani kana yommuun arge,
yommuun dhaga'es,
na'ee dugdi koo na cite,
akka dubartii ciniinsifattuus ta'ee,
gad nan gugguufe.
4 Garaan koo in raafame,
naasuunis na rom'isiise,
"Aara galfachuudhaaf
yoom anaaf dhi'a?"
jedhee nan hawwe;
inni garuu naasuutti na duraa
geddarame*.
5 Wanta irra taa'an afaa,
maaddii qopheessaa!
Nyaadhaa, dhugaa!
Isin gurguddoota nana ka'aa,
gaachana keessan dibaatii
haxaa'aa!
3-4 16:11; Er 4:19

6 Waaqayyo gooftaan anatti
dubbatee,
"Dhaqii eegduu dhaabi,
inni immoo wanta argu haa
himu!
7 Konkolaataa,
abboota fardeenii
lama lama ta'anii adeeman
konkolaataa harreedhaan
harkifamuu fi
konkolaataa gaalaan harkifamu
yommuu argu,
ba'ecssa godhee hubatee haa
ilaalu!" naan jedhe.
8 Eegdichis iyyee,
"Yaa gooftaa, ani guyyaa
hundumaa
iddoo dhaabatanii eegan kana nan
dhaabadha,
halkan hundumaas
dammaqee nan eega.
9 Ilaa! Jarreen tokko
konkolaataa fardeeniin
harkifamu
yaabbatanii dhufaa jiru" jedha;
isaan keessaa inni tokko immoo
ka'ee,
"In kufte! Baabilon in kufte!
Fakkeenyi waaqayyolii tolfamoo
ishee hundinuus
caccabanii lafatti in
dabalaman" jedhe*.
10 Yaa warra akka midhaan oobdii
keessaa rukutamtanii,
ani wantan Waaqayyo gooftaa
maccaa
isa kan Israa'el irraa dhaga'e
isinitti nan hima.
9 46:1-2; Er 51:8; Mul 14:8; 18:2

Wanta Biyya Edoom Irratti Dubbatame

11 Wanti waa'ee Edoomiif
dubbatame kanatti fufee
jira;
namni tokko Se'iirii na
waamee,
"Yaa eegduu, halkan kun bari'uuf
hammamtu hafe?
Yaa eegduu, halkan kun bari'uuf
hammamtu hafe?" naan jedhe[5].
12 Eegdichis deebiseefii,
"Ganamni, galgallis in dhufa,
wanta gaafattu yoo qabaatte garuu
decbi'ii kottuutii gaafadhu!"
jedhe.

[5] **Isa 21:11** "Edoom" yookiis "Dumaa, inni immoo 'Afaan qabachuu' jechuu dha".

ani Waaqayyo gooftaan
Israa'el dubbadheera"
jedhe.

7 Gaafas namoonni
gara isa isaan numee in ilaalu,
ija isaaniis gara isa qulqulluu
isa kan Israa'elitti in deebisu;
8 gara iddoo aarsaa isa ofii
isaaniitii hojjetanii,
gara utuboota fakkeenya
waaqayyittii tolfamtuutiif
dhaabamanii,
gara iddoo ixaanaa
isa harka isaaniitiin hojjetaniis
hin ilaalan*.
9 Akkuma mandaroonni
Hiiwotaa fi Amoorotaa
yommuu namoonni Israa'el
biyyicha qabatan ta'an,
yeroo sanatti mandaroonni isaanii
warri masaraa qaban,
akka ona caakkaan dhaalee in
ta'u, in diigamus.
10 Ati Waaqayyoon isa si fayyisu
waan irraanfatteef,
kattaa isa iddoo baqaa siif ta'es
waan hin yaadatiniif,
dhaabaa gaarii yoo dhaabbatte,
biqiltuu biyya ormaas yoo
dhaabbatte*,
11 guyyaadhuma dhaabde sanattis
jala soquu yoo jalqabde,
innis borumtaa isaa ganama
yoo siif daraare,
guyyaa dhukkubni isa hin
fayyifne itti dhufutti,
wanta makarattu hin qabdu.

8 27:9; 31:7
10 1:29; Kes 32:15

12 Saba warra kaan
warra akka galaanaa huursaniif
warra akka bishaan guddaa
didichaniifis wayyoo!
13 Sabni kun akka lolaa bishaanii
yoo hunrsan iyyuu,
yommuu Waaqayyo isaan ifatu,
jalaa baqatanii in fagaatu;
akka babaqii qilleensi
gaara irraa fuudhee adeemuu,
akka awwaara bubbeen
garagaggalchuus in ta'u*.
14 Galgala naasuun in ta'a,
utuu lafti hin bari'in immoo in
dhabamu;
kunoo, warri nu saamanii nu
booji'anis,
akkasuma in ta'u*.

12-13 Mik 4:11-13; Far 65:7; 104:6-7
14 37:36; 2Mot 19:35

Waa'ee Biyya Kuush Dubbachuu Isaa

18 1 Biyya sagaleen markabaa itti
baay'atu,
isa lagoota Kuush
gama jiruuf wayyoo*!
2 Biyyichi ergamoota isaa galaana
irra,
bidiruu dhallaadduu irraa
hojjetameenis
bishaan Abbayyaa irra in erga;
isin ergamoonni ariifattanii
adeemtan,
gara saba dhedheeroo fi
cuccululuqoo,
gara saba fagootti,
dhi'oottis sodaatamanii,
gara saba aangoo isaatiin
mo'uu,
gara warra biyyi isaanii
lagootaan
gargar hiramee dhaqaa*!

1 Sef 3:10
2 20:1-5; His 30:9

3 Isin warri lafa irra jiraattan,
biyyi lafaas hundinuu,
faajjiin gaarota irra yommuu
dhaabamu in argitu,
fiinoon yommuu afuufamus in
dhageessu.
4 Waaqayyo anatti dubbatee,
"Ani iddoo taa'umsa kootiitii,
ifa ho'a aduu calaqqisu keessaan,
duumessa yeroo makarii
jiidha baatee adeemu
keessaanis,
cal jedhee gad nan ilaala"
jedhe*.
5 Mukti waynii daraaraa yommuu
buufatu,
yeroon makarii utuu hin ga'in,
iji isaas utuu hin bilchaatin,
haaduudhaan biddi isaa irraa in
cirama,
dameen isaas irraa kukkutamee
in balleeffama.
6 Diinonnis akkasuma ciramanii,
allaattii raqaa warra tulluu irra
jiraniif in kennamu;

bineensotaafis soora in ta'u,
allaattiin raqaa isaaniin
bona in ba'a,
bineensonnis isaaniin
ganna in ba'u*.

4 Far 33:13-14
6 Sef 2:12

7 Gaafas sabni inni dhedheeraanii
fi cuccululuqaan,
sabni fagootti,
dhi'oottis sodaatamu,
sabni aangoo isaatiin mo'e,
biyyi isaa lagootaan gargar
hirame,
iddoo maqaa Waaqayyo
gooftaa maccaatiin beekametti,
gara tulluu Xiyoonitti,
gooftichaaf kennaa in fida*.

7 Far 68:30-31; HoE 8:27-28

Biyya Gibxii Irratti Firdiin Akka Dhufu Himuu Isaa

19 1 Wanti biyya Gibxii irratti
ta'uuf jiru in dubbatame.
Kunoo, Waaqayyo duumessa
ariifataadhaan
gara biyya Gibxii in dhufa;
waaqayyolii tolfamoon biyya
Gibxii
fuula isaa duraa in rom'u,
garaan warra Gibxiis
ofiidhuma isaanii keessatti
akka gagaa in baqa*.
2 Waaqayyo, "Ani 'Warra Gibxii
walitti nan naqa,
obboleessa obboleessa irratti,
fira fira irratti,
mandara mandara irratti,
mootummaas mootummaa
irratti nan kaasa;
3 warri Gibxii humna in dhabu,
akeeki isaaniis akka fiixaan hin
baane nan godha;
isaan immoo waaqayyolii
tolfamoo,
warra hafuurota warra du'an
waaman,
eker-dubbiftuu fi
qaallota in gaafatatu;
4 warra Gibxii harka gooftolii
hamootaatti
dabarsee nan kenna,
mootiin nama sodaachisus
isaan irratti in mo'a' jedhee,
ani Waaqayyo gooftaan maccaa
dubbadheera" jedhe.

1 Far 104:3

5 Galaanni in bir'ata,
bishaan lagaas qal'atee in
goga*;
6 burqituuwwan isaanii gu'anii in
gogu,
lagoonnis in ajaa'u,
jajjabnii fi dhallaadduun in
coollagu;
7 lagni Abbayyaa bukkeen duwwaa
in ta'a,
wanti qarqara Abbayyaa
facaafame hundinuus
gogee achii in bada.
8 Warri qurxummii qabuudhaaf
qonyee isaanii
Abbayya keessa buusan,
hundinuu gaddanii in boo'u;
warri kiyyoo isaanii bishaan
keessa kaa'an hundinuus
abdii in kutatu.
9 Warra rifeensa hiddamaa
qopheessanii fi
warra uffata qunnee talbaa
dha'an humnatu bu'a;
10 warra uffata dha'an kanas
yaadatu caba,
warri qacaramanii hojjetan
hundinuus in gaddu.

5 Er 51:36

11 Gurguddoonni mandara Zo'aan
dhugumaan gowwoota,
gorsi ogeessota Fara'oon
gatii hin qabu;
isin attamitti Fara'ooniin,
"Ani ilma nama ogeessaa ti,
ilma sanyii mootii durii tis"
ofiin jettu ree?
12 Yaa Fara'oon, ogeessonni kee
eessa jiru?
Jiru yoo ta'e mee wanta
Waaqayyo gooftaan maccaa
biyya Gibxii irratti qopheesse
sitti haa himan kaa*!
13 Gurguddoonni mandara Zo'aan in
gowwooman,
gurguddoonni mandara
Memfiisis
in sossobaman;
ofii isaaniitiis immoo
saba Gibxii karaa irraa in
kaachisan[3].

Wanta Biyya Arabaa Irratti Dubbatame

13 Wanti waa'ee biyya Arabaatiif
dubbatame kanatti fufee
jira;
yaa imaltuu warra Dedaan,
caakkaa keessa buufadhaatii
acbuma bulaa!
14 Yaa warra biyya Teemaa,
warra dheebotaniif bishaan
kennaa!
Warra Dedaanii baqatanii
dhufan buddeenaan
simadhaa!
15 Isaan billaa jalaa,
billaa luqqifame jalaa baqatan;
iddaa dhifamec fi lola guddaa
jalaas in ba'an.
16 Ammas wanti Waaqayyo anatti
hime, "Akka namni qacaramee hojjetu
waggaa lakkaa'atutti, si'achi waggaa
tokko keessatti, ulfinni Qedaar gad in
deebi'a*; 17 ilmaan Qedaar warra jajja-
boo warra xiyyaan warraanan keessaas
muraasi in hafu" kan jedhuu dha;
Waaqayyo gooftaan Israa'el kana dub-
bateera.
**16 16:14*

Yerusaalem Irratti Raajiin Dubbatamuu Isaa

22 1 Wanti dachaa isa "Dachaa
mul'ataa"
jedhamee beekame irratti
dubbatame kanatti fufee
jira;
isin maal taatan?
Maaliif hundumti keessan
bantii manaa irratti ol baatan?
2 Yaa mandara iyyaa fi wacaan
guutuu,
yaa ishee gammadduu!
Loltoonni kee warri dhuman,
billaadhaan yookiis
lola keessatti bin dhumne;
3 bulchitoonni kee hundinuu
walii wajjin in baqatan,
xiyya tokko illee utuu gad itti
hin dhiisin
hundumti isaanii in qabaman;
warri si keessa jiraatan hundinuu
fagoodhumatti diina jalaa
baqatanii turan,
hundumti isaanii garuu in
qabaman.
4 Kanaafis, "Mandarri saba koo
waan diigamteef,
mararamee nan boo'aatii
ana bin ilaalinaa,
na jajjabeessus hin yaalinaa!"
nan jedhe*.
**4 Er 9:1*

5 Waaqayyo gooftaan maccaa,
gaaf tokko,
raafamuu, lafatti dhidhiitamuu,
walii walaalchifamuus
"Dachaa mul'ataa"
isa jedhamu sanatti in erga;
gaafas dallaan dhagaa in jijjiga,
iyyis gara tulluutti ol in ba'a.
6 Warri Elaam korojoo xiyyaa,
konkolaataa namni irra taa'uu fi
fardeen fudhatanii in ka'u;
warri Qiir gaachana isaanii
mann'ee keessaa in baasu.
7 Dachaa kee isa miidhagaa keessa
konkolaataan in guuta,
abbootiin fardeeniis
karra mandara kee dura in
ijaajju;
8 Yibudaa irraa golgaan in
fuudhame;
yommus isin gara mi'a
waraanaa
isa mana isa
"Caakkaa Liibaanon"
jedhamu keessa jiru in ilaaltan.

9 Cabaa dallaa mandara Daawit
isa baay'ees in argitan,
kuufama bisbaanii isa gara gadii
keessaa
bishaan waraabdanii
walitti in qabdan*.
10 Manneen mandara Yerusaalem
keessa jiran
in lakkooftan,
isaan keessaas gar tokko diigdanii
ittiin dallaa mandarichaa in
cimsitan*;
11 bishaan isa kuufama bisbaanii
isa durii keessaa ba'uu fi
dallaa lamaan gidduutti
iddoo itti bishaan walitti qaban
in ijaartan;
gara isa kana hojjetee garuu
bin ilaalle,
isa durii durii jalqabee
tolchee hin argine.
**9 7:3; 2Mot 25:4*
**10 Er 33:4*

12 Guyyaa sanatti Waaqayyo
gooftaan maccaa,
gadditanii, boossanii, mataa
baaddattanii,
uffata gaddaas akka uffattaniif
isin in waame*.
13 Kunoo, garuu gammaduu,
ililchuu,
sangootaa fi hoolota qaluu,
foon nyaachuu, daadhii wayniis
dhuguutu ture;
"Bor in duuna erga ta'ee,
kottaa har'a in nyaannaa, in
dhugnas"
waliin in jedhu*.
14 Waaqayyo gooftaan maccaa
anatti dubbatee,
"Dhugumaan yakka kanaan
in duutu malee,
isiniif bin dhiifamu!" jedhe;
Waaqayyo gooftaan maccaa
kana dubbateera.
**12 Amo 8:10*
**13 56:12; 1Qor 15:32*

Wanta Shebnaa Irratti Dubbatame

15 Wanti Waaqayyo gooftaan
maccaa dubbate kanatti
fufe jira,
"Ka'ii gara Shebnaa isa
hojii mana mootummaa
adeemsisuu dhaqii itti
dubbadhuutii*,
16 'Ati asitti iddoo awwaalaa
lafa ol ka'aa
garaa dhagaa keessatti kan
qophcessifatte,
iddoo bultii kees kattaa keessatti
kan tolchisiifatte,
asii maal qabda?
Eenyunis asii abdatta?
17 Yaa nama aango-qabeessaa!
Kunoo, Waaqayyo jabeessee si
qabee,
furguggisee si baasuuf jira;
18 inni akka ijoo kollee si furuursee
biyya fagoo keessa si buusa;
ati achitti in duuta,
konkolaattonni kee warri
ulfina-qabeeyyiinis
achitti in hafu;
ati mana gooftaa keetiitti
muka salphinaa in taata;
19 kanaaf inni immoo iddoo keetii
gad si buusa,
bojii kee irraas si kaasa'
jedhiin.
**15 36:3*

20 "Ani Waaqayyo yommus garbi-
cha koo Eliyaaqimin ilma Hilqiiyaa
nan waama; 21 qoloo kee isatti nan
uffisa, sabbata kees mudhii isaatti nan
hidha, hojii isa ati adeemsisaa turtes
isatti nan kenna; inni warra mandara
Yerusaalem keessa jiraataniif, mana
Yihudaatiifis abbaa in ta'a*; 22 goof-
tummaa inni ittiin mana Daawit banu
ani gatiittii isaa irra nan kaa'a; kan inni
banu namni tokko illee hin cufu; kan
inni cufus namni tokko illee hin banu*;
23 ani iddoo amanamaa irra jabeessee
isa nan dhaaba; inni mana abbaa isaa-
tiif gonfoo ulfinaa in ta'a.
**21 45:8*
**22 Mat 16:19; Mul 3:7*

24 "Ulfinni mana abbaa isaatii jiru
hundinuu, ijoolleen, ijoolleen ijoollee
isaanii, qodaa xixitnaan mana kecssaa,
kan akka xuwwee fi okkotee isatti
ba'aa in ta'u. 25 Ani Waaqayyo goof-
taan maccaas yommus, 'Inni akka qo-
footti iddoo amanamaa irra jabaatee
dhaabate sun maramee lafa in dha'a;
wanti inni baatee jiru hundinuus in
caccaba' nan jedha" jedhe; Waaqayyo
kana dubbateera.

Xiirosii Fi Sidoon Akka Badan Himamuu Isaa

(His 26:1—28:19)

23 1 Wanti mandara Xiiros irratti
ta'uuf jiru kanatti fufee
jira;
markaboonni Tarsbiish
biyya Qophrosii utuu deebi'anii,
Xiiros diigamtee, manneenii fi
iddoo buufata markabaa malee
bafuu isbee
dhaga'anii in wawwaatu*;
2 isin naggaadonni Sidoon,
warri qarqara galaanaa jiraattan,
warri crgamoonni keessan
markabaan galaana irra
adeeman calluma jedhaa!
3 Midhaan Siihor galaana
guddicha irra,
wanti qarqara galaana
Abbayyaatii makaramus,
galaana irra gara Sidoonitti in
geeffama ture;
isheen saba lafa irraatiif

iddoo nagadaa taatee turte*.
1 His 27:12
2-3 His 28:20-23

4 Yaa Sidoon yeella'i!
Galaanni dubbatee,
humni galaanaas himee,
"Ani hin ciniinsifanne, hin deenyes;
ijoollee dhiiraa harma hin hoosifne,
ijoollee durbaas hin guddifanne" jedhe.
5 Xiiros akka diigamte yommuu dhaga'an,
warri Gibxii na'anii in rom'u.

6 Yaa warra galaana qarqara jiraattanii,
gara Tarshiishitti ce'aatii wawwaadhaa!
7 Kun mandara keessan isbee gammachuu qabdi turte,
ishee bara baay'ee jiraatte,
namoonni ishees biyya fagoo dhaqanii
akka taa'aniif
ergaa turte sana mitii?
8 Xiiros ishee dur gonfoo namaaf kennaa turte,
ishee naggaadonni ishee gurguddoota biyyaa turan,
warri mi'a ishee gurguranis
biyya lafaa irratti ulfina-qabeeyyii turan,
egaa eenyutu ishee irratti murtoo godhe?
9 Waaqayyo gooftaa maccaatu,
of bokoksuu gurguddoota ishee hundumaa
gad deebisuudhaaf,
namoota ishee warra biyya lafaatti ulfina argatan
hundumaas salphisuudhaaf,
ishee irratti murtoo godhe.

10 Yaa mandara Tarshiish,
akkuma lagni Abbayyaa guutee irra danbali'u,
si'achi ittisi waan hin jirreef,
galaanni si irra in yaa'a;
11 Waaqayyo harka isaa galaana irratti ol fudhatee
mootummoota tom'isiiseera;
masaraan Kana'aanis akka diigamuuf abboomeera.
12 Inni mandara Sidoonitti immoo dubbatee,
"Ati yaa mandara Sidoon ishee namni itti roorrisuu!
Si'achi deebitee gammachuu hin argattu,
ka'ii biyya Qophrositti gad bu'i,
garuu achumatti iyyuu boqonnaa hin argattu" jedheen.
13 Mee biyya Baabilon ilaalaa!
Sabni amma hin beekamne kun dur achi ture,
warri Asor riqaa itti ijaaranii,
masaraa isaas in diigan;
biyya sanas iddoo bineensi jiraatu in godhan.
14 Masaraan keessan waan diigameef,
isin yaa warra
markaboota Tarshiish ooftanii wawwaadhaa!

15 Yommus Xiiros waggaa torbaatamaaf in irraanfatamti, innis bara jireenya mootii tokkoo ti; waggaa torbaatama booddee immoo akkuma weedduu warra gaalamootaa keessatti*, 16 "Ka'ii kiraara kee fudhadhu yaa gaalamoota irraanfatamtee, akka yaadatamtutti mandara keessa naanna'i, sagalee miidhagaadhaan weeddisii faarfadhu!" jedhamee in ta'a*.
15 Far 90:10; Er 25:11
16 Mul 17:5; 18:3

17 Waggaa torbaatama booddee Waaqayyo, Xiirosin in yaadata; isheen immoo deebitee nagada isheetii fi gaalamootummaa isheetiin horii in argatti; mootota biyya lafaa irra jiran hundumaa wajjinis in ejjiti*; 18 bu'aan ishee fi wanti isheen argattu garuu Waaqayyoof kennaa addaan baafame ta'a malee, walitti qabamee hin tuulamu; warri Waaqayyoof hojjechuudhaaf fuula isaa dura dhaabatan nyaata gaarii fi uffata miidhagaa ittiin in bitatu*.
17 Mul 17:2
18 45:14

Firdiin Lafa Irratti Akka Dhufu Himuu Isaa

24 1 Waaqayyo, kunoo, biyya lafaa onaa fi duwwaa in godha.
Inni irra lafaa in geddara,
warra isa irra jiraatanis in tamsaasa.
2 Immata irratti kan ta'u,
luboota irrattis in ta'a;
isa namaaf hojjetu irratti kan ta'u,
isa hojjechiifatu irrattis in ta'a;
ishee namaaf hojjettu irratti kan ta'u,
isbee hojjechiifattu irrattis in ta'a;
isa bitu irratti kan ta'u,
isa gurguru irrattis in ta'a;
isa ergifatu irratti kan ta'u,
isa ergisu irrattis in ta'a;
isa liqeeffatu irratti kan ta'u,
isa liqeessu irrattis in ta'a.
3 Waaqayyo dubbii kana waan dubbateef,
lafti guutummaatti duwwaa in ta'a,
raawwatees saamamee in ona.

4 Lafti gaddaan in coollaga,
biyyi lafaa gogee in bada,
gurguddoonni saba lafaa in mudhuku*.
5 Warri lafa irra jiraatan
abboommii fi seerrata Waaqayyoo irra daddarbanii,
kakuu bara baraas cabsuu isaaniitiin
lafa in xureessan.
6 Kanaaf abaarsi lafa in balleessa,
namoonni isa irra jiraatan
yakka oofii isaanii in baatu;
kana irraa kan ka'es
namoonni lafa irra jiraatan in gubatu,
isaan keessaa immoo muraasi in hafa.
7 Dameen muka waynii in coollaga,
mukti wayniis ija in dhaba;
warri dur garaan isaanii gammadu
amma in gaddu*;
8 sagaleen dibbee inni nama gammachiisu,
waci warra quufanii iyyaniis gab in jedha;
sagaleen kiraaraas in hafa;
9 namni akka durii
daadhii waynii dhugee geeraru hin jiru,
dhugaatii cimaan warra dhugutti in hadhaa'a*;
10 mandarattiin ontee in diigamti,
homtinuu akka ol itti hin galleefis
manneetiin warri hafan hundinuu in cufamu.
11 Karaa irra dhaabatanii
daadhii wayniitiif in iyyu;
gammachuun hundinuu gadda in ta'e,
ililleenis biyya keessaa in bade;
12 mandarattiin akkuma ontetti in hafti,
karri ishees in caccabdi;
13 yommus biyyi lafaa fi saboonni lafa irraa,
muka ejersaa isa iji isaa irraa burgufamuu fi
muka waynii isa iji isaa irraa ciramee,
coraan isaa irratti hafee in fakkaatu*.
4 51:6; 2Phe 3:10; Mul 20:11; Mat 24:35
7 Yoe 1:5
8-9 16:10
13 17:5-6

14 Warri hafan immoo sagalee isaanii ol fudhatanii,
gammachuudhaanis ulfina Waaqayyoo in faarfatu,
gara lixa-biiftuuttiis guddina isaa in odeessu.
15 Egaa warri gara ba'a-biiftuu galata isaaf galchaa,
warri galaana qarqaraas maqaa Waaqayyo gooftaa
isa kan Israa'el galateeffadhaa!
16 Gara qarqara lafaatii faarfannaa,
"Isa qajeelaadhaaf ulfina kennaa!"
jedhu in dhageenya;
ani garuu deebisee,
"Ani nama gad deebi'aa dha,
ani nama gad deebi'aa dha,
anaaf wayyoo!
Gantoonni hin amanaman,
gantoonni bin amanaman" nan jedhe*.
14-16 Far 96:1-3; 98:1-9
17 Yaa warra lafa irra jiraattanii!
Na'uun, kiyyoon diriirfamaan,
boolla keessatti kufuunis isin in eeggata.

18 Inni sagalee iyyaa sodaatee jalaa
fiigu,
boolla keessatti in kufa;
isa boolla keessaa ol ba'u immoo
kiyyoon in qaha;
yommus ittifni duraa
fuudhamee
bishaan bantii waaqaa keessaa
gad in dhiifama,
hundeen lafaas in socho'a*;
19 lafti in dho'a,
caccabees in hurraa'a,
guddaas in socho'a*;
20 lafti akka nama
machaa'ee gatantarun in
godhatti,
akka godoo qilleensi raasuns in
raafamti,
irra-dadarbaan ishee isheetti in
ulfaata,
in kufti, deebitees hin kaatu*.
17-18 Er 48:43-44; Amo 5:19; Uma 7:11
19 2Phe 3:10
20 1:8

21 Yeroo sanatti Waaqayyo,
humnoota bantii waaqaa
keessa jiranii fi
mootota warra lafa irra jiran in
adaba*;
22 isaan akka namoota booji'amanii
walitti qabamanii,
boolla keessa in buufamu;
mana hidhaatti in galfamu,
bara baay'ee booddees isaanitti
in faradama[6];
23 Waaqayyo gooftaan maccaa
tulluu Xiyoon irratti,
Yerusaalem keessattis yommuu
mo'u,
jiini in dimimmifti,
biiftuunis akka nama qaana'ee
fuula fokkisutti
ibsuu in dadhabdi;
maanguddoonni isaaniis ulfina
isaa in argu*.
21 Er 46:25
23 60:19; 14:32

Faarfannaa Galataa

25 1 Yaa gooftaa, ati Waaqayyo
koo ti,
ani sin galateeffadha,
maqaa kees nan jajadha;
wanta dur akeeki isaa
qopheeffame,
isa dinqisiisaa fi amanamaa sana,
amma raawwatteetta*;
2 ati mandarattii
akka tuullaa kosii in goote,
ishee masaraa qabdus in onsitc,
iddoo baqaa isa kan ormaas in
diigde,
inni immoo bara baraan
deebi'ee
mandara ta'ee hin ijaaramu;
3 kanaafis sabni jajjaboonni
ulfina siif in kennu,
mandaroonni warra jal'ootaas
si sodaatu*.
4 Ati isa deegaadhaaf
iddoo baqaa in taate,
isa dhabaas yeroo gidiraa
isaatti in gargaarte;
bokkaa yandoo iddoo itti
dheessanii fi
ho'a aduu jalaa iddoo itti
baqatan
gaaddisa in tolchiteef;
wanti afaan jal'ootaa keessaa
ba'u,
akka bokkaa yandoo gannaa,
akka ho'a aduu bonaa fi
akka bulluqa lafa gogaa ti*.
5 Akka duumessi ho'a qabbaneessu,
akkasuma ati waca
warra jal'ootaa gab in goota,
weedduun isaaniis hin
dhaga'amu.
1 Far 98:1-3
2-3 13:19-22
4 4:5-6

6 Waaqayyo gooftaan maccaa
tulluu kana irratti,
saba hundumaaf cidha
nyaataa fi dhugaatii,
cidha nyaata coomaa fi
daadhii waynii isa gaarii in
qopheessaaf*;
7 inni tulluu kana irratti
gadda nama hundumaa irraa in
balleessa,
isa saba hundumaa irra buufates
irraa in fuudha;
8 raawwatees du'a in balleessa,
Waaqayyo gooftaan
imimmaan ija nama
hundumaattii in haqa;

[6] **Isa 24:22 "Itti in faradama"** yookiis "In adabamu".

guutummaa biyya lafaa irratti
arrabsamuu saba isaa irra ture
irraa in fageessa;
Waaqayyo kana dubbateera*.
6 Mul 19:9
8 26:19; 1Qor 15:54-55; Mul 7:17; 21 4

9 Yommus isaan,
"Ilaa inni Waaqayyo keenya!
Inni nuyi, 'Nu fayyisa' jennee
eeggachaa turre isa;
inni nuyi amanannes isa;
kottaa fayyisuu isaatti in
gammannaa,
in iliichinas" in jedhu.

10 Harki Waaqayyoo tulluu Xiyoon
in golga,
Mo'aab garuu, akkuma habaqiin
iddoo kosii itti gatanitti
dhidhiitamu,
miilla isaa jalatti in
dhidhiitama;
11 Mo'aab akka nama daakaa daakuu
harka isaa in bal'isa,
garuu utuma inni colluma
qabaatee iyyuu
Waaqayyo immoo akkuma inni
gad liqimfamu in godha.
12 Inni dalloota mandara kee
warra dhedheeroo fi ciccimoo
duuffisee,
gad isaan in cicciibsa,
caccabsees lafatti
isaan in dabala*.
10-12 15:1—16:14

Faarfannaa Mo'ichaa

26 1 Yeroo sanatti faarfannaan
kanatti fufee jiru
biyya Yihudaa keessatti in
faarfatama,
"Nuyi mandara jabduu qabna,
Waaqayyo nu oolchuudhaaf
kellaa fi masaraa itti nuuf
ijaare*;
2 sabni qajeelaanii fi amanamaan
akka ol galutti,
karroota dallaa ishee banaa*!
3 Isa garaan isaa cimsee si amanatu,
sababii inni sitti of kennatuuf
ati nagaa guutuudhaan in eegda;
4 Waaqayyo gooftaan
kattaa yeroo hundumaa jiraatu
waan ta'eef,
bara baraan isa amanadhaa*!
5 Inni warra iddoo ol jedhaa irra
jiraatan,
hundumaa gad in qaba;
mandaroota ol ka'oo
biyyootti gad darbatee,
lafatti isaan in dabala*.
6 Miilli warra cunqurfamanii
isaan irra in ejjeta,
faanni warra dhaboos isaan in
dhidhiita*.
1 Far 48:12-14
2 Far 118:19-20
4 Kes 32:4; Far 18:2
5 25:2,12
6 1Sam 2:4,7-8

7 "Yaa gooftaa isa qajeelaa!
Ati warra qajeelotaaf
karaa in tolchita,
daandiin isaan irra adeemanis
akka wal qixxaatu in goota.
8 Yaa Waaqayyo,
wanta si duratti
qajeelaa ta'ee fudhatame
in eegganna;
maqaa kee fi wanta ati nuuf goote
yaadachuu in dharraana;
9 halkan garaa guutuu sin hawwa,
hafuurri koos dhimmee si
barbaada,
ati lafatti yommuu faraddu,
warri biyya lafaa irra jiraatan
qajeelummaa in baru*.
10 Warri jal'oonni
faara tolaadhaan yoo ilaalaman,
qajeelummaan maal akka ta'e
hin baran;
isaan biyya qajeelummaadhaan
keessatti hojjetamutti iyyuu
jal'ina in hojjetu,
surraa Waaqayyoos hin argan.
11 Yaa Waaqayyo, harki kee isaan
irratti
ol fuudhameera,
isaan garuu hin argan;
akka ati saba keetiif hinaaftu
arganii haa qaana'an,
ibiddi ati diinotaaf qopheessites
isaan haa fixu*!
9 Far 63:6; 119:62
11 37:32; Ibr 10:27

12 "Yaa Waaqayyo, ati nagaa
nuuf in kennita,
wanta hojjenne hundumaas ati
nuuf raawwatteetta;
13 yaa Waaqayyo gooftaa keenyaa!

Gooftoliin biraa nu irratti
mo'anii turan,
nuyi garuu maqaa kee duwwaa
in waammanna*;
14 isaan amma hin jiran, du'aniiru,
ekeraan warra du'aniis hin
ka'an;
ati isaan adabde,
isaan in balleessites,
seenaan isaanii hundinuus
raawwatee akka irraanfatamu
in goote*.
15 Yaa Waaqayyo, ati saba sana in
baay'ifte;
saba sana in baay'ifte,
daarii isaas karaa hundumaa in
bal'ifte,
kanaanis ati ulfina in argatte.
**12-13 Nah 9:36-37*
**14 26:19*

16 "Yaa Waaqayyo, yeroo gidiraatti
si barbaaddatu,
yommuu ati isaan adabdus
boo'aa si kadhatu*.
17 Yaa Waaqayyo! Akkuma
dubartiin ulfaa
yommuu da'uuf ciniinsifattu
iyyitu,
nuyis si duratti akkasuma in
taane*.
18 Akkuma dubartii
akka waan ulfoofneetti
in ciniinsifanne,
garuu homaa hin deenye;
wanta biyya gargaaru
waan hojjenne hin qabnu,
biyya lafaa irrattis nama hin
daballe.
19 Warri kan keetii garuu in jiraatu,
reeffi isaaniis du'aa in ka'a;
isin warri awwaala keessa ciiftan,
ka'aa, gammadaa faarfadhaa!
Yaa gooftaa, fixeensi ati ergitu
fixeensa jireenya kennuu dha,
egaa laftis
ekeraa warra du'anii
ol in baafti*.
**16 Hos 5:15*
**17 Yoh 16:21; Mul 12:2*
**19 His 37:1-14; Mat 22:32; 27:52-53; Rom 14:8; Dan 12:2*

20 "Yaa saba koo as kottu!
Kutaa mana keetti ol gali,
balbala kees cufadhu;
dheekkamsichi hamma darbutti,
iddoo baqaa tolfadhu*!
21 Kanaafis kunoo,
Waaqayyo iddoo isaatii as ba'ee
sababii yakka isaaniitiif
warra lafa irra jiraatan in
adaba;
laftis dhiiga ishee irratti
dhangala'e in mul'ifti,
si'achis warra ajjeefaman
dhoksuu hin dandeessu"
kan jedhuu dha*.
**20 Mat 6:6*
**21 Mik 1:2-3; Mul 18:24*

Iddoo Dhaabaa Waaqayyoo Isa Haaraa

27 1 Yeroo sanatti Waaqayyo
billaa isaa
isa sodaachisaadhaan,
isa qaramaadhaa fi jabaadhaan
lewaataan bofa isa murxuxxifamu,
lewaataan bofa isa
marmaramaa sana in adaba;
jawwee guddaa isa galaanatti
galus in ajjeesa*.
**1 Iyo 26:12-13; Far 74:13-14; Mul 13:1-2; 20:2*

2 Yommus Waaqayyo,
"Wal jalaa qabaatii weeddisaa!
Iddoo dhaabaa muka waynii
isa namatti tolu sanaaf
weeddisaa*!
3 'Ani Waaqayyo eegduu isaa ti,
yeroo hundumaa bishaan nan
obaasa,
namni tokko illee akka isa hin
miinetti,
halkanii fi guyyaa isa nan eega;
4 ani si'achi isatti hin aaru,
qoraattii fi kosorruun yoo
jiraatanis,
lola isaanitti nan kaasa,
dafees ibiddaan gubee
isaan nan barbadeessa.
5 Yookiis immoo anatti kooluu haa
galan,
anaa wajjinis nagaa haa
buusan!' " in jedha.
6 Bara dhufutti Yaaqoob hidda in
yaafata,
Israa'el budhee in daraara,
iji inni godhatus
biyya lafaa irra in guuta.
**2 5:1-7*

Waaqayyo Saba Israa'elitti Araaramuu Isaa

7 Waaqayyo akkuma warra kaan
rukute,
saba Israa'el rukutee ree?
Akkuma diinonni isaanii ajjeefaman
namoonni Israa'elis
ajjeefamanii ree?
8 Lakkii! Innoo akkuma balleessaa
isaaniitti
isaan in adabe,
akkuma qilleensi gara ba'a-biiftuu
inni gubaan,
yommuu qilleensa'u,
waanuma arge fuudhee sokku,
innis akkasuma
hafuura isaa isa sodaachisaa
itti baafatee,
oofee biyyaa isaan in baase*.
9 Dhagoonni iddoo aarsaa
waaqayyolii tolfamoo hundinuu
yommuu caccabanii daakaman,
utuboonni fakkeenya
waaqayyittii tolfamuutiif
dhaabaman,
iddoon aarsaa ixaanaas
achii yommuu badan,
yakki Yaaqoob in balleeffamaaf
kanaanis cubbuun isaa
hundinuu in dhiifamaaf*.
10 Mandarri ishcen dur masaraan
itti naanna'ee ture,
amma in onti,
qe'een keessaa adeemanis
akka lafa onaatti in gatame;
jabbiin achi keessa in dheeddi,
achi keessa ciiftees
lataa muka hundumaa
dheeddee in fixxi;
11 dameen isaa yommuu gogu,
dubartoonni qoraan isaa in
cabsatu;
kun saba waa hubachuu hin
dandeenyee dha,
kanaaf inni isaan uume
isaaniif hin oo'u,
inni isaan tolches
isaaniif hin hilu*.
**7-8 Er 30:11; Zak 1:14-15*
**9 Lew 26:30; Isa 17:8; 30:22*
**11 Er 4:22; Kes 32:18*

12 Yeroo sanatti Israa'eloota warra
galaana Efraaxiisii kaasee hamma daa-
rii laga Abbayyaatti jiran Waaqayyo
akka nama midhaan rukutee ija isaa
keessaa harcaasuutti tokko tokkoon
funaanee walitti in qaba*; 13 yommus
fiinoo guddaan in afuufama, warri
biyya Asoritti badanii fi warri biyya
Gibxiitti oofaman gara biyya isaaniitti
deebi'anii Yerusaalem keessatti tulluu
Waaqayyoo isa qulqullaa'aa irratti
isaaf in sagadu*.
**12 28:27-28*
**13 11:11-12; Hos 11:11*

Samaariyaa Isbee Kan Efreemiif Boo'uu Isaa

28 1 Gonfoo isa namoota Efreem
warra machooftuudhaa fi
of jajuu ta'eef,
isa daraaraan isaa inni miidhagaan
irraa coollageef,
isa gubbee dachaa midhaan
baasu gararraa jiruuf,
isa warri daadhiin waynii mo'ate
ittiin of jajaniif wayyoo!
2 Waaqayyo kunoo, diina isa jabaa
fi aango-qabeessa,
isa akka cabbii irratti gad bu'u,
isa akka qilleensaa jigsee
balleessu,
isa akka bokkaa yandoo
lolaadhaan
haree fageessu,
isa si'a tokkichaan lafatti isa naqu
itti in erga*.
3 Yommus gonfoon inni namoonni
Efreem
warri machoofnuun
ittiin of jajaa turan,
miillaan lafatti in dhidhiitama;
4 inni daraaraan isaa miidhagaa
ture,
inni gubbee dachaa midhaan
baasu gararraa sun
amma immoo in coollaga;
akka harbuu yeroo malee ija
godhatuu,
isa namni dura argee
ija isaa irraa nyaatee fixuu in
ta'a.
**2 2Mot 17:5-6*

5 Guyyaa sanatti Waaqayyo
gooftaan maccaa,
saba isaa warra hafaniif,
gonfoo ulfinaa fi
mi'a miidhaginaa in ta'aaf;
6 isa faraduuf,
hafuura ittiin firdii qajeelaa
kennu in laataaf,

warra karaa karra mandaraa
diina ari'anii baasaniifis
humna in kenna.

7 Isaan kun iyyuu daadhii waynii
quufanii gatantaraniiru,
dhugaatiin cimaanis
isaan joonjesseera;
luboonnii fi raajonni
dhugaatii cimaa dhuganii
gatantaraniiru,
daadhiin wayniis isaan
wallaalchiseera;
raajonni yommuu mul'ata argan
in gatantaru,
luboonnis yommuu firdii
kennan in dogoggoru*.
8 Maaddiin isaanii hundinuu
balaqamaan guutuu dha,
iddoon inni itti hin bu'in
tokko iyyuu hin hafne.
7 5:11-12

9 Yommus isaan,
"Inni eenyuun barsiisuu yaala?
Ergaa isaas eenyuuf ibsa?
Ijoollota harma gad dhiisan,
warra reefuu harma gu'an
barsiisaa?
10 Inni maaliif akkasumaan nutti
loqode,
abboommii abboommii irratti,
abboommii abboommii irratti,
seerrata seerrata irratti,
seerrata seerrata irratti,
asii xinnoo, achii xinnoo
nutti dabala?" in jedhu.

11 Waaqayyo si'achi sagalee
giingeetiin,
afaan ormaatiinis
saba kanatti in dubbata*;
12 inni isaaniin,
"Iddoon kun iddoo itti
aara galfatan,
warra dadhabaniif boqonnaa
kennaa!
Iddoon kun iddoo boqonnaa ti"
in jedha;
isaan garuu kana dhaga'uu hin
barbaanne*.
13 Kanaaf dubbiin Waaqayyoo
inni isaan raajicbaan,
"Abboommii abboommii irratti,
abboommii abboommii irratti,
seerrata seerrata irratti,
seerrata seerrata irratti,
asii xinnoo, achii xinnoo
nutti in dabala"
jedhan sun ammas
isaanitti in dubbatama;
yommus isaan dugdaan adeemanii,
kufanii in caccabu;
kiyyoodhaan qabamaniis
booji'amanii in adeemu.
11 33:19; Kes 28:49; Er 5:15
12 1Qor 14:21; Isa 30:15; Mat 11:28-29

Dhagaa Golee Isa Xiyoon Keessa Jiru

14 Kanaaf isin warri ga'iftuun,
warri Yerusaalem keessa
jiraattanii saba bulchitan,
dubbii Waaqayyoo dhaga'aa!
15 Isin, "Du'aa wajjin
waliif kakanneerra,
iddoo lafa jalaa wajjinis
waliif galleerra,
dha'ichi sodaachisaan yommuu
dhufu
nuyi sobatti waan kooluu
galleef,
gowwoomsaa jalas waan linneef,
inni nu bira hin ga'u" in jettu.

16 Kanaaf Waaqayyo gooftaan,
"Kunoo! Ani dhagaa
hundeedhaaf ta'u,
Xiyoon keessa nan kaa'a,
inni dhagaa qoramee ilaalame
isa gati-jabeessa,
dhagaa isa golee qajeelchuu
dha,
bundee amanamaa dhas;
namni isatti amanu hin
raafamu*.
17 Ani firdii ulee ittiin safaran,
qajeelummaas madaalii ittiin
miijanan nan godhadha;
soba isa isin kooluu
itti galtan sana
cabbiin in balleessa,
da'oo isin jalatti baqattanis
lolaan in jigsa*;
18 kakuun isin du'aa wajjin
waliif kakattan in hafa,
inni isin iddoo lafa jalaa wajjin
waliif galtanis gatii hin qabu;
dha'icbi sodaacbisaan yommuu
dhufu,
ittiin rukutamtanii lafatti in
dabalamtu.

19 Inni yeroo dhufu bundumaatti
isin fuudhee in adeema,
ganama ganama in dhufa,
halkanii fi guyyaas in dhufa;
ergicha dhaga'uunis
isin in naasisa" in jedha.
20 Kunis akka mammaaksa isa,
"Namni siree gabaabaa irra
ciisu hin diriirfatu,
inni uffata garaa dhiphoo uffatus,
ofitti maree rafuu hin danda'u"
jedhame sanaa ti.
21 Waaqayyo tulluu Pheraaziim
irratti,
dachaa Giibe'on keessattis
akkuma hojjete,
ammas hojii isaa
isa takkaa hin beekamin
hojjechuudhaaf,
gochaa isaa isa kanaan dura
hin ta'in
raawwachuudhaaf in ka'a*.
22 Waaqayyo gooftaan maccaa
guutummaa lafaa raawwatee
akka balleessu anatti
himeera;
kanaaf hidhaan akka isinitti hin
jabeeffamnetti
ga'oo keessan dhiisaa*!
16 Far 118:22-23; Rom 9:33; 1Phe 2:6
17 Iyo 38:22-23
21 2Sam 5:20; Iya 10:10-11
22 10:22-23

Fakkeenya Warra Qottuutiin Isaan Barsiisuu Isaa

23 Mee hubadhaa, sagalee koo
dhaggeeffadhaa!
Wanta ani jedhus qalbifadhaa!
24 Namni midhaan facaasuu
yommuu barbaadu,
ittuma fufee lafa qotaa ree?
Yookiis ittuma fufee bo'oo
baasaa ree?
25 Erga meesee booddee immoo
gurraattii fi sunqoo
irra hin facaasuu ree,
qamadiis tarreetti bo'oo keessa
hin bubbuusuu ree,
garbuu iddoo isaaf qophaa'e
keessa hin facaasuu ree?
Homboriis qarqara isaatti hin
facaasuu ree?
26 Kana hundumaa akka ta'utti
akka inni hojjetuuf,
Waaqayyotu isa gorse,
isa barsiises.

27 Gurraattiin ulee qal'oodhaan
rukutama malee,
ulee furdaadhaan hin cagadamu;
sunqoonis harcummeedhaan
iji isaa keessaa rukutama malee,
hin siribsiifamu;
28 midhaan yommuu siribsiifamu
hamma iji isaa caccabutti
siribsiifamaa ree?
Lakkii! Miilli horii ija isaa
akka hin caccabsinetti
eeggatanii siribsiisu malee,
hamma iji isaa caccabutti miti;
29 kunis immoo Waaqayyo gooftaa
maccaa
isa gorsi isaa dinqii,
isa ogummaan isaa guddaa
biraa dhufe.

Yerusaalemlif Boo'uu Isaa

29 1 Yaa Yerusaalem!
Yaa iddoo aarsaa
ishee kan Waaqayyoo!
Yaa mandara Daawit
ishee inni keessa jiraatee,
siif wayyoo!
Cidha kee waggurna waggaatti
ittuma dabali!
2 Yaa iddoo aarsaa ishee kan
Waaqayyoo,
ani garuu sin rakkisa,
boo'ichii fi gaddi in ta'a;
kana booddees ati
anaaf akka iddoo aarsaa
lafa ibiddi irratti boba'uu in
taata;
3 ani ofii kootii karaa hundumaa
sitti nan marsa,
riqaa sitti nan naannessa,
kobiis si irratti ol nan kaasa*;
4 yommus ati gad in deebita,
lafa itti gad deebite
sanaas in dubbatta;
dubbiin kee awwaara keessaa
in dhaga'ama,
sagaleen kees akka sagalee ekeraa
boolla keessaa in ba'a;
akka kan warra lafa keessaa
hasaasaniis in ta'a.
3 His 4:1-3; Luq 19:43

5 Hamajaajiin kee warri baay'eenis
akka awwaaraa in ta'u,

loltoonni warra nama
sodaachisaniis
akka hahaqii in tamsa'u;
kunis kan ta'u
battala liphsuu ijaa ti.
6 Waaqayyo gooftaan maccaa
bakakkaadhaan,
socho'a lafaatii fi sagalee
guddaadhaan,
bubbeedhaa fi qaqawweedhaan,
arraba ibiddaa isa nama fixuunis
isin in adaba.
7 Loltoonni saba lafa irraa hundinuu
warri Yerusaalem iddoo aarsaa
ishee kan Waaqayyoo lolan,
warri ishee tuqanii ishee
rakkisan,
warri iddoo baqaa ishee
dhiphisan,
amma ishee irraa in ka'u,
akka abjuu halkaniis in ta'u*;
8 akka nama beela'ee abjuudhaan
buddeena nyaatuu,
hirribaa yommuu ka'u immoo
garaan isaa duwwaa ta'uu,
akka nama dheebotee abjuudhaan
bishaan dhuguu,
hirribaa yommuu dammaqu
immoo
bishaan dharra'ee gaggabuu,
sabni baay'een warri
saba Yerusaalemitti duulan,
kunoo, akkasuma in ta'u.
5-7 30:27-28; 17:14

Sababii Jaamummaa Isaaniitiif Isaan Ifachuu Isaa

9 Mee akkasumatti itti fufaa!
Amma naasuun isinitti dhufa!
Dununfadhaa, jaamaas ta'aa!
Machaa'an! Garuu daadhii
wayniitiin miti.
Gatantaraas! Garuu
dhugaatii cimaadhaan miti.
10 Waaqayyo hafuurri hirriba cimaa
akka isinitti dhufu godheera,
ija raajota keessanii cufeera,
mataa dura-huutota
keessaniittis haguugeera;
11 Mul'anni kun hundinuu isiniif akka
macaafa mallattoodhaan cufamee ti;
macaafa akkasii nama macaafa dubbisuu beekutti "Dubbisi!" jettanii yoo itti
kennitan, inni immoo, "Mallattoodhaan waan cufameef, ani kana dan-
da'ee hin dubbisu" in jedha; 12 Nama
macaafa dubbisuu hin beeknetti immoo
"Dubbisi!" jettanii yoo itti kennitan,
inni immoo, "Ani macaafa dubbisuu
hin danda'u" in jedha.

13 Waaqayyo, "Sabni kun
dubbii afaan isaatiitiin
anatti in dhi'aata,
ulfinas anaaf in kenna,
garaan isaa garuu anattii
fagoo dha;
akka abboommii namaatiin
barsiifamanitti
ana in sodaatu*
14 kanaaf ani saba kana irratti
dabalee dinqii nan godha,
ogummaa ogeessota isaanii nan
balleessa;
afchaalummaa afchaalota isaaniis
nan dhoksa"
jedhee dubbateera*.
15 Warra akeeka isaanii
Waaqayyo duraa fageessanii
dhoksuu yaalaniif,
warra dhoksaatti waa hojjettaniif
wayyoo!
Isaan yaada isaanii keessatti
"Eenyutu nu arga?
Eenyutus nu beeka?"
in jedhu*.
16 Isin mataa miilla gootanii,
miilla matan gootan;
supheen isa suphee dha'u
ta'uu danda'aa ree?
Wanti harka namaatiin hojjetame
tokko
isa isa hojjeteen,
"Ati ana hin hojjenne" jechuu
danda'aa ree?
Wanti namni tokko tolche,
isa isa toleheen,
"Inni hubachuu hin danda'u"
jechuu danda'aa ree*?
13 1:15; Mat 15:8-9
14 5:21; Er 8:8-9; 1Qor 1:19-20
15 Far 10:11
16 45:9

Yeroo Gaariin Israa'eliif Akka Dhufu Himuu Isaa

17 Yeroo muraasa booddee
Liibaanon iddoo dhaabaa
isa muka ija godhatu baasuu in
ta'a,

iddoon dhaabaa muka ija
godhatuu immoo caakkaa
in ta'a*;
18 bara sanatti warri duudan,
isa macaafa keessatti caafamee
jiru in dhaga'u;
iji warra jaamotaas,
dukkana limixii keessatti illee
in arga*;
19 ammas warri gadadamoouni,
warri hiyyeessonnis,
Waaqayyo isa qulqulluu
kan Israa'elitti
in gammadu.
20 Warri nama cunqursan in badu,
warri ga'iftuun in dhumu!
Warri nama irratti hamaa yaadan
hundinuus
lafa irraa in balleeffamu;
21 warri dubbii sobaatiin
maqaa namaa ballecssan,
warri balbala kellaa duratti
nama dhugaadhaaf falmu dura
kiyyoo kaa'an,
warri sobaan dhugaa ba'anii
firdii nama duraa jal'isiisanis
in dhumu*.
17 32:15
18 35:5
21 5:23; Amo 5:10

22 Kanaaf Waaqayyo inni
Abrahaamin fure,
sanyii Yaaqoobiin,
"Yaaqoob si'achi hin yeella'u,
qaana'ees fuula hin badu;
23 ijoollonni isaa hojii ani
isaan gidduutti hojjedhe
yommuu argan,
isaan maqaa koo qulqullinatti
in eegu,
ana isa qulqulluu kan Yaaqoobiif
ulfina in kennu,
ana Waaqayyo isa kan Israa'el
in sodaatu;
24 warri yaadni isaanii karaa irraa
kaate
decbi'anii in hubatu,
warri guungumtuunis barumsa
in fudhatu" jedhe.

Warra Gibxiitti Hirkachuun Akka Isaan Hin Gargaarre Himuu Isaa

30 1 Waaqayyo,
"Ijoollee ana didanii ka'aniif,
warra akeeka isa
akeeka koo hin ta'in
qopheeffataniif,
warra fedha koo duuba
warra kaanii wajjin
tokkummaa dhaahbataniif,
warra cubbuus cubbuu irratti
dabalataniif wayyoo*!
2 Utuu ana biraa gorsa hin fudhatin,
gara biyya Gibxiitti gad in
bu'u,
mootii Gibxiitti kooluu in galu,
gaaddisa Gibxii jalattis in
baqatu*;
3 mootii Gibxiitti kooluu
waan galtaniif garuu
in qaanoftu,
gaaddisa Gibxii jalatti
waan baqattaniifis in yeellaatu;
4 angafoonni keessan
gara Zo'aan mandara Gibxii in
dhaqan;
warri isin ergitanis
Haneesin mandara Gibxii in
ga'an.
5 Sabni sun yeeltoo fi qaanii
isaanitti fidu malee,
bu'aa hin qaban,
karaa tokko illee isaan gargaaruu
waan hin dandeenyeef,
hundumti isaanii in yeella'u"
jedhee dubbateera*.
1 1:2
2 2Mot 18:21
5 Er 2:35-36

6 Wanti bineensota
biyya gara mirgaa irratti
dubbatame,
warri ergamanis badhaadhummaa
isaanii harrectti,
qabeenya isaaniis gooba
gaalaatti fe'anii,
hiyya sodaanii fi rakkinni jiru
kecssa jooranii,
iddoo leenci dhalaanii fi
lecnci kormi jiran
keessa darbanii,
iddoo mar'ataanii fi
bofni balali'u jiran
keessa adeemanii,
saba isaaniif waa'ee hin baafne
bira in dhaqan*;
7 gargaarsi warra Gibxii waa'ee
hin baasu,
afaan duwwaa dha;
kanaafan ani isaaniin,

"Isheen jawwee galaanaa isa
cal jedhee taa'uu dha"
jedhe*.
6 Kes 8:15
7 His 29:3; Far 89:10

Saba Wanta Gurra Isaatti Tolu Duwwaa Dhaga'uu Barbaadu

8 Amma dhaqii fuula isaanii duratti
gabatee irratti caafi!
Macaafa maramu keessattis
mallateessi!
Innis guyyaa booddeetiif hamma
bara baraatti
dhuga-baatuu in ta'a;
9 isaan saba ana didanii ka'anii dha,
warra sobduu,
warra abboommii Waaqayyoo
dhaga'uu hin jaallannee
dha*;
10 isaan warra ilaaltuudhaan, "Hin
ilaalinaa!"
warra mul'ata arganiinis,
"Wanta qajeelaa nuuf hin arginaa,
wanta nutti toluu fi
wanta nutti fakkaatu
duwwaa nutti himaa*!
11 Karicha isa qajeelaa sana irraa
jal'adhaa,
daandii sana irraas goraa!
Waa'ee Waaqayyo isa qulqulluu
kan Israa'el sana
nutti hin himinaa!" in jedhu.
9 1:4
10 Er 11:21-22; Hos 9:7-8; Amo 2:12; 7:12-13; Mik 2:6-7

12 Kanaaf inni qulqulluun
kan Israa'el,
"Sababii isin
wantan isinitti dubbadhu
tuffattanii,
nama cunqursuutti amantanii,
micciiramummaattis
hirkattaniif,
13 yakki kun akka keenyan dheeraa
isa tatarsa'ee
dingata jigee hunkutaa'u
isin in godha;
14 akkasumas akka qodaa suphee
isa caccabee burraa'uu,
isa qiraaciin ittiin
ibidda fudhatan,
yookiis boolla bishaanii keessaa
bishaan ittiin waraabbatan illee
keessatti hin argamnee in
taatu" jedhe*.
14 Er 19:10-11

15 Waaqayyo gooftaan
inni qulqulluun kan Israa'el,
"'Isin yoo deebitanii fi
yoo gab jettan in fayyitu,
calluma jettanii isa yoo
amanattaniif
in jabaattu' jedhe;
isin garuu diddanii*,
16 'Lakkii! Nuyi fardeeniin
jalaa in fiigna' jettan;
isin, 'Fardeen ariifatanii fiigan
in yaabbanna' waan jettaniif,
warri isin ari'anis
akkasuma ariitildhaan
isin in qaqqabu*;
17 isaan keessaa namni tokko
yommuu isinitti ori'u,
isin keessaa namoonni kumni
isa in baqatu;
namoonni shan yommuu
isinitti ori'an immoo,
hundumti keessan in baqattu;
utubaa tulluu gubaa dhaabatuu fi
faajjii gaara irra jiru malee,
isin keessaa namni tokko illee
achitti hin hafu" jedhe*.
15 7:9; Far 62:1-2
16 31:1,3
17 Kes 32:30; Lew 26:36

Waaqayyo Saba Isaa In Maara

18 Waaqayyo garuu amma iyyuu
tola isaa isinitti argisiisuudhaaf
isin eegaa jira;
isiniif oo'uudhaafis ka'eera;
Waaqayyo gooftaan,
Waaqayyo isa firdiin isaa qajeelaa
waan ta'eef,
warri isa eeggatan baa
gammadan!
19 Ati yaa saba Xiyoon, yaa isa Yerusaalem keessa jiraattuu, si'achi hin boossu; yommuu ati iyyitu, akkuma sagalee kee dhaga'een inni tola isaatiin deebii siif in kenna*; 20 Waaqayyo buddeena rakkinaa isiniif in kenna, bishaan dhipbinaas isin in obaasa; haa ta'u iyyuu malee, inni barsiisaa keessan isa deebi'ee isin jalaa hin dhokanne, isa isin ija keessaniin argitanii dha. 21 Yommuu isin gara mirgaatti yookiis gara bitaatti adeemuudhaaf jettan, sagaleen tokko isin booddeedhaan isinitti dubbatee, "Karichi isa kana, isa irra adeemaa!" utuu isiniin jedhuu gurri keessan in dhaga'a; 22 yommus isin waaqayyolii tolfamoo keessan warra meetiin itti uffifamee fi bifa fakkeenyaa isa warqeen itti uffifame in salphiftu; akka moofaa xuraa'ummaas gad isaan darbattanii, "Ija keenya duraa badaa!" isaaniin in jettu*.
19 65:24
22 27:9

23 Yommus Waaqayyo sanyii isin maasiitti facaaftan irratti bokkaa in roobsa, laftis midhaan sonaan baay'ee in baasa; yeroo sana horiin keessan bakkee bal'aa marga lalisaa keessa isiniif in dheedu; 24 qotiyyoonii fi harroonni qotiisa qotanis okaa miyaa'aa isa qorbiidhaa fi battoodhaan afamee dura buufamee in nyaatu; 25 yeroo riqaan masaraa diinaa jigee diinonni sun dhumanitti, tulluu gurguddaa hundumaa irraa, gaara dhedheeraa hundumaa irraas bishaan in burqa, laga keessas in yaa'a*; 26 yommuu Waaqayyo caba saba isaatii walitti hidheefii, isa rukutee madeesses walitti fayyisuuf, jiini akka aduu in ifti, aduunis harka torba isa durii irra caalaa in ibsiti, kunis ifa guyyaa torbaa al tokkotti akka waan ibsituu ti.
25 Yoe 3:18

Waaqayyo Warra Asoritti Faraduuf Akka Jiru Dubbachuu Isaa

27 Kunoo, Waaqayyo humnaa fi
ulfinaan
fagootti in mul'ata,
aariin isaas akka ibidda
boba'uu fi
akka aara gobbuutti in ba'a,
in dheekkamas,
arrabni isaas akka ibiddaa
nama in fixa;
28 hafuurri isaa akka bishaan guutuu
isa morma nama ga'uu ti;
inni gingilchaa badiisaatiin
saba lafa irraa in gingilcha,
luugama karaa irraa isaan
kaachisus
afaan isaanii keessa in kaa'a*.
29 Isin garuu yeroo sanatti
faarfannaa
isa guyyaa ayyaana qulqulluu
galgala faarfatan
sana in faarfattu;
akka isa yeroo sabni ululleedhaan
faarfachaa gara tulluu
Waaqayyootti
isa kattaa Israa'el
jedhamee beekametti
ol ba'u sanaatti
garaa guutuudhaan in
gammaddu*.
28 37:29
29 Kes 16:14; Far 18:2

30 Waaqayyo sagaleen isaa inni
surra-qabeessi
akka dhaga'amu,
irreen isaa inni rukutuudhaaf
jedhus
akka argamu in godha;
inni aarii cimaadhaa fi ibidda
nama fixuun,
bokkaa yandoodhaa fi qilleensa
jabaadhaan
cabbiidhaanis isaan in rukuta*;
31 Waaqayyo sagalee isaatiin warra
Asor in caccabsa,
ulee isaatiinis isaan in rukuta;
32 Waaqayyo ulee adaba isaatiin
yeroo isaan rukutu hundumaatti
dibbee fi kiraarri in rukutamu;
inni immoo rukuttaa harka
isaatiin
isaan in lola*;
33 iddoon itti waa guban dur
qophaa'e;
mootiin Asoris achitti in
gubama;
iddoon ibiddaa sun
gad fagoodhaa fi bal'aa dha;
qoraan baay'eenii fi
ibiddi guddaan achi jira;
hafuurri Waaqayyo itti baafatus
akka dhagaa boba'uu
ibidda itti in qabsiisa.
30 33:3; Far 29:3-9
32 31:8

Warra Gibxii Amanachuun Akkasumaan Ta'uu Isaa

31 1 Warra Gibxi biraa gargaarsa
argachuudhaaf
achitti gad bu'aniif,
warra fardeenitti irkataniif,
warra baay'ina konkolaataa fi
abboota fardeenii warra jajjaboo
amanataniif,
warra gara isa qulqulluu
kan Israa'el hin ilaalleef,

warra gargaarsaaf
Waaqayyoon hin gaafanneefis
wayyoo*!
2 Waaqayyo garuu ogeessa,
dubbii isaas gara hin galchu;
badiisas isaanitti in fida,
mana warra hamaa hojjetanii
irratti,
warra hamaa hojjechuu
isaan gargaaran irrattis in ka'a;
3 warri Gibxii namoota malee
Waaqayyo miti,
fardeen isaaniis foon malee
hafuura miti;
Waaqayyo harka isaa yommuu ol
fudhatu,
warri isaan gargaaran bundinuu
in gufatu,
warri gargaaraman immoo in
kufu,
lachanuun isaanii walii wajjin
in badu.
1 30:1-2; Far 20:7

Waaqayyo Warra Asoritti Faradee Yerusaalemin Oolchuu Isaa

4 Waaqayyo anatti dubbatee,
"Akkuma leenci yookiis
leenci saafelli,
wanta qabate irratti gururi'u,
waca tiksoota
warra isa ari'uudhaaf
walitti qabamaniis
akka inni hin sodaanne,
sagalee isaaniitiifis akka
inni hin rifanne,
akkasuma Waaqayyo gooftaan
maccaa
tulluu Xiyoon irratti gad in
bu'a,
gaarota ishee irrattis isheedhaaf
loluudhaaf in ka'a;
5 akkuma simbirroonni baallee
isaanii bal'isanii
ilmaan isaanii golbooban,
akkasuma Waaqayyo gooftaan
maccaa
Yerusaalemin in golbooba,
ishee golboobees ishee in
oolcha,
irra isheedhaaf darbees
ishee in fura" jedhe*.
5 49:16; Mat 23:37

6 Yaa ijoollee Israa'el! Gara isa diddanii irratti kaataniitti deebi'aa!
7 Yommus hundumti keessan adduma addaan waaqayyolii tolfamoo keessan, warra meetii fi warqee irraa harka keessaniin hojjetattanii, ittiin cubbuu hojjettan sana darbattanii in gattu*.
8 Haa ta'u iyyuu malee,
"Warri Asor billaadhaan in
dhumu,
garuu billaa namaatiin miti;
billaan namni hidhatu isaan hin
ajjeesu,
isaan billaa kana jalaa in
baqatu;
dargaggoonni isaaniis
giddisiifamanii namaaf in
hojjetu*;
9 warri jajjaboonni isaanii
sodaadhaan in dhumu
angafoonni isaaniis na'anii
faajjii lolaa dhiisanii in baqatu"
jedha Waaqayyo inni ibiddi isaa
Xiyoon keessa,
iddoon ibidda isaa Yerusaalem
keessa jiru*.
7 2:20
8 37:36
9 30:30-33

Mootummaa Qajeelaan Akka Dhufu Himuu Isaa

32 1 Kunoo, mootiin
qajeelummaadhaan mo'uu
fi
gurguddoonni firdii
qajeelaadhaan
geggeessan in dhufu*;
2 tokkon tokkon isaanii
akka iddoo qilleensa jabaa
jalaa itti baqatanii,
akka da'oo bubbee jalaa itti
baqatanii,
akka bishaan lafa gogaa keessa
yaa'uu,
akka gaaddisa kattaa guddaa
isa lafa dheebotaa keessa
jiruus in ta'u.
1 11:1-5; Er 23:5

3 Yommus iji warra ilaaluu
mul'inatti in arga;
gurri warra dhaga'uus in
dhaggeeffata;
4 garaan warra hawwa qabanii
ogummaa in hubata,
arrabni warra giingees
qajeelchee
mul'isees in dubbata*.

5 Yommus namni gowwaan
ulfina hin argatu;
namni doqnis "Arjaa dha" hin
jedhamu.
6 Namni gowwaan gowwummaa in
dubbata,
yaadni isaas jal'inaan guutuu
dha;
inni wanta hamaa in hojjeta,
wanta dubbatuunis
Waaqayyoon in arrabsa;
warra beela'an bagabuu gad in
dhiisa,
warra dheebotanis bishaan in
dhowwata;
7 malli nama jal'aa hammina,
namni biyyeessi wanta qajeelaa
yoo dubbate iyyuu,
namni jal'aan immoo dubbii
sobaatiin
warra dhaboo gara badiisaatti
oofuudhaaf,
akeeka jal'aa in qopheeffata;
8 namni guddaan garuu,
wanta ulfina qabu
yaadee in qopheessa,
wanta ulfina-qabeessa
duwwaadhaafis in dhaabata.
4 35:6

Dubartoota Yerusaalem Gorsuu Isaa

9 Isin yaa dubartoota
yaaddoo tokko malee jiraattanii,
ka'aa, sagalee koo dhaga'aa!
Isin yaa intaloota bir'aa tokko
malee jiraattanii,
dubbii koo dhaggeeffadhaa*!
10 Isin yaa dubartoota bir'aa tokko
malee jiraattanii,
dhaabaan waynii ija
waan hin godhanneef,
makariin ija mukaas
waan hin jirreef,
si'achi waggaa tokkoo fi
yeroo muraasa booddee
naatanii bollachuuf jirtu!
11 Isin yaa dubartoota
yaaddoo tokko malee jiraattanii
rom'aa!
Isin yaa warra bir'aa tokko
malee jiraattanii bolladhaa!
Uffata keessan of irraa baasaa,
mudhii keessanittis
uffata gaddaa hidhadhaa!
12 Maasii isa ba'eessaa fi
dhaabaa waynii isa ija gaarii
godhatuuf
qoma keessan rurrukutaatii
boo'aa!
13 Maasii saba koo isa qoraattii fi
kosorruu biqilcheef,
manneen namoonni keessatti
gammadaa
turan hundumaaf,
mandara ililleen keessaa
badeefis boo'aa*!
14 Manni mootii in ona,
mandarri isheen waci
keessa guutes gab in jetti;
gaarri, riqaan irra ijaajjanii
biyya eegan irra jirus
bara baraan bakkee harroonni
diidaa fi
saawwan dheedan in ta'a.
9 3:16—4:1; Amo 6:1
10-13 Yoe 1:8-12

Hafuurri Waaqayyoo Isaan In Haaressa

15 Waaqayyo hafuura isaa olii
nu irratti yommuu dhangalaasu,
lafti onaan iddoo dhaabaa
mukkeetiin iji isaanii nyaatamu
keessatti argamu in ta'a,
mukkeetiin kunis guddatanii
akka caakkaa in ta'u*;
16 firdii qajeelaan lafa onaa keessa,
qajeelummaanis lafa midhaan
baasu keessa in buufata;
17 iddoo qajeelummaan jiru nagaan
jira,
iji qajeelummaa bir'aa malee
gabiitti jiraachuu dha;
18 yommus sabni koo
manneen nagaa keessa in
jiraata,
iddoo sodaanii fi bir'aan bin
jirres
iddoo boqonnaa isaa in
godhata*;
19 caakkaa warra diinotaa garuu
cabbiin in balleessa,
mandarri isaaniis in diigama;
20 isin warri qarqara bishaanotaatti
midhaan facaafattan,
saawwanii fi harrootas
iddoo barbaaddanitti yaafattan
gammadaa!
15 44:3; 29:17; Yoe 2:28
18 33:20

Yeroo Dhipbinaatti Gargaarsa Argachuu Isaanii

33 [1]Yaa isa warra kaan balleessituu,
ati ofii keetii amma iyyuu hin badne'o siif wayyoo!
Utuu namni dabarsee si hin kennin,
yaa isa dabarsitee nama kennituu,
siif wayyoo!
Ati warra kaan balleessuu yommuu raawwattu,
ofii keetii immoo in badda;
dabarsitee nama kennuu kee yommuu raawwattu,
si immoo namni dabarsee in kenna*.
1 Anb 2:5-6; Mat 7:2

[2]Yaa Waaqayyo, nuyi si abdanna'o
faara nutti toli!
Ganama ganama jabina keenya,
yeroo rakkinaattis gargaarsa keenya
nuuf ta'i!
[3]Sagalee qaqawwee keetiif sabni in baqata,
yommuu ati kaatus
sabni lafa irraa hundinuu in tamsa'u*;
[4]yommus akkuma qorophisi
nyaata isaa irratti utaalee walitti qabatu,
akkuma hawaannisi nyaata isaa saammatu,
akkasuma namoonni
qabeenya saba lafa irraa sana in saammatu.
3 30:30

[5]Waaqayyo ol jedhaa dha,
iddoo ol jedhaa irras in jiraata,
inni qajeelummaadhaa fi amanamummaadhaan
mandara Xiyoon in guuta*;
[6]Waaqayyo bara keetti gabii,
fayyina guutuu,
ogummaa fi beekumsa siif in ta'a;
isa sodaacbuunis
badhaadhummaa guddaa kana in argachiisa.
5 1:21; 5:7

[7]Kunoo, gootonni bakkeedhaa gargaarsaaf in iyyu,
ergamoonni nagaas
guddisanii in boo'u*;
[8]karaa guddaan onaa ta'eera,
namnis karaa irra adeemu dhiiseera;
kakichi cabeera,
mandaroonni tuffatamaniiru,
namaaf ulfina kennuunis hafeera;
[9]lafti gaddee in goga,
caakkaan Liibaanon in coollaga, simboos in dhaba;
Shaaron akka lafa onaa in ta'a,
mukkeetiin Baashaanii fi Qarmelos
baala in harcaafatu.
7 29:1

[10]Waaqayyo,
"Ani amma nan ka'a,
amma ol nan jedha,
amma humnaan nan ka'a*;
[11]wanti isin yaaddan akka habaqii ti,
wanti isa keessaa ba'us akka cidii ti;
hafuurri keessan immoo ibidda isa
isin fixuu dha;
[12]akka qoraattii ciramtanii
ibiddatti in naqamtu,
gubamtaniis daaraa in taatu"
jedhee saba lafa irraatti dubbate.
10 Far 12:5

[13]Isin warri fagoo jirtan
wanta ani godhe dhaga'aa!
Isin warri dhi'oo jirtanis
humna koo beeksisaa!
[14]Cubbamoonni Xiyoon keessa jiraatan
naasuudhaan in qabamu,
warri Waaqayyoon hin sodaannes in rom'u;
isaan yommus, "Nu keessaa eenyutu
ibidda nama fixu bira jiraacbuu danda'a?
Nu keessaa eenyutu ibidda hin dhaamne kana
obsuu danda'a?" in jedhu*.
[15]Nama balleessaa malee jiraatu,
nama wanta qajeelaa dubbatu,
nama bu'aa karaa jal'inaa dhufu ceepha'u,
nama gabbarsuu fudhachuu irraa
harka isaa eeggatu
nama waa'ee nama ajjeesuu dhaga'uu jibbee
gurra isaa cuqqaallatu,
nama wanta bamaa ilaaluu jibbee dununfatu*,
[16]namni akkasii kun
iddoo ol jedhaa irra in jiraata;
da'oo kattaa dhagaa cimaa
iddoo baqaa in godhata;
achittis nyaati isaaf in kennama,
bishaan argacbuun isaas amansiisaa dha.
14 10:17; Er 23:29; Kes 4:24; Ibr 12:29
15 Far 15:1-5; 24:3-6

[17]Iji kee ulfina mootichaa in arga,
biyya baay'ee bal'aa
mootichi mo'us in ilaala*.
[18]Naasuu kee isa durii yommuu yaadattu,
"Inni kana caaffatee ture eessa jira?
Inni gibira fudhachaa ture meerree?
Inni riqaa mandaroota jajjaboo lakkaa'aa tures
attam ta'e?" in jetta.
[19]Ati si'achi saba nama irraa bin gorre,
isa afaan isaa hin hubatamne,
isa dubbiin isaa namaaf hin galle sana
hin argitu*.
17 33:21-22
19 28:11; Kes 28:49-50

[20]Gara Xiyoon mandara ishee iddoo walga'ii keenyaa sana ilaali!
Iji kee Yerusaalem ishee bir'aa hin qabne,
dunkaana ishee achii bin socboone,
ishee qofoon ishee acbii hin buqqaane,
ishee funyoo ishee keessaa tokko illee hin cinne in arga;
[21]Waaqayyo achitti surraa isaa nu argisiisa,
iddoon sun lafa lagoonni babal'aanii fi
burqituuwwan gurguddoonni jiranii dha;
markaboonni lolaa achi irra bin darban,
markaboonni mimmiidhagoonnis
achi irra hin adeeman;
[22]Waaqayyo abbaa firdii keenya,
Waaqayyo seera nuuf in kenna,
Waaqayyo mootii keenya,
inni nu fayyisa.
[23]Yommus funyoon markaba lolaa in hiikama,
muka markabaas jabeessee qabuu hin danda'u,
sharaan isaas hin diriirfamu;
yeroo sanatti boojuu baay'een in birmatama,
warri hokkolan iyyuu wanta booji'ame sana in saammatu.
[24]Warra Xiyoon keessa jiraataniif yakki isaanii waan dhiifameef,
isaan keessaa namni tokko illee,
"Na dhukkuba" kan jedhu hin jiru*.
24 Zak 12:8; Er 31:34

Firdiin Edoomii Fi Saba Warra Kaan Irratti Akka Dhufu Himamuu Isaa

34 [1]Isin yaa saba lafa irraa dhaga'uudhaaf
as dhi'aadhaa,
isin yaa namoota nana dhaggeeffadhaa!
Laftii fi wanti isa irra jiru,
biyyi lafaa fi wanti isa keessatti argamu
hundinuus haa dhaga'u!
[2]Waaqayyo saba hundumaatti aareera,
loltuu isaanii bundumaattis dheekkameera;
ajjeefamuutti dabarfamanii
akka kennaman abboomeera;
[3]warri dhuman bakkeetti in gatamu,
reeffi isaanii in ajaa'a,
dhiigni isaaniis tulloota in mancaasa;
[4]urjoonni bantiiwwan waaqaa hundinuu in baqu,

waaqnis akka macaafa
maramuu in marama;
macci bantiiwwan waaqaa
keessatti argaman hundinuus
akka baalli muka wayniittii
harca'u,
gad in harca'u;
akka ija muka harbuu
isa coollagee harcaa'uus in
ta'u*.
2 1Sam 15:3
4 Mat 24:29; Mul 6:13-14

5 Billaan Waaqayyoo waaqa irraa
mul'ateera.
Kunoo, warra Edoom
saba inni itti faraduudhaaf jedhu
irratti
gad in bu'a;
6 billaan Waaqayyoo dhiiga namaa
duwwaa ta'eera,
akkuma yeroo
ilmooleen re'ootaa fi
hoolotaa qalamanii,
akka cooma kalee korbeeyyii
hoolotaattis
cooma namaatiin laaqameera;
Waaqayyo mandara Bozraatti
akka wanta aarsaadhaaf
dhi'aatee isaan in godha,
biyya Edoomittis dhumiisa
guddaa isaanitti in fida;
7 namoonni akkuma gafarsaa fi
jibootaa,
akka korommiis achitti in
dhumu,
dhiigni biyya isaanii irra in ciisa,
biyyoon isaas coomaan in
gabbata*.
5-7 63:1-3,5-6; Kes 32:42

8 Waaqayyo guyyaa itti ijaa
baafatu,
bara itti Xiyooniif
gatii ishee baasus qaba*;
9 yommus lagni Edoom leeleetti,
biyyoon isaa dhagaa boba'utti,
biyyi isaas leelee nama gubutti
in diddiirama;
10 bara baraanis namni achi keessa
hin adeemu,
halkanii fi guyyaa ibiddi isaa
hin dhaamu,
aarri isaa utuu wal irraa hin citin
ol in ka'a,
dhalootaa hamma dhalootaattis
lafa duwwaa in ta'a*;
11 hurunguu fi dhaddeen isa in
dhaalu,
hurunguu guddaa fi qurruunis
achi keessa in jiraatu;
gooftichi isa onsee
akka inni bifa dhabu in godha,
biyya isa diigames
tuullaa dhagaa in godha;
12 namni waamanii moosisan
gurguddoota isaanii keessa hin
jiru,
angafoonni isaaniis homaafuu
waa'ee hin baasan.
8 63:4; Kes 32:41
10 Mil 1:4; Mul 19:3

13 Manneen mootummaa isaanii
keessatti
qoraattiin in biqila,
da'oo isaanii keessatti
kosorruunii fi
baalaanwaraanteen wal
horu,
waangoon, guchiin goromtiinis
biyyichatti in galu;
14 bineensonni lafa onaa keessa
jiraatanii fi
waraabessoonni achitti
walitti in qabamu,
korbeessonni, re'oonni diidaas
achitti walitti in mari'atu,
Seexanni halkaniis achi in
buufatti,
iddoo boqonnaas isa in godhatti.

15 Bofni akka xiyyaa darbatamu
achitti mann'ee in tolfata,
achittis hanqaaqee ilmaan isaa
in yaafata;
foggis akka qomoo qomoo isaatti
achitti walitti in qabama*.
13-15 13:21-22

16 Macaafa Waaqayyoo keessa
barbaadaatii dubbisaa!
Wanta kana keessaa tokko illee
kan hafu hin jiru,
kan achi keessaa qomoo isaa
dhabus hin jiru,
Waaqayyo offii isaatii kana
dubbateera,
hafuura isaatiinis walitti isaan
qabeera.
17 Inni ofuma isaatii muka
isaaniif buuseera,

lafichas barka isaatiin safaree
isaaniif bireera;
isaan hamma bara baraatti
qabeenya isaanii isa in godhatu,
dhalootaa hamma dhalootaattis
achi in jiraatu.

Yeroon Gammachuu Akka Dhufu Hlmnu Isaa

35 1 Lafti duwwaanii fi lafti
gogaan in gammadu,
lafti onaanis ililchee
akka arfaasee in daraara*;
2 baay'isee in daraara,
gammadees in faarfata,
ulfinni Liibaanon
isaaf in kennama,
surraan Qarmelosii fi dachaan
Shaaron
isaaf in dabalama;
ulfinni Waaqayyo gooftaa
maccaas
achitti in argama*.
3 Harka dadhabe qabaatii kaasaa,
jilba mudhukes jabeessaa*!
4 Warra garaa sodaataa qabaniin,
"Jabaadhaa, hin sodaatinaas!
Kunoo, Waaqayyo keessan,
ijaa baafachuudhaaf,
adabuudhaaf,
isin immoo fayyisuudhaaf gara
keessan in dhufa" jedhaa*!
1 32:15; 51:3; 55:12-13
2 40:5
3 Ibr 12:12
4 40:9

5 Yommus iji warra jaamotaa in
banama,
gurri warra duudaas in
saaqama*,
6 yommus namni naafti
akka borofaa in utaala,
warri arrabni isaanii didaas
gammadanii in ililchu;
lafa duwwaa keessaa bishaanonni
in ba'u,
lafa onaa keessas bishaan
burqituun in yaa'a;
7 cirrachi akka ibiddaa gubu
kuufama bishaanii in ta'a,
lafa gogaa keessa bishaan
burqituun in yaa'a;
iddoon waangonni keessa
jiraachaa turanis
akka caffee in ta'a,
dhallaadduu fi jajjabni isa
keessatti in biqilu*.
5 29:18; Mat 11:5
7 41:18-19

8 Achi keessa karaan in ba'a,
maqaan isaas, "Karaa
qulqullaa'aa" in jedhama;
karicha irra warra furaman kana
duwwaatu adeema,
warri gowwoonni iyyuu isa
irraa hin kaatan;
namni xuraa'aan garuu
achi irra hin darbu.
9 Leenci achi irratti hin argamu,
bineensi hamaan achi irra hin
adeemu,
warra fayyan duwwaatu achi
irra adeema;
10 warri Waaqayyo isaan fure,
deebi'anii faarfannaadhaan
gara Xiyoonitti ol in ba'u;
gammachuu bara baraatiin in
gonfamu,
gammadanii in ililchu,
gaddii fi dhiphinni isaan irraa
in fagaata*.
8-10 40:3-4; Er 31:7-9; Isa 51:11; 65:19; Mul 21:4

Senaaheriib Mootiin Asor Yerusaalemitti Duuluu Isaa
(2Mot 18:13-37; 2Sen 32:1-19)

36 1 Bara Hisqiyaas mootichaa
waggaa kudha afuraffaa keessa
Senaaheriib mootiin Asor biyyaa Yihudaatti duulee, mandara biyyichaa warra
kellaa dhagaa qaban hundumaa in qabate. 2 Kana booddees mootiin Asor
angafa loltuu isaa Rabshaaqee, loltoota
jajjabootaa wajjin Laakiishii gara Hisqiyaas mootichaatti in erge; angafni
loltuus dhufee boolla jal'isii bishaanii
isa gara olii karaa maasii namicha
uffata miicuutti geessu irra in dhaabate; 3 yommus Eliyaaqim ilmi Hilqiiyaa
bulchaan mana mootummaa, Shebnaa
caaftuun mana mootummaa fi Yo'aan
ilmi Asaaf itti gaafatamaan caaffata
mana mootummaa gara isaatti gad in
ba'an.

4 Rabshaaqeen yommus Hisqiyaasitti isaan ergee, "Mootiin Asor inni
guddichi, 'Ati maal amanattee bir'aa
malee teessa? 5 Afaaniin dubbachuu
duwwaan lola kana keessatti gorsaa fi

humna kan siif ta'u sitti fakkaataa?
Eenyuun amanattee ana irratti kaate?
6 Biyya Gibxii isa akka jajjaba caccabaa yommuu qabatan harka namaa waraanu amanattaa? Fara'oon mootiin Gibxii warra isatti hirkatan hundumaa akkasuma in waraana' jedhaa*!
7 Yoo ati, 'Nuyi Israa'eloonni Waaqayyoon gooftaa keenya amananna' anaan jette immoo, Waaqayyo kun isa atumti iddoo ol ka'aatti sagaduudhaaf jettee iddoo aarsaa isaa achii balleessitee warra Yihudaa fi warra Yerusaalemiin, 'Iddoo aarsaa isa kana duwwaa duratti sagadaa!' jette sana mitii? jedhaan" jedhe*.
8 Rabshaaqeen dubbii isaa ittuma fufee, "Egaa amma gooftaa koo mootii biyya Asorii wajjin nokorrootti gali, fardeen ani siif kennu hundumaa irra taa'anii loluu kan danda'an abboota fardeenii yoo qabaatteef, ani immoo fardeen kuma lama siif nan kenna;
9 ati, warra Gibxii biraa konkolaataa fi abboota fardeenii nan argadha jettee yoo amanatte iyyuu, loltoota gooftaa kootii keessaa isa baay'ee cimaa hin ta'in iyyuu of irraa deebisuu hin dandeessu;
10 haa ta'u iyyuu malee yaada Waaqayyoo duuban biyya kanatti ol ba'ee rukutee balleessa sitti fakkaataa? Lakkii! Waaqayyotu, 'Biyya kanatti duuliitii balleessi!' jedhee na abboome" jedhe.
*6 *His 29:6-7*
*7 *2Mot 18:4*

11 Eliyaaqim, Shebnaa fi Yo'aan ergasii Rabshaaqeedhaan, "Namoonni kellaa mandarattii irra taa'an akka bin dhageenyetti, afaan Yihudiitiin hin dubbatiniitii, nuyi garboonni kee afaan warra Aaram waan hubannuuf, maaloo afaanichaan nutti dubbadhu!" jedhan;
12 Rabshaaqeen garuu deebisee, "Gooftaan koo dubbii kana gooftaa keessanii fi isin duwwaatti akkan dubbadhuuf waan na erge isinitti fakkaataa? Namoota warra kellaa mandarattii irra taa'an, warra akkuma keessan udaan isaanii nyaachuu fi fincaan isaaniis dhuguuf jiranitti akkan dubbadhuuf na erge mitii?" jedhe.
13 Rabshaaqeen yommus ka'ee ijaajjee sagalee isaa guddisee afaan Yibudiitiin, "Dubbii mootii Asor mooticha guddichaa dhaga'aa!" jedhe.
14 Mootichi guddichi, "Hisqiyaas isin oolchuu bin danda'u, hin gowwoominaa!
15 'Waaqayyo dhugumaan nu oolcha mandarri kunis harka mootii Asoritti dabarfamtee bin kennamtu' jedhee, Waaqayyoon akka amanattan isin hin godhin!
16 Isa Hisqiyaas jedhu hin dhaga'inaa! Nagaa buufnaatii gara koo kottaa! Akkas yoo ta'eef tokkon tokkon keessan ija waynii keessanii fi ija harbuu keessan in nyaattu, bishaan boolla bishaanii keessan keessaa waraabbattanis in dhugdu*;
17 kunis hamma ani dhufee biyya isa biyya keessan fakkaanutti, isa midhaanii fi waynii baasutti, biyya buddeenaa fi daadhii waynii qabutti isin geessutti itti in fufa!
18 Hisqiyaas, 'Waaqayyo nu oolcha' jedhee akka isin hin gowwoomsineef of eeggadhaa! Waaqayyolii saba lafa irraa keessaa isa kamtu nama biyya isaatii mootummaa koo jala akka bin linne oolchuu danda'a*?
19 Waaqayyoliin Haamaat, kan Arphaadis eessa jiru? Waaqayyoliin Sefarwaayim eessa jiru? Isaan Samaariyaan harka koo jala akka hin galle gochuu danda'aniiruu ree?
20 Waaqayyolii biyyoota kanaa hundumaa keessaa isa kamtu harka koo jalaa biyya isaa baase iyyuu, Waaqayyo immoo Yerusaalemin harka koo jala akka hin galle gochuu danda'a ree?" jedhe.
*16 *Mik 4:4*
*18 *37:12*

21 Hisqiyaas mooticbi, "Deebii hin kenninaafii!" jedhee waan isaan abboomee tureef, jarreen sun calluma jedhan malee, waan tokko illee bin deebifneef.
22 Ergasii Eliyaaqim ilmi Hilqiiyaa inni bulchaa mana mootummaa sun, Shebnaa caaftuun mana mootummaa fi Yo'aan ilmi Asaaf itti gaafatamaan caaffata mana mootummaa gadda irraa kan ka'e uffata isaanii tatarsaasanii gara Hisqiyaas dhaqanii wanta Rabshaaqeen dubbatc isatti in himan.

Hisqiyaas Mootichi Isaayaasin Mala Gaafachuu Isaa
(2Mot 19:1-7)

37 1 Hisqiyaas mootichi kana yommuu dhaga'e, uffata isaa tarsaasee uffata gaddaa uffatee mana qulqullummaatti ol gale;
2 achumaanis Eliyaaqim isa bulchaa mana mootummaa, Shebnaa isa caaftuu mana mootummaa fi luboota keessaa warra jaarsoliitti uffata gaddaa uffisee, gara Isaayaas raajichaa ilma Amozitti isaan in erge;
3 isaanis Isaayaasiin, "Hisqiyaas mootichi, 'Barri kun bara rakkinaa, bara adabaa fi bara salphinaa ti; akka yeroo dubartiin da'uuf jette bumna ittiin ciniinsifattee deessu dhabduu ti;
4 Waaqayyo gooftaan kee dubbii Rabshaaqee isa gooftaan isaa mootiin Asor as ergee Waaqayyo isa jiraataatti akka inni ga'isu godhu kana dhaga'eera; kanaaf ati immoo harka kee ol kaasii warra hafaniif kadhadhu!' jedha" jedhan.

5 Garboonni Hisqiyaas mootichaas gara Isaayaas dhaqanii dubbii kana yommuu isatti himan,
6 inni immoo deebisee, "Gooftaa keessanitti, 'Dubbii anatti ga'isuu garboota mootii Asor isa dhageesse kana hin sodaatin!
7 Kunoo, ani hafuura inni ittiin dhaga'u nan kennaaf; innis oduu dhaga'ee gara biyya isaatti in deebi'a; achittis billaadhaan isa nan ajjeesisa jedheera Waaqayyo' jedhaatii himaa!" jedhe.

Senaaberiib Si'a Lammaffaa Mootii Yibudaatti Dhaamsa Doorsisaa Erguu Isaa
(2Mot 19:8-19)

8 Mootiin Asor Laakiisbii akka ka'e Rabshaaqeen angafni loltootaa dhaga'ee deebi'ee yommuu dhufe, utuu mootichi mandara Liibnaa rukutuutti jiruu in arge;
9 Tiirhaaqaan mootiin Kuush isa loluudhaaf dhufaa akka jiru Senaaheriib yommuu dhaga'e, Hisqiyaasitti namoota ergee,
10 Hisqiyaas mootii Yihudaatiin, "Waaqayyo kee inni ati amanatte sun, 'Yerusaalem harka mootii Asoritti dabarfamtee bin kennamtu' jedhee, si hin gowwoomsin!
11 Kunoo, ati wanta mootonni Asor biyyoota hundumaa godhan, akka isaan raawwatanii isaan balleessanis dhageesseetta; ati immoo waan ooltu sitti fakkaataa?
12 Waaqayyoliin saba lafa irraa warri abboota kootiin balleeffaman, waaqayyoliin mandaroota Gozaan, Haranii fi Rezee fi kan saba Eden warri Tel-Aasar keessa turan isaan oolchaniiruu ree*?
13 Mootiin Haamaat, mootiin Arphaad, mootiin mandaroota Sefarwaayim, Henaa fi Iiwaa meerree ree?" jedhe.
*12 *36:18*

Kadbata Hisqiyaas

14 Hisqiyaas caaffata sana warra ergaman harkaa fuudhee erga dubbisee booddee, gara mana qulqullummaa dhaqee caaffaticha banee Waaqayyo duratti in diriirse;
15 Waaqayyoon kadhachuu jalqabee,
16 "Yaa Waaqayyo gooftaa maccaa, Waaqayyo isa kan Israa'el! Yaa isa Kiruubel gararraa jiraattuu, ati waaqaa fi lafa uumteetta, kophaa kees mootota lafaa irratti Waaqayyoo dha;
17 yaa Waaqayyo, gurra kee gara keenyatti qabii dhaggeeffadhu! Ija keetiinis ilaali! Dubbii Senaaheriib isa inni si Waaqayyo isa jiraataatti ga'isuudhaaf erge kanas dhaga'i!
18 Yaa Waaqayyo! Mootonni Asor saba kanaa fi biyyoota isaanii bundumaa dhuguma balleessaniiru;
19 waaqayyolii isaaniis ibidda keessa buusaniiru; waaqayyoliin isaanii kun barka namaatiin dhagaadhaa fi muka irraa hojjetaman malee, isaan Waaqayyo waan bin ta'iniif, namni isaan balleessuu danda'e.
20 Ammas yaa Waaqayyo! Mootummoonni lafa irraa hundinuu Waaqayyo si duwwaa akka ta'e akka beekanitti, ati harka isaanii jala galuu nu oolchi!" jedhe*.
*20 *Dan 6:27*

Waaqayyo Kadhata Hisqiyaasiif Deebii Kennuu Isaa
(2Mot 19:20-37)

21 Ergasii Isaayaas ilmi Amoz gara Hisqiyaasitti dhaamsa ergee, "Waaqayyo gooftaan Israa'el isa ati waa'ee Senaaheriib mootii Asoriif kadhatte dhaga'eera;
22 waa'ee isaatiifis kan inni jedhu kanatti fufee jira;

'Yaa Senaaheriib,
durbi Xiyoon si tuffattee
sitti in ga'ifti,
durbi Yerusaalem si duubaan
mataa sitti in raafti;
23 ati eenyuun arrabsite,
eenyuttis ga'ifte?
Eenyu irratti sagalee kee ol
fudhatte,
eenyuttis achii ol ija baafte?
Isa qulqulluu kan Israa'el irratti
kaate mitii ree?' jedha.
24 Ati namoota kee yommuu ergitee,
Waaqayyotti ga'iftee,
'Konkolaataa koo isa
baay'eedhaan

gara fiixee tullootaatti ol nan ba'a,
bantii tulloota Liibaanon irras nan ga'a;
gaattiraa isaa warra dhedheeroos nan jijjigsa,
birbirsa isaa warra gaggaariis kukkutee nan balleessa;
iddoo dhokataa isa ol ka'aa,
caakkaa isaa isa gobbuu biras nan ga'a*;
25 boolla qotee bishaan nan baafadha,
bishaanichas nan dhuga;
miilla kootiin lagoota Gibxii hundumaa
keessa adeemee nan gogsa' in jette.
24 14:8

26 "Isa amma ta'e kana akkan qopheesse,
duraan dursees akeeka isaa akkan baase,
mandaroota kellaa dhagaa qaban akka ati caccabsitu,
tuullaa kosiis akka ati isaan gootu,
akka ani godhe ati hin dhageenyee?
27 Warri mandaroota sana keessa jiraatan
humna in dhaban,
in yeella'an, in na'anis;
akka dhaabaa iddoo bishaan hin jirre
keessa jiruu fi
akka marga mana irratti biqilee in ta'an,
qilleensa ba'a-biiftuu
isa gubaadhaanis in gubatan;
28 yommuu ati kaatuu fi yommuu ati teessu,
yommuu ati baatuu fi
yommuu ati galtu;
aariidhaan ana irratti dubbachuu kees
ani bareera.
29 Ati ana irratti waan kaateef,
sagalcen of jajuu keetii
gurra kootti waan baay'ateef,
ani xiixaa sin ursiisa,
luugamas afaan kee keessa nan keessisa,
karaa irra dhufte irras sin deebisa!" jedhe.
30 Isaayaas yommus Hisqiyaas mootichaan,
"Milikkinni siif kennamu
kanatti aanee jira;
'Waggaa kana midhaan ofumaan biqilee guddatu in nyaatta;
waggaa dhufuttis akkasuma midhaan ofiin biqilu in nyaatta;
waggaa sadaffaatti garuu qotii makaradhu!
Muka wayniis dhaabi,
ija isaas nyaadhu!
31 Sanyii Yihudaa keessaa
warri hoofkalanii hafan,
ammas hidda yaafatanii
wal in horu,
32 yommus warra Yerusaalem keessaa
kan hafan,
warra tullun Xiyoon irra jiran keessaas
kan baqatan in dhufu;
hinaaffaan Waaqayyo gooftaa maccaa
kana in godha' jedhe*.
32 9:7

33 "Kanaaf Waaqayyo waa'ee mootii Asoriif,
'Inni si'achi gara mandara kanaa dhufee,
xiyya gad itti hin dhiisu;
gaachanas fudhatee dhufee
koobii kellaa isheetti hin ijaarratu;
34 karaa irra dhufe irra deebi'a malee,
mandara kanatti hin lixu' jedhe;
Waaqayyo kana dubbateera.
35 Waa'ee mandarattiif immoo,
'Ani ofii kootiif garbicha koo Daawitiifis jedhee
mandara kana nan eega, nan oolchas!'
jedheera" jedhe.
36 Ergasii ergamaan Waaqayyoo ba'ee buufata loltuu warra Asor keessaa namoota kumaatama dhibba tokkoo fi kuma saddeettamii shan in ajjeese; namoonni ganama ka'anii yommuu ilaalan, kunoo, reeffa hunduma isaanii in argan*. 37 Yommus Senaaheriib mootiin Asor achii ka'ee gara biyya isaatti deebi'ee mandara Nanawwee keessa in taa'e. 38 Gaaf tokko inni mana "Nisroo" Waaqayyo tolfamaa isaa

keessa lixee utuu sagaduu, ilmaan isaa Adraamelekii fi Shaarezer dhufanii billaadhaan rukutanii isa ajjeesanii, gara biyya Araaraatitti in baqatan; ilmi isaa inni "Esaar-Haadon" jedhamu iddoo abbaa isaatii mootii in ta'e.
**36 17:14; 31:8*

Hisqiyaas Dhukkubsatee Fayyuu Isaa
(2Mot 20:1-11; 2Sen 32:24-26)

38 1 Baras Hisqiyaas dhukkubsatee du'uu ga'ee ture; Isaayaas ilmi Amoz inni raajichi gara isaa dhaqee, "Ati in duuta malee hin fayyitu tuttii, wanta mana keetiif abboomtu qoqqopheessi! siin jedhe Waaqayyo" jedheen; 2 yommus Hisqiyaas gara keenyaniitti garagalee Waaqayyoon in kadhate; 3 Hisqiyaas boo'icha guddaa boo'ee, "Maaloo yaa Waaqayyo! Bara jireenya kootti amanamummaadhaa fi garaa guutuudhaan fuula kee dura deddeebi'aa akkan ture, wanta si duratti gaarii ta'es hojjechaa akkan ture, akka yaadattuuf sin kadhadha!" jedhe*.
**3 2Mot 18:3-6*

4 Yommus dubbiin Waaqayyoo gara Isaayaas dhufee, 5 "Dhaqii Hisqiyaasiin, 'Waaqayyo gooftaan inni kan abbaa keetii Daawit akkana jedha:- Ani kadhata kee dhaga'eera, imimmaan kees argeera; kunoo, bara jireenya kee irrattis waggaa kudha sban siif nan dabala; 6 mandarattii kana nan eega; ati, mandarattiin kunis harka mootii Asor jala akka hin galle nan godha' jedhi!" jedheen. 7 Waaqayyo isa dubbate kana akka fiixaan baasuuf milikkita siif in kenna; 8 kanaafis inni, " 'Kunoo, gaaddisa manaa isa bunsaa mana Ahaaz irraa gad bu'e kana tarkaanfii kudhan akka inni gara booddee deebi'u nan godha' jedheera" jedhe; yommusumas gaaddisi manaa sun tarkaanfii kudhan gara booddeetti in deebi'e.

Hisqiyaas Faarfannaa Galataa Caafuu Isaa

9 Hisqiyaas mootiin Yihudaa dhukkuba isaattii erga fayyee booddee wanta kanatti fufee jiru in caafe;
10 "Ani walakkaa bara jireenya kootiitti
gara karra iddoo lafa jalaa nan dhaqa,
barri koo inni hafes ana irraa in cita*;
11 deebi'ee biyya warra jiraataatti Waaqayyoon,
biyya lafaa irrattis namoota hin argu*;
12 akkuma godoon warra tiksituu buqqa'u,
akkasuma barri jireenya koo ana irraa in fuudhama;
akkuma warri wayyaa dha'an wayyicha maran,
akkasuma jireenyi koo in marama;
akka nama arbii keessaa wayyaa muruuttis,
jireenya koo in mura;
guyyaadhaa gara guyyaatti dhumni jireenya koo
dhi'aachaa in adeema*.
13 Ani hamma lafti bari'utti gargaarsaaf nan iyya,
inni garuu akka leencaa lafee koo waan caccabsu anatti fakkaata;
guyyaadhaa gara guyyaatti dhumni jireenya koo
dhi'aachaa in adeema.
**10 Far 102:24*
**11 Far 27:13; 63:2*
**12 Iyo 4:21; 2Qor 5:1*

14 "Ani akka simbirroo daalotee nan dubbadha,
akka gugees nan aada;
iji koo ol ilaalnu dadhabeera.
Yaa Waaqayyo, ani rakkadheera ati na gargaari!
15 Inni erga anatti himee,
erga raawwatees
ani maalan jedha ree?
Sababii jireenyi anatti hadhaa'eef
bara jireenya koo hundumaa
gad of deebisee nan tiradha.
16 Yaa Waaqayyo!
Namni dubbii keetii fi
gocha keetiin in jiraata,
hafuurri koos kana duwwaadhaan
jireenya in argata;
ati na fayyifteetta, na
jiraachifteettas.
17 Ati cubbuu koo bundumaa
of duubatti gattee
lubbuu koo boolla badiisaa irraa

waan deebifteef,
kunoo, gidiraan koo qannootti
anaaf in diddiirame*;
18 iddoon lafa jalaa si hin
galateeffatu,
duunis si hin faarfatu;
warri du'anii boollatti gad bu'an
amanamummaa kee hin
abdatan*.
19 Akkuma ani har'a si
galateeffadhu,
warra jireenyatti jiran
duwwaatu si galateeffata,
abbaanis ijoollee isaatti
amanamummaa kee in
hima;
20 Waaqayyo na fayyiseera;
kanaafis kottaa bara jireenya
keenyaa hundumaatti
mi'a ribuu qabuun
mana Waaqayyoo keessatti in
faarfannaa!"

**17 Far 32:5; 103:3-4; Mik 7:19*
**18 Far 6:5; 115:17*

21 Isaayaas duraan, "Hisqiyaas akka fayyuuf baala harbuu ibidda jala dibanii iita sana irra isaaf haa buusan!" jedhee ture; 22 Hisqiyaas immoo, "Ani mana Waaqayyoo lixuu akkan danda'uuf milikkinni isaa maali?" jedhee gaafatee ture.

Mootiin Baabilon Hisqiyaasiif Kennaa Erguu Isaa
(2Mot 20:12-19)

39 1 Merodaak-Baladaan ilmi Baladaan mootiin Baabilon, Hisqiyaas dhukkubsatee akka fayye yommuu dhaga'e, caaffataa fi kennaa namootatti in ergeef; 2 Hisqiyaas jarreen ergaman sana gammachuudhaan simatee, mana qabeenya isaatii keessa kan jiru hundumaa, meetii, warqee, urgooftuu, dhadhaa ejersaa isa ba'eessa, mi'a waraanaa, badhaadhummaa biyya isaa keessa jiru hundumaa keessaa tokko illee utuu hin bambisin isaanitti in argisiise.

3 Kana booddee Isaayaas raajichi gara Hisqiyaas mootichaa dhufee, "Jarreen kun maal jedhan? Eessaas gara kee dhufan?" jedheen; Hisqiyaas immoo, "Baabilon biyya fagoo sanaa ba'anii na bira dhufan" jedhe; 4 itti fufees Isaayaas, "Mana kee keessatti maalfaa argan?" jedhee gaafate; Hisqiyaas immoo deebisee, "Wanta mana koo keessa jiru hundumaa arganiiru; qabeenya koo keessaa wanti ani isaanitti hin argisiisin tokko illee hin jiru" jedhe.

5 Kana irratti Isaayaas raajichi Hisqiyaasiin, "Mee wanta Waaqayyo gooftaan maccaa jedhu dhaga'i! 6 Kunoo, guyyaan itti qabeenyi mana kee keessa jiruu fi wanti abboonni kee hamma ammaatti walitti qaban hundinuu gara biyya Baabilonitti geeffamu in dhufa; wanti tokko illees siif hin hafu; 7 ilmaan ati godhatte keessaas kaan gara biyya Baabilonitti in geeffamu; achittis xu'aasbii ta'anii mana mootii Baabilon keessa in ergamu" jedha Waaqayyo. 8 Yommus Hisqiyaas, "Hamma ani jirutti nagaanii fi gabiin in ta'a" jedhee waan yaadeef, Isaayaasiin, "Dubbiin Waaqayyoo inni ati amma dubbatte kun ba'eessa" jedhe.

Sagaleen Jajjabluaa Hlmamuu Isaa

40 1 Waaqayyo keessan,
"Jajjabeessaa!
Saba koo jajjabeessaa*!
2 Garaa saba Yerusaalem
kan rukutu dubbadhaatii,
cubbuu isaa hundumaaf
harka Waaqayyo keessaa adaba
dachaa lama akka fudhate,
barri inni garbummaatti
rakkachaa ture akka
raawwatc,
yakki isaas akka dhiifameef,
itti himaa!" jedha*.

**1 61:2; 66:13*
**2 Er 16:18*

3 Sagaleen nama lafa onaa keessaa
lallabu tokkoo,
"Waaqayyoof karaa tolchaatii
haraa,
lafa duwwaa keessattis
karaa gooftaan keenya irra
adeemu qajeelchaa!
4 Dachaan hundinuu ol haa
kaafamu,
tulluun, gaarris hundinuu haa
kuffifamu!
Inni bu'aa-ba'iin diriiraa haa ta'u,
inni wal caccaalaanis
wal haa qiqixxaatu*!
5 Yommus ulfinni Waaqayyoo in
mul'ata,

Waaqayyo ofii isaatii kana
waan dubbateef,
namni hundinuu kana arguuf
jira" in jedha.

**3-4 11:16; 35:8; 43:19; 49:11; 57:14; 42:16; Mat 3:3*

6 Sagaleen tokko, "Labsi!"
utuu jedhuu nan dhaga'e,
ani immoo kana irratti, "Maal
jedhee labsu?" nan jedhe;
inni immoo deebisee, " 'Namni
hundinuu akka margaa ti,
miidhagummaan isaanii
hundinuus
akka daraaraa bakkee
keessaa ti;
7 yommuu Waaqayyo hafuura
isaanitti baafatu,
margichi in coollaga,
daraarichis in harca'a;
dhugumaan sabichi akka
margaa ti;
8 margichi in coollaga,
daraarichis in harca'a,
dubbiin Waaqayyo keenyaa
garuu
bara baraan dhaabatee in hafa'
jedhi!" jedhe*.

**6-8 51:12; Far 33:9-11; 90:5-6; 103:15-17; Yaq 1:10-11; 1Phe 1:24-25; Isa 55:11; Far 119:89-90; Mat 24:35*

9 Yaa isa Xiyoonitti misraacboo
himtuu
tulluu dheeraatti ol ba'i!
Yaa isa Yerusaalemitti
misraachoo himtuu,
sagalee kee humnaan ol fuudhi!
Ol fuudhi, hin sodaatinis!
Mandaroota Yihudaatiin,
"Ilaa, Waaqayyo keessan!"
jedhi*.
10 Kunoo, Waaqayyo gooftaan
humnaan in dhufa,
irree isaatiinis in mo'a!
Kunoo, gatiin inni namaaf kennu
isa harka jira,
miindaa isaas of duraa qaba*;
11 inni akka tikseetti
hoolota isaa in tiksa,
ilmoolees harka isaatiin
walitti in sassaaba,
kaasuutti isaan in baata,
haadhotii hoolotaa warra
boosisanis
suuta jedhee in oofa*.

**9 35:4*
**10 62:11*
**11 46:3-4; Er 31:10; His 34:11-16; Yoh 10:11*

Waaqayyo Uumama Hundumaaf Gooftaa Ta'uu Isaa

12 Eenyutu bishaanota barkaan
hammaaree safare?
Eenyutu waaqota taakkuudhaan
safare?
Eenyutu biyyoo lafaa guubootti
naqee fixuu danda'a?
Eenyutu tullootaa fl gaarota
madaalii irra kaa'a?
13 Eenyutu humna hafuura
Waaqayyoo
shallaguu danda'a?
Eenyutus Waaqayyoon gorsee
barsiisuu danda'a?
14 Inni eenyuun gorsa gaafata?
Yaada ogummaa eenyu irraa
argata?
Karaa qajeelaa eenyutu isa
barsiisa?
Beekumsa ittiin hubatus
kan isa barsiisu eenyu*?

**12-14 Iyo 38; Rom 11:34-35; 1Qor 2:14-16*

15 Kunoo, sabni lafa irraa
akka copha qodaa bishaanii
irraa cophuu ti,
akka awwaara madaalii irra
buufatuu ti.
Kunoo, biyya bishaan keessaa
hundumaas
akka awwaarri ka'utti isaan in
kaasa;
16 qoraan caakkaa Liibaanon keessa
jiru
aarsaa gubamuuf hin ga'u;
bineensonni achi keessa jiranis
qalma gubamuuf hin ga'an;
17 sabni lafa irraa hundinuu
isa duratti wayyitti hin
galan,
isaan isa duratti
waan tokkotti iyyuu hin
lakkaa'aman.

18 Waaqayyoon eenyutti fakkeessitu?
Fakkeenya attamiitii wajjinis
wal bukkee qabdu?
19 Namni harka-toleessi waaqayyolii
tolfamoo
bifa garaa garaatiin in tolcha;
inni warqee tumu

warqee isatti in uffisa,
dirata meetiis isaaf in
qopheessa;
20 namni hiyyummaaf isa akkasii
godhachuu hin dandeenye,
muka keessaa isa dafee hin
bosofne in fo'ata,
nama harka-toleessas
barbaaddatee,
fakkeenya waaqayyolii
tolfamoo isaatii
hojjechiifatee,
akka inni hin sochoonetti in
dhaabsifata*.
18-20 46:1-8; 41:21-29; 44:9-20

21 Isin hin beeknee ree? Hin
dhageenyeesii ree?
Jalqaba duriitii jalqabee
isinitti hin himamne moo?
Biyyi lafaa attamitti akka uumame
isin hin hubannee ree?
22 Isa guutummaa biyya lafaa
gararraa
taa'utu isa uume,
warri lafa irra jiraatan
isa duratti qorophisa in
fakkaatu;
inni waaqa akka golgaa in
diriirse;
akka dunkaana keessa
jiraataniis
isa in dhaabe*.
23 Inni isa gurguddoota biyyaa
wayyitti akka hin galle,
abboota firdii biyya lafaa irraas
waan tokkotti akka hin
lakkaa'amne godhee dha*;
24 facaafamuun isaanii utuu hin
beekamin,
dhaabamuun isaanii utuu hin
baramin,
hundeen isaaniis utuu lafa hin
qabatin,
inni achumaan hafuura
isaanitti in baafate;
isaan achumaan in coollagan,
akka habaqiis bubbeedhaan in
fuudhaman*.
22 42:5; 44:24; 45:12; Zak 12:1; Far 104:2-3
23 2:11-12; Luq 1:51-52
24 17:13

25 Kanaafis, "Eenyutti ana
fakkeessitu?
Eenyu wajjinis wal nu
qixxeessitu?"
jedhe inni qulqulluun.
26 Mee ol jedhaatii ija keessaniin
ilaalaa!
Urjoota kana hundumaa
eenyutu uume?
Macca isaanii lakkoobsaan
eenyutu gad yaasa?
Hunduma isaaniis maqaa
maqaadhaan in waama,
inni humna-qabeessaa fi
aango-qabeessa
waan ta'eef,
isaan keessaa kan dhabamu
tokko illee hin jiru*.
26 Uma 1:14-18; Far 147:4

27 Yaa Yaaqoob, yaa Israa'el,
"Karaan koo Waaqayyo duraa
in dhokate,
firdiin koos Waaqayyo koo
biratti
anaaf hin ilaalamne"
jettee maaliif dubbatta?
Maaliifis komatta?
28 Ati hin beeknee ree? Hin
dhageenyeesii ree?
Waaqayyo, gooftaa hara baraan
jiraatuu dha,
inni isa guutummaa biyya lafaa
uumee dha;
inni hin mudhuku, hin dadhabu,
hubannaa isaas namni qoree
bira hin ga'u*;
29 inni warra dadhabaniif humna in
kenna,
warra aangoo hin qabneefis
jabina in kenna;
30 ijoollonni in dadhabu, in
mudhukus,
dargaggoonnis gufatanii in
kufu;
31 warri Waaqayyoon abdiidhaan
eeggatan garuu
humni isaanii in haareffama;
akka joobiraas baalleedhaan
ol in ka'u;
in fiigu, garuu hin dadhaban,
in adeemu, garuu hin
mudhukan*.
28 40:21-22
31 Far 103:5

Waaqayyo Hundee Abdii Israa'el Ta'uu Isaa

41 1 Isin warri biyya galaana
gidduu
keessa jiraattan,
yeroo gara koo dhuftan
cal jedhaa na dhaggeeffadhaa!
Sabnis humna keessan
haareffadhaa,
as dhi'aadhaatii dubbadhaa!
Kottaa walii wajjin firdiidhaaf
in dhi'aannaa!

2 Qajeelummaadhaan
hojjechuudhaaf
ba'a-biiftuutii isa dhufe,
isa saba lafa irraa hundumaa
mootota isaanii wajjin
dhidhiitu,
isa billaa isaatiin saba lafa irraa
awwaara bade godhu,
isa iddaa isaatiin akka
qilleensa habaqiin fuudhuu
isaan bittimsu, eenyutu kaase*?
3 Inni isaan in ari'a,
ofii isaatii garuu nagaadhaan
of irraa bu'ee
karaa kanaan dura
miilli isaa irra ejjetee hin
beekne irra in adeema.
4 Kun akka ta'u kan godhe,
fiixaanis kan baase eenyu?
Jalqabuma iyyuu dhaloonni
hundinuu
akka jiraatan kan godhe eenyu?
Ani Waaqayyo isa duraa ti
isa booddee tis*.
2 44:28; 45:1-5; 46:11; 48:14-15
4 44:6; 48:12; Mul 1:8

5 Biyyoonni galaana qarqara jiran
waanan godhe kana arganii in
sodaatu,
warri andaara lafaa jiranis
rom'anii
walitti dhi'aachuuf in dhufu;
6 isaan hundinuu wal in gargaaru,
inni tokkos obboleessa isaatiin
"Jabaadhu!" in jedha.
7 Inni hojii harkaa beeku
isa warqee tumu in jajjabeessa,
inni burruusaan wal qixxeessu
isa waaqa tolfamaa sana irratti
warqee baqsuun
"Ba'eessa" jedhee in toosisa;
bifni fakkeenyichaa akka hin
sochooneef immoo
cinqaaraan walitti in qabsiisa*.
7 40:18-20

8 Yaa Israa'el, ati garuu garbicha
koo ti,
yaa Yaaqoob ani si fo'adheera;
ati sanyii Abrahaam
sanyii fira kootii ti*;
9 ani andaara lafaatii sin fide,
biyya fagoodhaas sin waame,
"Ati garbicha koo ti, ani si
fo'adheera,
ani si hin tuffanne" nan jedhe.
10 Egaa ani sii wajjin waanan jiruuf
hin sodaatin!
Ani Waaqayyo kee ti hin na'in!
Ani sin jabeessa, ani sin
gargaaras;
irree qajeelummaa koo isa
mirgaatiin ol sin qaba*.
8 42:19; 43:10; 44:1,21; 45:4; Far 135:4; 2Sen 20:7
10 43:1,5; 44:8; 51:7; 54:4

11 Kunoo, warri si hadheessan hundinuu
in yeella'u, in salphatus;
warri si irratti ka'anis in dhumu
malee,
waa'ee hin baasan.
12 Ati warra si irratti ka'an kana
yoo barbaadde iyyuu isaan hin
argitu,
warri si lolan akka waan hin
jirree in ta'u.
13 Ani Waaqayyo gooftaa kee isa
harka kee mirgaa qabee
"Hin sodaatin! Ani sin gargaara'o"
siin jedhuu dha.
14 Waaqayyo inni si furu,
inni qulqulluun kan Israa'el,
"Ani ofii kootii waanan si
gargaaruuf,
yaa Yaaqoob raammoo nana,
yaa Israa'el xinnayyoo nana hin
sodaatin!"
jedhee dubbateera*.
14 41:10; 43:3

15 Kunoo, ani konkolaataa midhaan
siribsiisu,
isa haaraa ilkaan isaa qara
qabu sin godha;
ati tulloota irra baatee
isaan in caccabsita,
gaarotas akka habaqii in goota;

16 ati akka nama midhaan
qoorba'nutti
qilleensatti ol isaan in darbatta,
innis isaan in fudhata,
bubbeenis isaan in tamsaasa;
ati garuu Waaqayyotti in
gammadda,
isa qulqulluu kan Israa'eliin of
in jajja.

**Waaqayyo Saba Isaa
Biyya Baabilonii Akka Baasu
Dubbachuu Isaa**

17 Waaqayyo,
"Yommuu warri rakkatoo fi
gadadamoonni
bishaan barbaadanii dhaban,
yommuu arrabni isaanii
dheebuudhaan gogu,
ani Waaqayyo kadhata isaanii
nan dhaga'aaf;
ani Waaqayyo inni kan Israa'el
isaan hin gatu;
18 ani iddoo gogaa fi
ol ka'aa dhoosee isa keessaa
bishaan nan yaasa,
dachaa keessaa burqoota nan
baasa,
lafa onaa iddoo ciisa bishaanii
nan godha,
lafa gogaa keessaas bishaan
nan lolaasa*.
19 Gaattiraan, laaftoon,
hadheessii fi ejersi,
lafa onaa keessatti akka biqilu,
lafa duwwaa keessas
mukti baalli isaa
yeroo hundumaa lalisu,
birbirsii fi qaraaroon
akka dhaabamu nan godha.
20 Ani Waaqayyo humna kootiin
kana akkan godhe,
ani qulqulluun Israa'el
kana akkan uume,
namoonni akka argan, akka
beekanii fi
akka itti yaadanii bubatanis
nan godha" jedhe.
18 35:7; 43:19; Bau 17:6; Far 107:35

**Waaqayyoliin Biyya Lafaa Akka
Waa'ee Hin Baafne Mul'isuu Isaa**

21 Waaqayyo mootiin Yaaqoob,
"Yaa waaqayyolii saba lafa
irraa,
mee dhimma keessan
dhi'eeffadhaa!
Wanta ittiin falmattanis
himadhaa!
22 Mee as ba'aatii
wanta si'achi ta'uuf jiru
nutti mul'isaa,
nuyi akka qalbifannutti
yommuu inni fiixaan ba'us
akka hubannutti,
isa kanaan dura ta'e,
yookiis wanta gara fuula
duraatti ta'uuf jiru, nutti
himaa!
23 Nuyi waaqayyolii ta'uu keessan
akka beeknutti,
mee wanta kana booddeedhaan
dhufuuf jiru nutti himaa!
Eyyee! Nuyi isa arginee
naanee akka sodaannutti,
mee wanta gaarii yookiis
wanta hamaa bojjedhaa kaa!
24 Isin homaattuu hin galtan,
hojiin keessanis waa'ee hin
baasu;
namni isin abdatus ciigga'amaa
dha*.
21-24 43:9; 44:7; 40:18-20

25 "Ani biyya gara bitaatii
nama tokko nan kaase,
innis in dhufa;
gara ba'a-biiftuutiis tokko nan
waame,
innis maqaa koo in waammata;
inni warra biyya bulchan
akka dhoqqee lafatti in
dbidhiita;
akka namni suphee dha'u
miillaan lafatti dhiitee
bukeessuus, isaan in godha;
26 nuyi kana akka hubannuuf
eenyutu duraan dursee
wanti kun akka ta'u bime?
Nuyi, 'Namichi dhuguma jedhe'
akka jennutti
eenyutu dur waa'ee kanaa
raajii dubbate?
Lakkii! Isin keessaa namni tokko
illee
kana bin beekne,
namni tokko illee waa'ee
kanaaf
raajii hin dubbanne,
waa'ee kanaa namni tokko illee
isin irraa hin dhageenye;

27 ana, inni duraan dursee
Xiyooniin,
'Ilaa, kunoo, sabni kee dhufaa
jira' jedhe,
ana inni Yerusaalemiif
isa ergaa nagaa baatu erge;
28 gara waaqayyolii tolfamoo
yommuun ilaalu,
isaan keessaa gorsa kan kennu
tokko illee bin jiru;
yommuun isaan gaafadhus
kan anaaf deebisu bin jiru.
29 Kunoo, isaan hundumti isaanii
wayyitti bin galan,
hojiin isaaniis waa'ee hin
baasu,
bifni fakkeenyaa isaaniis
wanta akkasumaanii ti" jedha*.
25-29 48:3-5; 45:1-5; 52:7

**Garbichi Waaqayyoo Biyya
Lafaatiif Ifa Ta'uu Isaa**
(Isa 50:4-11)

42 1 Waaqayyo itti fufee, "Kunoo,
garbichi koo inni ani
ol ol qabu,
inni ani fo'adhe,
inni ani jaalladhu isa kana!
Ani hafuura koo isaaf kenneera,
inni firdii qajeelaa
saba lafa irraatiif in baasa;
2 inni hin iyyu, hin wacu,
sagaleen isaas karaa irratti
akka dhaga'amu hin godhu;
3 inni jajjaba buruqfame hin cabsu,
fo'aa ibsaa isa seequs hin
dhaamsu;
inni amanamummaadhaan
firdii in kenna.
4 Inni firdii qajeelaa
lafa irratti hamma fidutti
itmma fufa malee,
hin dadhabu, abdiis hin kutatu;
warri biyya galaana gidduu
keessa jiraatanis
seera isaa abdiidhaan in
eeggatu" jedhe*.
1-4 Mat 3:17; Isa 49:1-6; 50:4-11; Mat 12:18-21

5 Waaqayyo gooftaan inni
bantiiwwan
waaqaa diriirse,
inni biyya lafaa fi
wanta isa irratti biqilu uume,
inni lafa kana irratti
namootaaf hafuura kenne,
warra lafa irra jiraatan
hundumaafis jireenya
kenne*,
6 "Ani Waaqayyoo dha,
ani qajeelummaadhaan si
waameera,
ani harka sin qaba, sin eegas;
saba ani kakuu galeefiif,
saba lafa irraatiifis ifa
akka taatuuf si kenneera*;
7 ija warra jaamaa akka bantu,
warra hidhaman akka biiktu,
warra dukkana mana hidhaa
keessa jiranis
akka baaftu sin godha*.
5 40:22
6 49:6; Luq 2:32
7 51:14

8 "Ani Waaqayyoo dha, maqaan
koo isa kana;
ani ulfina koo kan biraatiif hin
kennu,
maqaa koo isan ittiin
galateeffamus
waaqayyolii tolfamaniif hin
dhiisu*.
9 Kunoo, wanti dur dubbatame
ta'eera,
amma immoo waan haaraa
isinitti nan beeksisa,
utuu isaan bakkeetti hin ba'inis
isinitti nan hima" jedhe*.
8 Bau 3:15; Isa 48:11
9 48:6

**Faarfannaa Galataa Waaqayyoof
Dhi'eessuu Isaanii**

10 Faarfannaa haaraadhaan
Waaqayyoon faarfadhaa!
Galata isaas hamma
andaara lafaatti himaa!
Warri galaana irra adeemtanii fi
warri isa keessa jiraattan
hundinuu,
biyyi galaana gidduu fi
warri achi keessa jiraattan
hundinuu isa galateeffadhaa!
11 Lafti onaa fi mandaroonni
achi keessa jiran,
warri Qedaar keessa jiraatanis
sagalee isaanii ol haa fudhatan!
Warri mandara Selaa keessa
jiraatan
gammadanii haa faarfatan,

warri gubbee tulluu irra
jiraatanis haa ililchan!
12 Isaan Waaqayyoof ulfina haa
kennan,
galata isaas
warra biyya galaana gidduu
keessa jiraatanitti haa
himan*!
13 Waaqayyo akka loltuu jabaatri
gad in ba'a,
akka gootaas hinaaffaan isaa
isa keessaa in dammaqa;
inni dhaadannaa lolaa in dhaadata,
sagalee guddaadhaanis in
dubbata,
aangoo isaas diinota isaatti in
argisiisa*.
10-12 Far 98:1-9; 33:3
13 40:10

14 Yommus Waaqayyo,
"Ani yeroo dheeraan calluma
jedhee,
gab jedhee, of qabees ture,
amma garuu akka dubartii
ciniinsfattuu
tokkichumaan nan aada,
nan argana, nan iyyas;
15 ani tullootaa fi gaarota nan onsa,
biqila achi irra jiru
hundumaas nan gogsa;
lagoota bishaan keessa yaa'anis
gogsee
akka biyya galaana gidduu nan
godha,
burqootas nan gogsa.
16 Warra jaamota garuu karaa isaan
hin beekne irra,
daandii dur irra ba'anii hin
beekne irras
isaan nan geessa;
dukkana ifatti isaaniif nan
diddiira,
iddoo jajal'aas wal nan
qixxeessaaf;
ani kana isaaniif nan godha,
deebi'ees isaan hin gatu*;
17 warri waaqayyolii tolfamoo
amanatanii,
'Isin waaqayyolii keenya'
isaaniin jedhan,
deebi'anii in yeella'u*.
16 40:4
17 44:11; 45:16; Far 97:7

Sabni Israa'el Duudaa
Fi Jaamaa Ta'uu Isaa

18 "Isin warri duudaan dhaga'aa!
Isin warri jaamaanis argaa*!
19 Garbichuma koo malee jaamaan
eenyu?
Ergamaadhuma koo isa
ani erge malee,
duudaan eenyu?
Akka isuma guutummaatti
kan koo ta'uun isaa beekame,
akka garbicha kootiis eenyutu
jaamaa dha*?
20 Wanta baay'ee argitaniittu,
garuu isa hin cegdan;
gurri keessan banamaa dha,
garuu wanta tokko illee hin
dhageessan" jedhe*.
21 Waaqayyo qajeelummaa isaatiif
jedhee
seera isaa guddaadhaa fi
ulfina-qabeessa godhuu in
jaallate.
22 Sabni kun garuu in saamaman,
in booji'amanis;
hundumti isaanii qabamanii
mana hidhaa keessa in
buufaman;
yommuu isaan saamaman
namni isaan oolchu hin turre,
warra booji'eenis, "Deebisaa!"
kan jedhu hin turre.
18 43:8
19 41:8-9
20 6:10

23 Isin keessaa eenyutu
kana dhaga'uu jaallata?
Isa si'achi dhufuuf jirus
eenyutu dhaga'ee qalbifata?
24 Yaaqoobin eenyutu warra isa
saamutti dabarsee kenne?
Yookiis Israa'elin
eenyutu warra aatuutti
dabarsee kenne?
Waaqayyo isa nuyi fuula isaa
duratti
cubbuu hojjenne sana mitii ree?
Nuyi karaa isaa irra adeemuu hin
jaallanne,
abboommii isaas hin eegne;
25 kanaaf inni dheekkamsa isaa
isa akka barbadaa ibiddaa
nu irratti in dhangalaase,
lola cimaas nutti in fide;
inni naannessee ibidda

nutti in qabsiise,
nuyi garuu amma iyyuu isa hin
hubanne;
inni nu in gube,
nuyi garuu kana garaatti hin
qabanne*.
24-25 Kes 28:15,25

Waaqayyo Saba Isaa Akka
Furu Abdachiisuu Isaa

43 1 Amma garuu yaa Yaaqoob,
yaa Israa'el,
Waaqayyo inni si uume,
inni si tolches,
"Ani si fureera hin sodaatin,
'Ati kan koo ti' jedhees maqaa
keetiin si waameera*;
2 yommuu ati bishaan keessa
adeemtu
ani sii wajjinan jira,
yommuu ati bishaan keessa ceetus
bishaan si fudhatee hin badu;
ibidda keessa yommuu darbitu
hin gubattu,
arrabni ibiddaas si hin qabatu*;
3 ani Waaqayyo gooftaan kee
isa qulqulluu kan Israa'el,
ani fayyisaa kee ti;
ani Gibxin furee keetiif,
Kuushii fi Saabaas qooda kee
nan kenna*;
4 ati ana duratti gati-jabeessaa fi
ulfina-qabeessa waan taateef,
waanan si jaalladhuufis qooda
lubbuu keetii,
saba warra kaan dabarsee nan
kenna;
5 ani sii wajjin waanan jiruuf hin
sodaatin!
Sanyii kee gara ba'a-biiftuutii
nan fida,
gara lixa-biiftuutiis
walitti siif nan qaba;
6 ani biyya gara bitaatiin,
'Gad isaan dhiisi!'
biyya gara mirgaatiinis,
'Isaan hin dhowwatin!' nan
jedha;
ilmaan koo biyya fagoodhaa,
intaloonni koos andaara lafaatii
haa dhufan*!
7 Warri maqaa kootiin waamaman
hundinuu,
warri ani ulfina kootiif
uummadhe,
warri ani tolchee bifa itti godhe
baa dhufan!" jedhe*.
1 41:10
2 Bau 14:21; Far 66:12; Dan 3:24-27
3 41:14; 43:11,14; 45:15,21; 47:4; 49:7,26; Luq 1:47
5-6 60:4; 11:11-12
7 42:8; 48:11

8 Sabni ija utuu qabuu jaamaa ta'e,
gurras utuu qabuu duudaa ta'e
as baa dhufu*!
9 Sabni lafa irraa hundinuu
walitti haa qabaman,
sabni garaa garaas wal haa
ga'an,
kun dhugaa ta'uu isaa akka
himanitti,
namnis kana dhaga'ee,
"Kun dhuguma!" akka jedhutti,
isaan keessaa eenyutu
wanta amma ta'e kana
duraan dursee hime?
Mee nama kana dhugaa isaaniif
ba'u
as haa dbi'eessan kaa*!
8 42:18
9 41:22,26

10 Waaqayyo, "Yaa saba nana,
isin dhuga-baatuu koo ti,
garbichi ani fo'adhes isinuma,
isin akka beektaniif
akka amantanitti,
isa kana kan godhe
ana Waaqayyo akka ta'e akka
bubattanitti,
ana dura Waaqayyo kan biraa
hin turre,
ana booddees Waaqayyo
kan biraa hin jiraatu*.
11 Ana duwwaatu Waaqayyoo dha,
ana malee fayyisaan
kan biraa hin jiru*.
12 Ani duraan dursee himeera,
isin oolcheera,
isinitti dubbadheeras;
waaqayyoliin ormaa garuu
isin gidduutti kana bin goone;
ani duwwaan Waaqayyo
akkan ta'e
isin dhuga-baatuu koo ti!"
jedhe;
Waaqayyo kana dubbateera.
13 Waaqayyo itti fufee,
"Ani ammas Waaqayyoo dha,
gara fuula duraattis
kan jiraatu anuma;

harka koo keessaa waan
tokko illee
baasuu kan danda'u hin jiru,
wanta ani hojjedhus
kan garagalchu hin jiru" jedhe.
**10 44:8; 41:8-9*
**11 43:3; Kes 32:39*

Waaqayyo Saba Isaatiif Araaramuu Isaa

14 Waaqayyo inni isin fure,
inni qulqulluun kan Israa'el,
"Ani isiniif jedhee
Baabilonitti nama nan erga;
innis hunduma isaanii,
warra Kaldootaa iyyuu
utuu hin hambisin,
booji'ee markaboota isaaniitiin
iyyaa
akka adeeman in godha*.
15 Ani Waaqayyo isa qulqulluu kan
keessanii ti,
isin warra Israa'el
kan uume ana;
mootiin keessanis ana" in
jedha.
16 Waaqayyo inni galaana keessa
karaa baase,
inni bishaan humna-qabeeyyii
keessatti daandii tolche*,
17 inni konkolaataa fi fardeen
diinaa gad yaasise,
loltuu fi mi'a lolaa
achitti baasise sun,
jara immoo achii utuu hin ka'in
akka dhuman,
akka fo'aa ibsaas
dimimmisaa'anii
akka dhaaman in godhe*.
18 Kanaafis Waaqayyo,
"Isa durii hin yaadatinaa,
wanta darbettis yaada keessan
hin hidhinaa!
19 Kunoo, ani wanta haaraa nan
godha,
inni amma iyyuu as ba'uutti
jira;
isin hin argitanii?
Ani lafa onaa keessa karaa nan
baasa,
lafa duwwaa keessas
bishaanota nan yaasa;
20 ani saba koo warra ani fo'adhe
obaasuudhaaf,
lafa onaa keessaa bishaan
burqisiisee,
laga lafa duwwaa keessas
bishaan waanan yaaseef,
bineensonni caakkaa ulfina
anaaf in kennu,
waangonnii fi guchiiwwan na
galateeffatu.
21 Saba kana ofii kootiif
uummachuun koo,
akka inni na galateeffatuuf
ture*.
**14 45:1-5*
**16 Bau 14:22; Iya 3:16*
**17 Bau 14:23-28*
**18-21 Er 23:7-8; Isa 41:18; 48:6; 65:17; 1Phe 2:9*

22 "Haa ta'u iyyuu malee, yaa
Yaaqoob,
ati ana hin waammanne,
yaa Israa'el, ati na yaadachuu
iyyuu in dadhabde;
23 qalma gubamu
anaaf dhi'eessuudhaaf
xobbaallaa hin fidne,
aarsaa keetiinis anaaf
ulfina hin laanne;
kennaa midhaanii akka anaaf
dhi'eessituuf
si hin giddisiifne,
ixaanas akka anaaf aarsituuf
si hin dadhabsiifne.
24 Ati cubbuu keetiin na rakkifte,
yakka keetiinis na dadhabsiifte
malee,
meetii keetiin muka urgooftuu
anaaf hin biinne,
cooma aarsaa keetiinis
garaa ana hin ciibsine*.
**22-24 1:10-17*

25 "Ana, anumatu
ofuma kootiif jedhee,
irra-daddarbaa kee siif
balleessa;
cubbuu kees deebi'ee hin
yaadadhu*;
26 wantan si godhe mee himadhu!
Kottu walii wajjin dhugaa isaa
keessaa in baafnaa!
Dhugaa qabda yoo ta'eef
akka siif beekamutti,
dhimma kee himadhu*!
27 Dura abbaa keetu cubbuu hojjete,
amma immoo warra siif
dubbatantu na yakke;
28 kanaafan gurguddoota

mana qulqullummaa keessaa
hojjetan,
akka wanta xuraa'aatti
dabarsee kennee
Yaaqoobin raawwadhee balleessee
Israa'elin yeellaasise.
**25 1:18; 44:22; Er 31:34*
**26 Far 50:4; Mik 6:2-3*

Waaqayyo Saba Israa'eliif Abdii Kennuu Isaa

44 1 "Yaa Yaaqoob garbicha ko,
yaa saba Israa'el isa ani
fo'adhee, mee dhaga'i!
2 Ani Waaqayyo kanan si uume,
gadameessa haadha kee
keessatti
kanan si tolche,
kanan si gargaaru,
'Yaa Yaaqoob garbicha ko,
yaa Yeshuuruun isa ani
fo'adhee hin sodaatin!'
siin nan jedha*.
3 Ani lafa dheebotaa irratti bokkaa
nan roobsa,
lafa gogaa keessa bishaan nan
lolaasa;
ani sanyii kee irratti hafuura koo,
ijoollota kee irrattis eebba koo
nan dhangalaasa*;
4 isaan akka marga bishaan
gidduu jiruu fi
akka alaltuu
bishaan yaa'u bukkee
dhaabatuu in lalisu.
5 Yommus namoonni tokko tokkoon
yaa'anii dhufanii,
inni tokko, 'Ani kan
Waaqayyoo ti' in jedha,
inni kaan immoo, Yaaqoobiin of
in waama;
kan biraas, 'Ani kan
Waaqayyoo ti' jedhee
harka isaa irratti in caafa,
Israa'elittis in moggaafama"
jedhe*.
**2 Kes 32:15*
**3 32:15; Yoe 2:28*
**5 14:1; 55:5; Far 87:4-7*

Waaqayyo Bara Baraan Jiraataa Ta'uu Isaa

6 Waaqayyo mootiin Israa'el
inni Israa'elin furu,
Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Ani isa jalqabaa ti,
isa dhumaa tis,
ana malee Waaqayyo kan biraa
hin jiru*;
7 kan akka kootii eenyu?
Mee achii as ba'ee of haa
beeksisu,
dubbatees amansiisa isaa
anatti haa mul'isu!
Ergan namoota warra durii
uumee jalqabee,
wanta ta'e,
wanta dhufuuf jirus,
duraan dursee haa himu*!
8 Hin sodaatinaa, hin na'inaas!
Ani kana isinitti hin himnee
ree?
Duraan dursees
isinitti hin mul'ifnee ree?
Egaa isin anaaf dhuga-baatota;
ana malee Waaqayyo
kan biraa jiraa ree?
Anoo kanan hin beekne hin jiru,
Waaqayyo inni kattaa jabaan
ana malee kan biraa
jiraa ree?" jedhe*.
**6 43:11; 48:12; Mul 1:8,17*
**7 41:21-29*
**8 43:10; 1Sam 2:2*

Waaqayyolii Tolfamoon Akka Waa'ee Hin Baafne Mul'isuu Isaa

9 Warri bifa fakkeenya waaqayyolii
tolfamoo hojjetan
hundinuu waa'ee hin baasan;
wanti isaan itti gammadan sunis
gatii hin qabu;
isaan yeellaasifamuuf akka jiran
arguu yookiis beekuu
akka hin dandeenye
ofuma isaaniitti dhugaa in ba'u;
10 eenyutu waaqayyolii tolfatee,
bifa fakkeenyaa isa waa'ee hin
baafnes baqfate*?
11 Kunoo, warri isaan waaqessan
hundinuu in yeellaasifamu;
warri waaqayyolii kana
hojjetanis namootuma;
mee hundumti isaanii
walitti qabamanii dhufanii
fuula koo dura haa dhaabatan!
Isaanumtuu na'anii yeella'uuf
jiru*.
**9-10 Dan 5:23; Isa 41:21-29*
**11 42:17*

12 Namni sibiila tumu

sibiila qabduudhaan qabec,
giimii ibiddaa keessa kaa'ee
burruusaan tumee
hifa itti in godha;
kanas immoo humna cimaadhaan
waan hojjetuuf,
in beela'a, in dheebotas;
yeroo sanatti nyaataa fi dhugaatii
yoo argachuu dhaabaate immoo,
in dadhaba, humnas in dhaba.
13 Namni muka soofuu beeku
duraan dursee mukicha safarec,
bifa namaa cilaattiidhaan irratti
kaasce,
isa kaase sana qirixiidhaan qirixee
bifa erga itti baasee booddec,
fakkeenya namaa isa miidhagaa
mana keessa in dhaaha;
14 kana hojjechuudhaaf gaattiraa
yookiis boomii yookiis
qilxuu in jigsa;
yookiis immoo birbirsa caakkaa
keessa dhaabee
hamma bokkaan guddisuufitti
in eega.
15 Mukkeetiin kun qoraaniifis in
ta'u;
gar tokko bobeessanii in
qaammatu;
gara kaan bobeessanii ittiin
buddeena in tolfatu;
gara kaan irraa immoo
waaqayyolii tolchanii
itti in sagadu;
bifa fakkeenyaas irraa
hojjetanii in qoomma'uuf;
16 qoraanicha irraa gar tokko
ibiddatti
naqee in bobeessa;
ibiddichaanis foon waadee
hamma quufutti in nyaata;
ibiddichas qaammatee, "Ishoo!
Ihidda nan argadhe
innis anatti in ho'a" in jedha.
17 Isa hafe irraa immoo waaqayyolii
tolfatee,
bifa fakkeenyaas itti baafatee
sagadeefii,
"Ati waaqayyo koo ti'o, na
fayyisi!"
jedhee in kadhata*.
12-17 40:18-20; 41:7; Er 10:3-5

18 Namoonni akkasii waan tokko
illee hin beekan,
waan tokko illees hin hubatan;
akka isaan hin arginetti
Waaqayyo ija isaanii
dununfachiiseera;
akka isaan hin hubannettis
sammuu isaanii duucheera;
19 namni waa'ee kanaa itti yaadu
hin jiru;
namni tokko illee beekumsaa fi
hubannaa qabaatee,
"Ani muka kana gar tokko
qoraan isaa bobeesseen
ittiin foon waadadhe,
buddeenas ittiin tolfadhee
nyaadhe,
isa hafe irraa immoo waaqayyolii
tolfadhee
wanta muka irraa hojjetame
kanatti sagaduu ree?"
kan jedhu hin jiru.
20 Namni wanta daaraa ta'u amanatu
nama garaan isaa isa
gowwoomsee
karaa dhugaa irraa isa
kaachisee dha;
inni akkasitti jireenya isaa
fayyisuu hin danda'u;
inni kanuma illee hubatee,
"Inni ani harkatti baadhu kun
edaa waan sobaa tii?" hin
jedhu.

Waaqayyo Saba Israa'el Akka Furu Dubbachuu Isaa

21 Waaqayyo, "Yaa Yaaqooh, kana
yaadadhu,
yaa Israa'el, kana hubadhu!
Ati garbicha koo ti,
anatu si uummatee
garbicha koo si godhate;
yaa Israa'el!
Ani si hin irraanfadhu*;
22 ani irra-daddarbaa kee akka
duumessaa,
cubbuu kees akka qayyootaa
haxaa'ee nan balleessa;
ani si fureera'o, gara kootti
deebi'i*!
23 Ani Waaqayyo kana godheeraatii
isin bantiiwwan waaqaa nana
gammadaa, faarfadhaas!
Gad fageenyi lafaa gammadee
baa weeddisu,
tullloonni haa ililchan!
Caakkaanii fi mukkeetiin isa
keessa jiran haa
gammadan;
ani Waaqayyo Yaaqoobin
furuudhaan,
Israa'el keessatti ulfina koo
mul'iseera*.
21 41:8
22 43:25
23 49:13; 55:12; 35:1-2; Far 96:11-13

Waaqayyo Nama Israa'elin Gargaaru Waamuu Isaa

24 "Ani Waaqayyo isa si fure,
isuma gadameessa
keessatti si tolchee dha;
ani Waaqayyo isa wanta
hundumaa uume,
bantiiwwan waaqaa kophaa
diriirsee lafas dhisee dha;
yommus eenyutu anaa wajjin
ture*?
25 Milikkita warra sobduu
karaatti kan hambisu,
gowwoomsaa warra hoodduus
bakkeetti kan mul'isu,
warra ogeessota booddeetti kan
hambisu,
oguimmaa isaaniis
gowwummaatti kan
deebisu ana mitii ree*?
26 Wanta garboonni koo dubbatan
kan cimsu,
isa ergamoonni koo dur himanis
kan fiixaan baasu,
Yerusaalemiin, 'Namni si keessa
in jiraata'
mandaroota Yihudaatiinis,
'Isin in ijaaramtu,
isa jijjige deebisee nan ijaara'
kan jedhu ana Waaqayyoo
dha*;
27 ani tuujjuha galaanaatiin,
'Lafa gogaa ta'i!
Bishaan si keessaa yaa'us nan
gogsa' nan jedha*.
28 Ana inni Qiirosiin,
'Ati tiksee saba kootii ti' jedhu;
inni fedha koo hundumaa in
raawwata;
Yerusaalemiin, 'In ijaaramta,
hundeen mana qulqullummaas
in kaa'ama'
in jedha" jedhe*.
24 45:12; 40:22
25 29:14; Er 50:36; 1Qor 1:20
26 Zak 1:16
27 Iya 4:23
28 45:1-5; 2Sen 36:23; Iz 1:2

Qiiros Yommus Waaqayyoof Mi'a Hojii Ta'uu Isaa

45 1 Waaqayyo, inni Qiirosin
moosise,
"Qiiros saba lafa irraa harka
isaa jala akka galfatuuf,
moototas mi'a waraanaa
akka hiikkachiisuuf
'Harka isaa mirgaa qabee
isa nan gargaara';
balbaloonni biyya garaa
garaatti geessan
isaaf in banamu,
karrawwan mandarootatti
galchanis
isatti hin cufaman" jedha.
2 Qiirosiin immoo, "Ani si dura
adeemee
isa ol ka'e hundumaa
gad nan deebisa,
balbaloota sibiila boorrajjii irraa
hojjetaman
nan caccabsa,
danqaraa sibiilaas nan
hurreessa;
3 ani qaheenya iddoo dukkanaa
keessa jiru siif nan kenna,
badhaadhummaa iddoo
dhokataatti
walitti qabames
harka kee keessa nan buusa,
yommus ati,
ani gooftaa akkan ta'e
maqaa keetiinis kanan si
waame,
Waaqayyo isa kan Israa'el
ta'uu koo
kanaan in beekta;
4 yoo ati ana beekuu dhaabaatte
iyyuu,
Yaaqoob garbicha koo fi
Israa'el isa ani fo'adheef jedhee,
si waamee maqaa ulfinaa
siif kenneera.
5 Waaqayyo ana duwwaa dha,
ana malees Waaqayyo
kan biraa hin jiru;
yoo ati ana beekuu dhaabaatte
iyyuu
ani immoo si hidhachiisee sin
jabeessa*.
6 Kanaanis ba'a-biiftuutii
hamma lixa-biiftuutti,
ani kophaa koo Waaqayyo
akkan ta'e,
ana malees Waaqayyo kan biraa

akka hin jirre
namoonni in beeku.
7 Ani ifa, dukkanas nan uuma;
nagaa nan buusa, gooliis nan kaasa;
ani Waaqayyo kana hundumaa nan hojjedha*.
1-5 41:2; 42:6-7; 43:14; 44:28; 45:13; 46:11; 48:14-15; Iz 1:1-4
7 Amo 5:8; Faru 3:38

8 "Bantiiwwan waaqaa haa banaman,
duumessoonni qajeelummaa gad baa roobsan,
lafti banamee fayyina haa biqilchu,
qajeelummaanis isaa wajjin biqilee haa guddatu!
Ani Waaqayyo kana hundumaa nan godha" jedha*.
8 Far 85:11

9 Nama uumaa isaa qoccoluuf wayyoo!
Inni akka supbee harka nama qodaa suphee dha'uu
keessa jiruu ti;
supheen dhooftuu isaatiin,
"Ati maal hojjetta?"
jechuu danda'aa ree?
Wanti inni dha'es,
"Ati harka hin toltu"
ittiin jechuu danda'aa ree*?
10 Mucaan abbaa isaatiin,
"Ati nama attamii na dhalchuuf" jetta?
Haadha isaatiinis,
"Ati nama attamii na da'uuf jetta?"
jechuu danda'aa ree?
11 Waaqayyo inni qulqulluun kan Israa'el
inni isa uume,
"Waa'ee wanta ta'uuf jiruu na gaafadhaa!
Waa'ee ilmaan kootii warra ani uummadhee garuu,
anumatti dhiisaa!
12 Ani lafa uumeen,
namootas isa irratti uume;
bantiiwwan waaqaa anatu harka kootiin diriirse,
macca isaanii hundumaas anatu abboome*;
13 ani qajeelummaadhaan Qiirosin kaaseera,
karaa isaa hundumaas isaaf qajeelcheera;
inni mandara koo in ijaarsisa,
warra na duraa booji'amanis gad in dhiisisa;
kana yeroo godhus gatii yookiis badhaasa fudhata miti" jedhe;
Waaqayyo gooftaan maccaa kana dubbateera*.
9 29:16; Iyo 40:2; Er 18:6; Rom 9:20-21
12 44:24
13 45:1-5; 52:3

Waaqayyo Saba Lafa Irraa Hundumaa Gara Fuyyinaatti Waamuu Isaa

14 Waaqayyo,
"Wanti warrii Gibxii hojjetanii argatan,
bu'aan nagada warra Kuushis siif in ta'u,
warri Saabaa warri dhedheerannis gara kee dhufanii,
kan kee in ta'u, of kennanii si duukaa in bu'u;
siif qoomma'aniis 'Waaqayyo dhugumaan sii wajjin jira,
isa malees Waaqayyo kan biraa bin jiru'
in jedbu" jedhe*.
15 Yaa Waaqayyo, fayyisaa Israa'el,
ati dhugumaan Waaqayyo isa dhokataa dha*;
16 warri waaqayyolii tolfamoo tolfatan hundinuu,
in yeellaasifamu, in salphatus;
walii wajjinis in salphifamu*;
17 Waaqayyo garuu fayyina bara baraatiin
Israa'elin in fayyisa,
yaa Israa'el, ati bara baraan hin yeellaasifamtu, hin salphattus.
14 60:4-14
15 43:3,11
16 45:20; 44:9-20

18 Waaqayyo inni bantiiwwan waaqaa uume, inni Waaqayyoo dha;
inni lafa bifa itti godhee, tolchee jabeessee yommuu dhaabe
akka irra jiraataniif malee,

bifa hin qabnee fi onaa
akka ta'uuf bin uumne;
inni, "Ani Waaqayyoo dha,
ana malee kan biraa hin jiru*.
19 Ani lafa irratti, iddoo dukkanaatti dhoksaatti bin dubbanne,
ani sanyii Yaaqoobiin,
'Akkasumaan na barbaadi!' hin jenne;
wanti ani Waaqayyo dubbadhu dhugaa dha,
wanti ani himus qajeelaa dha*.
18 Uma 1:2
19 48:16; 65:1; Er 29:12-14; Mat 7:7

20 "Warri fakkeenya waaqayyolii muka irraa hojjetaman
baatanii yaa'an,
warri waaqayyolii
nama fayyisuu hin dandeenyetti sagadanis
beekumsa hin qaban;
isin warri saba garaa garaa keessaa
badiisa ooltan,
walitti qabamaatii kottaa,
as dhi'aadbaas!
21 Walitti bimaa, walii wajjinis mari'adhaatii
dbimma keessan dhi'eeffadhaa!
Kana eenyutu beeksise?
Duraan dursees
eenyutu raajii dubbate?
Ana Waaqayyotu kana godhe mitii ree?
Ana malee Waaqayyo
kan biraa bin jiru,
Waaqayyo inni qajeelaanii fi inni fayyisaan
ana malee hin jiru*.
22 Isin warri andaara lafaa
jiraattan hundinuu,
gara kootti deebi'aatii fayyina argadhaa!
Ani Waaqayyoo dha, ana malees
kan biraa hin jiru;
23 jilbi hundinuu anaaf
akka jilbeenfatu,
arrabni hundinuu
anaan akka kakatu,
wanti qajeelaan afaan koo keessaa ba'es
akka hin deebine,
ani maqaa ofii kootiin kakadheera*.
24 Namoonni,
'Qajeelinnii fi jabinni Waaqayyoo
duwwaa bira jira'
jechaa gara koo in dhufu;
warri anaan morman garuu in yeellaasifamu;
25 sanyiin Israa'el hundinuu humna kootiin in mo'u,
ana Waaqayyo isaaniitiin ulfina in argatu" jedhe.
20-21 41:1-4,21-29; 43:11; 45:15
23 Rom 14:11; Filp 2:10-11

Waaqayyoliin Warra Baabilon Akka Badan Himnu Isaa

46 1 Waaqayyolii tolfamoon warra Baabilon,
"Beel" inni jedhamu in qoomma'a,
"Neboon" inni jedhamu immoo in gugguufa;
isaan horii fe'umsaa fi
horii qe'ee warra kaanitti in fe'aman;
horii itti fe'aman sanas in dadhabsiisan.
2 Waaqayyolii tolfamoon sun in gugguufu,
walii wajjinis in qoomma'u,
fakkeenya isaanii isa baatamu sana
oolchuu bin danda'an,
ofii isaaniitii iyyuu booji'amanii in adeemu*.
3 Waaqayyo, "Isin yaa mana Yaaqoob,
sanyii Israa'el keessaa warri haftan na dhaggeeffadhaa!
Garaa haadha keessanii keessatti anaru isin eege,
dhalacbuu keessanii jalqabees anatu isin baate;
4 yommuu isin dulloomtanii harrii baaftanis
anumatu isin baata,
dur anatu hojjete, anatu baates,
ammas anatu baata,
anatu fayyisas*.
1-2 21:9; 44:9-20; Er 50:2
3-4 Kes 1:31; Hos 11:3; Far 71:17-18

5 "Eenyutti na fakkeessiru,
eenyuu wajjinis wal nu qixxeessiru?
Yookiis eenyuu wajjin wal fakkaanna?

6 Namoonni warri warqee korojoo isaanii
keessaa baasanii,
meetiis madaalii irra kaa'an,
nama warqee tumu itti qacaratanii,
Waaqayyo tolfamaa in hojjechiifatu,
jilbeenfataniis isatti in sagadu;
7 ol fuudhanii gatiittii irratti isa in baatu,
geessaniis iddoo isaaf qophaa'e in kaa'u;
inni achuma ijaajja malee,
iddoo isaatii bin socho'u;
rakkina keessattis
tokko illee nama gargaaruu hin danda'u;
namni yommuu isatti iyyatu,
isa biraa deebii tokko illee hin argatu*.

**5-7 40:18-20; 44:9-18; 1Mot 18:26*

8 "Isin warra irra-daddarbituu nana,
kana yaadadhaa, garaattis qabadhaa*!
9 Wanta dur ture yaadadhaa;
ani Waaqayyoo dha,
ana malee Waaqayyo kan biraa hin jiru,
kan akka kootiis hin jiru*;
10 ani wanta booddee dhufuuf jiru duraan dursee himeera,
durii durii jalqabees wanta amma iyyuu hin ta'in jiru dubbadheera;
akeeki koo dhaabataa in ta'a,
wantan yaades nan raawwadha.
11 Joobira biyya ba'a-biiftuutii,
nama akeeka koo fiixaan baasus biyya fagoodhaa nan waama;
wantan dubbadhe iddoodhaan nan ga'a,
akeeka koos nan raawwadha*.
12 Isin warri mata-jabeeyyiin,
warri qajeelummaattii fagaattan, na dhaggeeffadhaa!
13 Ani qajeelummaa koo isinitti nan dhi'eessa,
innis fagoo hin jiru;
fayyisuun koos hin turu;
ani Xiyooniif fayyina,
Israa'eliifis ulfina nan kenna.

**8 40:21; 44:19-20*
**9 44:6*
**11 45:1-5; 41:2*

Biyyi Baahilon Akka Kuftu Himuu Isaa

(Isa 13:1-22; Er 50:51,64)

47 1 "Yaa intala Baabilon,
yaa ishee takkaa hin tuqamin jirtuu,
ka'ii gad bu'ii awwaara keessa taa'i!
Yaa intala Kaldootaa,
teessoo kee irraa ka'ii lafa taa'i!
Ati si'achi,
'Ishee lallaaftuu yookiis qananiituu' bin jedhamtu;
2 sbaashii kee isa haguuggatte of irraa fuudhii,
majii qabadhuu midhaan daaki!
Uffata kee ol soqoladhuu
gudeeda kee mul'isii,
bishaan keessa adeemi!
3 Uffanni kee si irraa in fuudhama,
qullaan kees in argama;
ani ijaa nan baafadha,
kan kana na dhowwus bin jiru!" jedhe.
4 Maqaan isa nu furuu
"Waaqayyo gooftaa maccaa ti",
inni isa qulqulluu
kan Israa'el*.

**4 43:3*

5 Waaqayyo ammas Baabiloniin,
"Yaa intala Baabilon,
namni si'achi,
'Ati giiftii mootummoota biyya lafaa ti'
siin jedhu hin jiru;
kanaaf dhaqiitii calluma jedhii dukkana keessa taa'i!
6 Ani saba kootti nan aare,
kanaafan warra dhuunfaa koo ta'an
akka waan xuraa'aatti,
harka keetti dabarsee kenne;
ati immoo warra dullooman irra iyyuu
waanjoo ulfaataa in keesse,
isaaniifis garaa hin laafne*;
7 ati illee, 'Ani bara baraan giiftii ta'een jiraadha'
jettee yaadde malee,
kun booddee attam akka ta'u
itti hin yaadne;
waan tokkos yaadatti hin qabanne*.

**6 Zak 1:15*
**7 37:24-25*

8 "Yaa isbee qanani'uu jaallattuu!
Yaa ishee bir'aa malee teessuu,
egaa dhaga'i!
Ati illee garaa kee keessatti,
'Ana malee namni biraa hin jiru,
haadha hiyyeessaa ta'uun ana irra hin jiru,
ijoollee koo dhabuunis ana irra hin jiru' in jetta;
9 wanti kun lamaan garuu
dingata guyyaa tokkotti
sitti in dhufu,
ijoollee kee dhabuun kee fi
haadha hiyyeessaa ta'uun kee
hin hafu,
isaan kun hundinuu
wal ga'anii sitti in dhufu;
warra qoricha namatti godhan
baay'ee yoo qabaatte iyyuu,
warri nama dawweessan danuun
achi yoo jiraatan iyyuu,
homaa si hin gargaaran*.

**8-9 Sef 2:15; Mul 18:7-8*

10 "Ati jal'ina kee amanattec
'Namni na argu hin jiru' jette;
ogummaan kee fi beekumsi kee
karaa irraa si kaacbise;
ati garaa kee keessatti,
'Ana malee namni biraa hin jiru' jette*.
11 Kanaafis wanti hamaan sitti in dhufa,
ati garuu lafa inni ba'u hin beektu;
badiisi sitti in dhufa,
ati garuu of irraa deebisuu hin dandeessu;
diigamuunis dingata sitti in dhufa,
ati garuu akka inni dhufu bin beektu.
12 Warra nama dawweessanii fi
warra qoricba namatti godhanii fi
warra mucummaa keetii jalqabdee
dadhabaafii turte sanaa wajjin
mee ka'ii dhaabadhu!
Isaan tarii diinota kee
ittiin sodaachisuudhaaf
si gargaaru ta'a;
13 gorsa baay'ee dhaga'uun si dadhabsiiseera;
warri naannoo bantii waaqaa
gargar hiranii bifa isaa qoratan,
warri urjoota ilaalan,
warri baatii ji'aatti
wanta sitti dhufuuf jiru
sitti himaa turan,
mee ka'anii si haa oolchan kaa!

**10 Far 10:11*

14 "Kunoo, isaan akka cidii ti,
ibiddi xaph isaan in godha;
isaan humna ibidda sanaa
jalaa of oolcbu hin danda'an;
inni barbadaa ibiddaa isa
qaammatan
yookiis isa bira taa'anii
haasa'an miti;
15 naggaadonni kee warri ati
mucummaa keetii jalqabdee
wajjin dhama'aa turte
hammasuma;
tokkon tokkon isaanii
kara-karaa in badan,
tokko illee si gargaaruu hin
dandeenye" jedha*.

**15 Mul 18:15*

Waaqayyo Wanta Haaraa Akka Fldu Himun Isaa

48 1 Yaa ijoollee Yaaqoob
warri Israa'el jedhamtan,
warri gosa Yihudaa keessaa
dhalattan,
isin warri maqaa Waaqayyootiin
kakattan,
dhugaadhaa fi
qajeelummaadhaan
utuu hin ta'inis,
Waaqayyo isa kan Israa'el
kan waammattan,
kana dbaga'aa!
2 Kana keessaa immoo, "Nuyi warra
mandara isbee qulqullooftuu
keessa jiraannu,
Waaqayyo isa kan Israa'el
Waaqayyo gooftaa maccaa
amanatuu dha"
ofiin in jettu*.

**2 Er 7:4*

3 Waaqayyo,
"Wanta dur ta'e iyyuu
ani duraan dursee himeen ture,

afaan kootiinis dubbadhee
mul'iseera,
wanti ani hojjedhes
battalumatti in raawwatame*;
4 mata-jabeessa ta'uu kee,
morgaan morma keetii akka
sibiilaa,
addi kees akka sibiila boorrajjii
ta'uu isaa ani beeka*.
5 Kanaafan,
'Isa kana waaqayyolii
tolfamoo kootu hojjete,
bifa fakkeenyaa ani qirixee fi
baqsee dhaabbadhetu
kana abboome' akka ati hin
jennetti,
ani duraan dursee sitti himeera.
3 42:9
4 Kes 31:27; His 3:7-9

6 "Egaa kana hundumaa dur
dhageesseetta,
ammas arguutti jirta;
ati kana dhugaa hin baatuu ree?
Amma immoo wanta haaraa
sin dhageessisa,
wanta dhokataa ati hin beeknes
sittan mul'isa*;
7 wanti kun amma uumaman malee
dur hin turre;
'Kunoo, ani kana hundumaa
beeka'
akka ati hin jennetti,
kun isa ati dur
dhageessee beektu miti;
8 ati dur kana hin dhageenye, hin
beeknes;
duruma iyyuu gurri kee hin
banamne;
anoo akka ati hin amanamne
beekeera,
yeroo garaa haadha keetii
keessaa baatee jalqabdee
irra-daddarbituu fi didduu
ta'uun kee beekameera*.
6 42:9; 65:17
8 48:4

9 "Ani garuu maqaa kootiif jedhee
dheekkamsa koo nan deebisa,
galata kootiif jedhees
si balleessuu nan dhiisa.
10 Kunoo, akka meetiitti yoo ta'uu
dhaabaatte iyyuu,
si qulleessuudhaaf rakkina isa
akka ibiddaatiin
ani si qoreera*;
11 ani ofuma kootiif,
ofuma kootiif jedhee kana nan
godha;
maaliifan maqaan koo
akka balleeffamu godha?
Attamittanis ulfina koo
kan biraatiif kenna ree*?
10 Kes 4:20; Far 12:6; Zak 13:8-9; Mil 3:3
11 43:25; 48:9; 42:8; Far 115:1-2; His 36:20-23; Er 14:21

Israa'el Luba Ba'uu Ishee

12 "Yaa Yaaqoob,
isa ani 'Israa'el' jedhee
moggaasee
na dhaggeeffadhu!
Ani dhuguma, isa duraa ti,
ani dhuguma, isa booddee tis*;
13 ani dhuguma harka kootiin
hundee lafaa jabeessee
dhaabeera,
harka koo mirgaatiin
bantiiwwan waaqaa diriirseera;
abboommii kootiinis
isaan iddoo isaaniitti jabaatanii
in dhaabatan*.
12 44:6; Mul 1:17; 22:13
13 Far 33:9

14 "Yaa namoota nana,
hundumti keessan
walitti qabamaatii
dhaggeeffadhaa!
Namichi ani Waaqayyo jaalladhu
sun
wanta ani jaalladhu
Baabilon irratti raawwachuuf
akka jiru,
anis irree koo Kaldoota irratti
ol fudhachuuf akkan jiru,
waaqayyolii tolfamoo keessaa
eenyutu duraan dursee hime?
15 Anumatu dubbate,
anumatu isa waames;
ani isa nan fida,
karaan isaas in qajeelaaf*;
16 as dhi'aadhaatii kana
dhaggeeffadhaa!
Ani kana jalqabaa jalqabee
mul'inatti dubbadheera,
wanti ani dubbadhes
akka raawwatamu godheera"
jedhe;

egaa Waaqayyo gooftaan
hafuura isaatiin na
ergeera*.
14-15 45:1-5; 41:2
16 45:19

17 Waaqayyo inni si furu,
inni qulqulluun kan Israa'el,
"Ani Waaqayyo gooftaan kee
isa wanta waa'ee siif baasu si
barsiisun fi
isa karaa ati adeemtu irratti si
geggeessuu dha.
18 Eyyee, ati seerrata koo
utuu eegdeetta ta'ee,
silaa nagaan kee akka laga
bishaanii in yaa'a,
qajeelummaan kees akka guuboo
galaanaa
ol in ka'a ture*;
19 sanyiin kee akka cirrachaa,
ijoolleen kees akka biyyoo
lafaa in baay'atu;
maqaan isaanii lafa irraa hin
haxaa'amu,
fuula koo duraas hin
halleeffamu" jedhe*.
18 Kes 5:29; 28:1-14
19 Uma 22:17

20 Biyya Baabilonii ba'aa,
warra Kaldootaa jalaa baqadhaa!
"Waaqayyo garbicha isaa
Yaaqoobin in fure"
jedhaatii himaa!
Sagalee gammachuu
dhageessisaatii
hamma andaara lafaatti
beeksisaa*!
21 Yommuu inni lafa duwwaa keessa
isaan geggeesse,
isaan hin dheebonne;
inni kattaa keessaa bisbaan
isaaniif in yaase,
inni kattaa gurguddaa dhoosee,
bishaan isaan keessaa in
futtaafachiise*.
22 Haa ta'u iyyuu malee,
"Warri jal'oonni nagaa hin
qaban"
jedha Waaqayyo*.
20 52:11-12; Er 51:45; Mul 18:4
21 41:17-20; Bau 17:6
22 57:21

Garbichi Waaqayyoo Israa'elii Fi Saba Lafa Irraatilf Ifa Ta'uu Isaa

49 1 Isin warri biyya galaana
gidduu
keessa jiraattan
na dhaggeeffadhaa!
Sabni biyya fagoo jirtanis
dhaga'aa!
Garaa haadha koo keessa utuun
jiruu
Waaqayyo na waame,
utuun hin dhalatinis
maqaa na moggaase*;
2 inni dubbii afaan koo keessaa
ha'u
akka billaa qaramaa in godhe,
gaaddisa harka isaatiinis na
golboobe;
akka xiyya qaramaa na godhe,
mann'ee isaa keessas na
kaa'ate*.
3 Inni, "Yaa Israa'el,
ati garbicha koo ti,
ani siin ulfina nan argadha"
anaan jedhe;
4 ani illee, "Akkasumaanan itti
dadhabe,
humna koos wanta waa'ee hin
baafnetti nan haase"
jedheen ture;
dhugaa koo garuu Waaqayyo
kootu anaaf baasa,
gatii koos isatu anaaf kenna*.
1 Er 1:5
2 Ibr 4:12; Mul 1:16; Isa 51:16
4 1Qor 15:58

5 Ammas ani garbicha isaa akkan
ta'uuf,
Yaaqoobin gara isaa akkan
fiduuf,
Israa'elinis isa biratti
akkan walitti qabuuf,
Waaqayyo garaa baadha koo
keessatti na tolchee
fuula isaa duratti ulfina
anaaf kennee
jabinas anaaf ta'eera.
6 Waaqayyo, "Ati garbicha
anaaf ta'uun kee,
saba lafa irraatiif ifa,
guutummaa biyya lafaa irra
warra jiraataniifis
fayyina akka taatuuf malee,
gosa Yaaqoob kaasuuf, Israa'el
keessaas

warra bafan deebisuu
duwwaadhaaf miti" naan
jedhe*.
7 Waaqayyo inni Israa'elin furu,
inni qulqulluun kan Israa'el,
nama baay'ee tuffatameen,
isa sabni lafa irraa jibbaniin,
isa warra biyya mo'aniif
garbicha ta'een,
"Mootonni kana arganii in ka'u,
angafoonnis
fedha Waaqayyo isa amanamaa
jalatti in gugguufu;
qulqulluu Israa'el
isa si fo'ate jalattis in kufu"
jedhe*.
6 42:6; Luq 2:32; HoE 13:47
7 49:23; 60:10

Israa'el Deebitee Ijaaramuu Ishee

8 Ammas Waaqayyo,
"Yeroo ana biratti
jaallatamee fudhatametti
siif nan deebisa,
guyyaa fayyinaattis sin gargaara;
ani sin eega, karaa ani saba
hundumaa wajjin
kakuu galus sin godhadha;
ati biyyicha deebiftee akka
ijaartu,
dhaala isa gad dhiifamee tures
deebiftee akka hirtuuf*,
9 warra hidhamaniin, 'Hiikamaa!'
warra dukkana keessa jiraniinis,
'Ifatti ba'aa!' akka jettu nan
godha;
isaan akka boolota karaa irratti
nyaata,
iddoo ol ka'aa isa qoqoree ture
irrattis
dheedumsa argatanii in ta'u;
10 ani Waaqayyo isaaniif kanan oo'u
isaan nan geggeessa;
gara burqaa bishaaniittis isaan
nan geessa;
isaan hin beela'an, hin
dheebotanis,
saafaan akka ibiddaa boba'uu fi
ho'i aduu isaan hin miidhu*;
11 ani tulloota koo hundumaa irra
daandii nan baasa,
karaa koos isaaniif wal nan
qixxeessa*.

12 Kunoo, isaan biyya fagoodhaa,
isaan kaan biyya gara bitaatii,
isaan kaan lixa-biiftuutii,
warri kaan immoo biyya
Aswaanii
in dhufu" jedhe[7].
8 Far 69:13; 2Qor 6:2; Isa 42:6
9-10 42:7; 40:10-11; Mul 7:16-17
11 40:3-4
12 43:5-6; Luq 13:29

Akka Haati Ijoollee Ishee Jaallattu Waaqayyo Saba Isaa Jaallachuu Isaa

13 Waaqayyo saba isaa waan
jajjabeesseef
warra gadadamaniifis waan
oo'eef,
yaa bantiiwwan waaqaa
faarfadhaa!
Yaa lafaa gammadi!
Yaa tulloota nana ililchaa*!
14 Xiyoon garuu,
"Waaqayyo na gateera,
gooftaan koo na irraanfateera"
in jette.
15 Waaqayyo immoo, "Haati mucaa
ishee
isa barma hodhu
irraanfachuu in dandeessii?
Mucaa ishee isa ofii deesseef
bin ootuu ree?
Utuma isheen isa irraanfattee
iyyuu,
ani matumaa si hin
irraanfadhu*!
16 Kunoo, ani barruu harka koo
irratti si caaffadheera,
kellaan kee inni dhagaadhaan
ijaarame
yeroo hundaa fuula koo dura
jira.
17 Warri si diiganii si balleessan
dafanii si keessaa in ba'u;
ijoolleen kee warri si ijaaran
immoo
ariitiidhaan gara keetti in
deebi'u;
18 ol jedhiitii naannoo kee ilaali!
Ijoolleen kee hundinuu
walitti qabamanii
gara kee in dhufu;
dhugaa ana Waaqayyo isa
jiraataa ti!
'Ati hunduma isaanii

[7] **Isa 49:12** "Aswaan" yookiis "Siiniim".

akka mi'a miidhagiinaatti in
naqatta,
akka misirroos
ijoollee keetiin in
miidhagfamta' jedhe*.
13 44:23
15 66:13; Er 31:20; Hos 11:1,8; Far 27:10
18 60:4-5

19 "Ati isheen dur
balleeffamtee ontee,
namni si keessaa badee ture,
amma immoo warra si keessa
jiraatanitti in dhiphatta,
warri si balleessanis sittii in
fagaatu.
20 Ati isheen ijoolleen kee
si duraa fudhatamanii turan,
amma immoo ijoolleen kee
baay'atanii,
'Iddoon kun nutti xinnaateera
lafa nuuf dabali!'
utuu siin jedhanii in
dhageessa*;
21 ati immoo yommus garaa keetti,
'Anoo ijoollee koo nan dhabe,
ergasiis hin deenye,
isaan kana eenyutu anaaf da'e?
Anoo booji'ameen tuffatamee
biyya ormaa ture,
isaan kana eenyutu anaaf guddise
ree?
Kunoo, anoo kophaan koo ture,
isaan kun eessaa ba'an ree?' in
jetta" jedhe*.
20 54:1-3; 60:22; Zak 10:10
21 66:7-8

22 Waaqayyo gooftaan,
"Kunoo, ani saba biyya lafaa
irra jiran
harkaan nan hawwadha,
sabaafis faajjii ol nan fuudha;
isaan immoo ilmaan kee
kaasuutti,
intaloota kees
gatiittii isaaniitti baatanii in
fidu*;
23 mootonni guddisee ijoollee kee
in ta'u,
dubartoonni warra moototaas
ijoollee kee siif in hoosisu;
isaan hamma lafa ga'anitti
siif in qoomma'u,
miilla kee irraas awwaara in
araabu;
yommus ani Waaqayyo akkan
ta'e,
warri ana amanatanis
akka hin yeellaasifamne
ati in beekta" jedhe*.
24 Wanta namni jabaan saame
isa harkaa butachuu,
isa humna-qabeessi hidhes
jalaa baasuu kan danda'u jiraa
ree?
22 11:12; 60:4
23 60:16
25 Waaqayyo immoo deebisee,
"Eyyee wanti namni jabaan
saame iyyuu
irraa in fudhatama,
warri inni humna-qabeessi
hidhates
isa jalaa in baafama,
ani warra siin mormaniin nan
morma,
ijoollee kees nan oolcha*;
26 warri si cunqursan immoo
foon oofii isaanii akka nyaatan,
dhiiga ofii isaaniis
akka daadhii wayniitti dhuganii
akka machaa'an nan godha;
yommus ani Waaqayyo
inni aango-qabeessi kan
Yaaqoob
isa si fayyisuu fi isa si furu
akkan ta'e,
namoonni hundinuu in beeku"
jedhe*.
25 Mat 12:29
26 Abo 7:22

Israa'elitti Yakka Isaa Mul'isuu Isaa

50 1 Waaqayyo, "Caaffanni ani
ittiin
haadha keessan gad dhiise
meerree?
Yookiis eenyutu gatii ana irraa
qabaa iyyuun
itti isin gurguradhe?
Kunoo, isin yakka keessaniif
gurguramtan,
baati keessanis
irra-daddarbaa keessaniif
gad dhiifamte*;
2 yommuun dhufe maaliif
namni tokko illee achii dhibe?
Yommuun waames
maaliifan deebii dhabe?

Irreen koo dhugumaan
gabaabbatee
isin furuu dadhabee?
Yookiis humnan ittiin
isin fayyisuun dhabee?
Kunoo, ifannaan koo galaana
in gogsa,
lagoota bishaanii gogsee
lafa duwwaatti in deebisa;
qurxummoonni isaanii bishaan
dhabanii
dheebuudhaan in dhumu, in
ajaa'us*.
3 Ani waaqa nan dukkanneessa,
uffata gaddaa waan uffates
isa nan fakkeessa" jedhe.
1 54:6-8; Kes 24:1; Isa 43:24-25
2 59:1; Lak 11:23

Faarfannaa Garbicha Waaqayyoo

4 Ani warra dadhabanitti dubbadhee
akkan isaan jajjabeessuuf,
Waaqayyo gooftaan dubbii
barbaachisu
dubbachuu na barsiise;
ganama ganama na dammaqsa,
akka warra isa irraa baraniis
isa inni jedhu akkan
dhaggeeffadhuuf
gurra koo anaaf in bana;
5 Waaqayyo gooftaan gurra koo in
bane,
anis isaaf abboomamuu hin
dinne,
isa irraas gara hin galle*;
6 ani dugda koo warra na
rukutanitti,
maddii koos warra areeda koo
ana irraa buqqisanitti nan qabe;
fuula koo warra anatti tufanii fi
warra anatti ga'isan jalaa bin
dhoksine*;
7 Waaqayyo gooftaan waan na
gargaaruuf
ani bin yeella'u;
ani akkan hin yeellaane beeka,
kanaafan ija jabaadhe*.
8 Inni dhugaa anaaf baasu
dhi'aateera'o,
eenyu anatti falmuu danda'a
ree?
Kottaa walii wajjin in dhi'aannaa!
Abbaan na badheessuu barbaadu
mee as haa dhi'aatu!
9 Kunoo, Waaqayyo gooftaan
ana in gargaara'o,
eenyutu anatti farada ree?
Kunoo, biliin isaan in nyaatti,
hundumti isaaniis akka uffataa
in dhumu*.
5 Far 40:6
6 Mat 26:67-68; Yoh 19:1
7 His 3:8-9
8-9 Rom 8:31-34

10 Isin keessaa eenyutu dukkana
keessa,
iddoo ifa hin qabne keessas
deddeebi'aa utuu jiruu,
sagalee garbicha isaa dhaga'ee
Waaqayyoon sodaata?
Namni akkasii Waaqayyoon haa
abdatu,
isattis haa hirkatu!
11 Kunoo, isin warri ibidda
qabsiiftan hundinuu,
warri guca boba'aa adeemu
ofitti naannessitanis,
ifa ibidda qabsiiftanii,
qaanqee guca bobeessitanii
keessas deddeebi'aa!
Booddee garuu isin iddoo rakkinaa
keessa bu'uuf jirtu;
kunis harka koo keessaa
isinitti in dhufa.

Fayyina Bara Baraa Xiyoouin Abdachiisuu Isaa

51 1 Waaqayyo namoota
Xiyooniin,
"Isin warri qajeelummaa
duukaa buutan,
warri ana Waaqayyoon
barbaaddattan na
dhaggeeffadhaa!
Kattaa isa irraa argamtan,
boolla bishaanii isa keessaa
ol baafamtanis ilaalaa!
2 Gara abbaa keessan gara
Abrahaam,
gara Saaraa ishee isin deessees
ilaalaa!
Ani yommuun isa waame,
inni dhala hin qabu ture,
ani garuu isa eebbisee nan
baay'ise*;
3 ani Waaqayyo Xiyoonin nan
jajjabeessa,
wanta ishee duraa diigame
hundumaaf nan oo'a;
lafa onaa ishee akka iddoo
dhaabaa Eden,

lafa duwwaa ishees akka iddoo
dhaabaa kootii nan godha;
gammachun fi ililleen
achi keessatti in argamu,
galannii fi sagaleen faarfannaa
achi keessaa in dhaga'amu*.
2 Uma 12:1-2; 17:15-19
3 Uma 2:8-9

4 "Yaa namoota ko na dhaga'aa,
yaa saba ko na dhaggeeffadhu!
Seerri ana biraa in ba'a,
firdiin koo inni qajeelaanis
sabaaf ifa in ta'a;
5 qajeelinni koo dhi'aateera,
fayyisuun koos as ba'aa jira,
sabni baay'een irree kootiin
firdii qajeelaa in argatu,
warri biyya galaana gidduu
keessa jiraatanis
ana in abdatu*.
6 Ol jedhaatii gara
bantiiwwan waaqaa ilaalaa,
gad jedhaatii lafas ilaalaa!
Bantiiwwan waaqaa
akka aaraatti bittimmaa'anii in
badu;
laftis akka uffataa
tatarsaatee in dhumti,
warri ishee irra jiraatanis
akka titiisaa in dhumu;
fayyisuun koo garuu
bara baraan in jiraata,
qajeelummaan koos raawwatee
gargar hin citu*.
5 60:9
6 Far 102:25-26; Isa 40:7-8; Mat 24:35

7 "Isin warri qajeelummaa
beektan na dhaga'aa,
isin warri seera koo
yaadatti qabattanis
na dhaggeeffadhaa!
Ga'isuu namootaa hin sodaatinaa,
yommuu isaan isinitti
qoosanis hin na'inaa*!
8 Isaan akka uffata biliin nyaateetti,
akka gogaa ololeen nyaateettis
nyaatamanii in dhumu;
qajeelummaan koo garuu
bara baraan in jiraata,
fayyisuun koos
dhalootaa hamma dhalootaatti
in tura" jedha.
7 Mat 5:11

Irreen Waaqayyoo Dilnota Isaa Irratti Ol Fundbamuu Isaa

9 Yaa irree Waaqayyoo ka'i!
Humna keetiin ka'i!
Akka bara duriitti,
akka bara dhaloota
durii duriittis ka'i!
Si mitii Rahaab jawwee galaanaa
sana kukkutee,
jawwicha isa guddicha kan
waraane*?
10 Warri furaman isa keessa
akka darbanitti,
inni galaana bishaan callabboo
gogsee
tunjjuba keessa karaa baase si
mitii*?
11 Warri Waaqayyo isaan fure
deebi'anii,
faarfannaadhaan gara Xiyoonitti
ol in ba'u;
gammadanii in ililcbu,
gammachuu bara baraatiin in
gonfamu,
gaddii fi dhiphinni isaan irraa
in fagaata*.
9 Far 74:12-14; 89:10
10 Bau 14:21-22
11 65:19; 35:10

12 Waaqayyo isaaniin,
"Anuma, anuma
inni isin jajjabeessu!
Isin garuu nama bor dn'u,
ilmaan namootaa warra akka
margaa
darbuuf jiran maaliif sodaattu*?
13 Ana Waaqayyoon isa isin uume,
isa bantiiwwan waaqaa diriirsee
hundee lafaa jabeessee dhaabe
irraanfattanii,
maaliif guyyaa hundumaa
dheekkamsa warra isin
cunqursanii,
warra isin balleessuudhaaf
qophaa'anii taa'anii,
sodaachaa jiraattu?
Egaa dheekkamsi warra isin
cunqursuu meerree ree*?
14 Inni hidhaa keessa jiru,
mana hidhaa keessatti akka hin
duunetti,
buddeena nyaatus akka hin
dhabnetti,
dafee in hiikama.
15 Ani Waaqayyo gooftaan keessan,

galaana nan sochoosa,
dha'aan isaas akka huursu nan godha;
ani inni kana godhu,
maqaan koo Waaqayyo gooftaa maccaa ti*.
16 Ani bantiiwwan waaqaa diriirsee,
hundee lafaas jabeessee nan dhaabe;
Xiyooniin, 'Ati kan koo ti,
dubbii koo afaan kee keessa nan kaa'a,
gaaddisa harka kootiinis sin golbooba'
nan jedha" jedhe.
**12 40:6-8; Far 56:4; Mat 10:28*
**13 44:24*
**15 Er 31:35*

Dheekkamsi Waaqayyoo Yerusaalem Irraa Deebi'uu Isaa

17 Ka'i, yaa Yerusaalem,
ati dheekkamsa Waaqayyo sitti fidde,
xoofoo dheekkamsa Waaqayyoo
keessaa dhugdeetta;
siicoo isaa isa mataa nama
naannessus xuruurfatteetta;
kanaafis amma ka'ii
dhaabadhu*!
18 Ilmaan ishee warra isheen deesse
hundumaa keessaa
tokko illee karaa kan ishee
argisiise hin jiru;
warra isheen guddifte
hundumaa keessaas
tokko illee kan harka ishee
qabe hin jiru;
19 wanti kun lamaan yommuu si
irra ga'an
eenyutu si dubbise ree?
Diigamuun, badiisi, beellii fi
billaan
yommuu sitti dhufan karaa
eenyuun si jajjabeessa ree?
20 Dheekkamsii fi ifanni
Waaqayyo gooftaa keetii
isaan irra waan ga'eef,
ilmaan kee akka borofa
kiyyoodhaan qabamee
dadhabanii karaa hundumaa
irra in cicciisu*.
**17 Er 25:15; Far 75:8; Er 13:12-13; Mul 14:10; 16:19*
**20 Faru 2:13,15*

21 Ati isheen daadhii waynitiin
utuu hin ta'in
dhiphinaan machoofte,
kanatti fufee kan jiru dhaga'i!
22 Gooftaan kee inni Waaqayyo siif
ta'e,
si saba isaa gargaaree,
"Kunoo, ani xoofoo dhugaatii
isa mataa nama naannessu
harka kee keessaa nan fuudha,
deebitees akka ati
isa hin dhugne nan godha;
23 isas harka warra si dhiphisanii fi
warra si cunqursanii keessa
nan kaa'a,
warra 'Gad jedhi,
nuyi si irra adeemnaa' jennaan,
ati immoo akka lafaatti
akka karaa namni irra
yaa'uuttis
dugda kee irra akka adeeman
goote
sanatti nan kenna" in jedha*.
**23 Far 129:3*

Birmadummaan Xiyooniif Akka Dhufu Himuu Isaa

52 1 Dammaqi yaa Xiyoon,
humna godhadhuutii ka'i!
Yaa Yerusaalem
mandara qulqulluu nana,
ka'ii uffata miidhaginaa keetii
uffadhu!
Si'achi warri dhagna hin
qabatin,
warri xuraa'oonis
matumaa si keessa hin lixan*.
2 Yaa intala Xiyoon ishee
booji'amtee,
hidhaan morma kee irraa
hiikameera!
Yaa Yerusaalem,
awwaara of irraa hurgufii,
ka'ii taa'i!
**1 Mul 21:2,27*

3 Waaqayyo saba isaatiin,
"Isin gatii malee
gurguramtanii turtan,
ammas horii utuu hin baasin in
furamtu" jedhe*.
4 Waaqayyo gooftaan,
"Sabni koo duraan
biyya Gibxii taa'uudhaaf
achi gad bu'e,
ergasii immoo warri Asor
sababii malee

isaan in cunqursan*;
5 sabni koo wanta tokko iyyuu
utuu hin argatin
erga fudhatamee,
amma immoo asii maalan qaba
ree?
Warri isaan mo'an isaan in
boossisu,
yeroo hundaas
maqaan koo in arrabsama*;
6 si'achi garuu sabni koo
ani Waaqayyo akkan ta'e in
hubata,
yommus ani isa,
'Kunoo, asan jira' jedhe
akkan ta'e in bara" jedheera.
**3 45:13; 50:1; 52:5*
**4 Uma 46:5-6; 2Mot 17:6*
**5 His 36:20; 2Mot 25:11; Rom 2:24*

7 Warri nagaa labsanii,
fayyina abdachiisanii,
"Waaqayyoon kee mo'eera"
jedhanii,
Xiyoonitti misraachoo himan,
tulluu irraan mul'achuun isaanii
maal maal nama gammachiisa*!
8 Waaqayyo ulfina isaatiin
Xiyoonitti deebi'uu isaa
eegdonni kee ija isaaniitiin
ycroo arganitti,
in gammadu sagalee isaaniis
dhageessisanii
walii wajjin in faarfatu*.
9 Waaqayyo saba isaa
jajjabeesseera,
Yerusaaleminis waan fureef,
yaa ona Yerusaalem,
walii wajjin gammadaa
ililchaas!
10 Biyyi lafaa guutummaatti
daariidhaa hamma daariitti
fayyisuu Waaqayyo keenyaa in
arga;
Waaqayyo irree isaa isa qulqulluu
saba lafa irraa hundumaa
duratti in mul'isa*;
11 sokkaa, achii ba'aatii sokkaa!
Wanta xuraa'aas harkaan hin
qabinaa!
Isin warri mi'a Waaqayyoo
baattan,
of qulleessaa,
ishee keessaa ba'aatii sokkaa*!
12 Waaqayyo inni kan Israa'el
isin dura bu'ee waan adeemuuf,
isin booddeedhaanis waan isin
eeguuf,
ariitiidhaan achii hin ba'inaa,
baqattaniis hin adeeminaa*!
**7 40:9-10; 41:27; Rom 10:15; Efe 6:15*
**8 40:3-5; 62:6; His 43:1-9*
**10 Far 98:1-3*
**11 48:20; 2Qor 6:17*
**12 Bau 12:11; 13:21; Kes 16:3*

13 Waaqayyo, "Kunoo,
hojiin garbicha kootii
wal in qixxaataaf;
inni ol in fuudhama, in guddata,
baay'ees ol in qabama.
14 Haa ta'u iyyuu malee,
akkuma namoonni yeroo isa
argan
na'anii dinqisiifatan,
akkasuma danaan garbicha
kootii waan badeef,
bifni isaas kan ilmaan namootaa
fakkaachuu waan dideef,
15 sabni baay'een isa in dinqisiifatu,
wanta dur hin beekne
amma in argu,
wanta dur hin dhageenyes
amma in hubatu
kanaafis mootonni isa duratti
afaan in qabatu" jedhe*.
**15 65:1; Rom 15:21*

Garbichi Waaqayyoo Sahaaf Dhiphachuu Isaa

53 1 Isa nuyi dhageenyee himne
eenyutu amane?
Irreen Waaqayyoos
eenyutti mul'ate*?
2 Inni akka hiqiltuu mukaatti
goofticha duratti ol in ba'a,
akka hidda mukaa
isa lafa gogaa
keessaa ba'uus in ta'a;
simboodhaa fi surraa waan hin
qabneef,
nuyi isa ilaaluu hin jaallanne;
miidhagummaa waan hin
qabneefis nu hin mararre*;
3 namoonni isa tuffatanii
isa irraa in goran,
inni nama dhiphinnii fi
muddamni
itti baay'ate ture;
inni akka nama tuffatanii,
achi ilaalanii bira darbanii
in ta'e;

nuyis homaatti iyyuu isa hin
lakkoofne*.
1 Yoh 12:38; Rom 10:16
2 11:1
3 Far 22:7

4 Inni garuu dhugumaan
dhiphina keenya of irra in
kaa'e,
muddama keenyas in baate;
nuyi garuu akka waan
Waaqayyo dha'icha isatti fidee,
akka waan inni isa rukutee
gad isa deebisettis in
lakkoofne*.
5 Inni garuu balleessaa keenyaaf in
waraaname,
sababii yakka keenyaafis
reebamee in caccabsame;
nuyi nagaa akka argannuuf
inni in adabame,
madaa'uu isaatiinis fayyinni
nuuf in argame*;
6 nuyi hundumti keenya
akka hoolotaa karaa irraa
badnee turre,
adduma addaanis kara-karaa in
gorre;
Waaqayyo garuu yakka
hunduma keenyaa isa irra
in kaa'e*.
4 Mat 8:17
5 Rom 4:25; 1Phe 2:24
6 1Phe 2:25; 2Qor 5:21

7 Isa in cunqursan, in dhiphisanis,
inni garuu waan tokko iyyuu
hin dubbanne;
akkuma ilmoo boolaa
ishee qalamuudhaaf
geeffamtuutti in oofame,
akkuma hoolaan
yommuu rifeensa irraa muran
cal jettuus,
inni calluma jedhe malee,
afaan isaa hin saaqqanne*.
8 Cunqursaadhaan itti faradamee in
ajjeefame;
hidda dhaloota isaatii eenyutu
hima ree?
Biyya warra jiraataa keessaa in
balleeffame,
balleessaa saba kootiitiin
bamma du'aatti in adabame;
9 inni jal'ina tokko illee hin
hojjenne,
gowwoomsaanis afaan isaa
keessaa hin baane;
awwaalli isaa warra jal'oota
gidduutti yaadamee ture,
inni garuu warra sooressoota
gidduutti in awwaalame*.
7 Mar 14:65; Yoh 1:29; Mul 5:6; HoE 8:32
9 1Phe 2:22

10 Waaqayyo, "Isa ani dhiphise sana
caccabsuun jaalala koo in ta'e;
inni lubbuu isaa aarsaa
sababii yakkaatiif dhi'aatu
godhee yoo dhi'eesse,
sanyii isaa arguuf jira;
jabanni isaas in dheeratataaf;
jaalalli koos karaa isaa in
raawwatama*;
11 dhiphina cimaa dhiphatee erga
du'ee booddee
deebi'ee jiraataa ta'ee
garaa in ciibsata;
garbichi koo inni qajeelaan
beekumsa isaatiin namoota
baay'eedhaaf in farada,
yakka isaaniis isaaniif in
baata*;
12 inni cubbuu namoota baay'ee
baatee,
waa'ee cubbuu isaaniitiifis
isaaniif in kadhate;
lubbuu isaa du'atti dabarsee
kennee,
warra balleessaa qabanii
wajjinis
waan lakkaa'ameef,
ani qooda isaa warra
gurguddootaa
wajjin nan godhaaf,
warra jajjaboo wajjinis
boojuu in hirmaata" jedhe*.
10 Mat 20:28; Gal 1:4; 1Yoh 2:2
11 Yoh 1:29; Rom 5:19
12 Mat 27:38; Mar 15:28; Luq 22:37

Sabni Waaqayyoo Ulfina Argacbuuf Akka Jiru Himuu Isaa

54 1 Waaqayyo, "Dubartii ishee
abbaa manaa qabdu caalaa,
dubartiin isheen abbaan manaa,
'Ijoollee in dhabde'
jedhee dhiise
ijoollee baay'ee waan
qabaattuuf,
ati yaa ishee dhabdee
dhala hin godhatin haftee,

ati isheen takkaa hin
ciniinsifatin,
gammadii ililchi!" jedhe*.
2 Iddoo dunkaana kee dhaabbattu
bal'isi,
dunkaana kee haleelii dhisi!
Funyoo isaa dheeressi, qofoo
isaas jabeessi!
3 Ati gara mirgaa fi
gara bitaatti in dagaagda,
sanyiin kee saba warra kaan
irraa
biyya in fudhata,
mandara onee ture keessas
namoota isaa in galfata.
1 49:20-21; Gal 4:27

4 Ati si'achi hin qaanoftuutii hin
sodaatin!
Ati si'achi yeellaasifamtee
lafa hin ilaaltuutii hin na'in!
Arrabsamuu yeroo
dargaggeettummaa keetii
in irraanfatta,
qaanii isa yeroo haadha
hiyyeessaa turtees
deebitee hin yaadattu.
5 Inni si uume akka abbaa manaa
siif in ta'a,
maqaan isaas Waaqayyo
gooftaa maccaa ti;
inni si fure isa qulqulluu
kan Israa'el,
inni guutummaa biyya lafaatiif
Waaqayyoo dha.
6 Ati akka dubartii
utuma isheen misirrummaatti
jirtuu
abbaan manaa ishee ishee
dhiisee,
akka ishee garaa ishee keessatti
baay'ee gadditee ti;
Waaqayyo garuu deebisee si
waame*,
7 "Ani yeroo muraasaaf si dhiiseen
ture,
amma immoo oo'a guddaadhaan
walitti sin qaba;
8 ani baay'ee waanan sitti aareef
yeroo muraasaaf fuula koo
si duraa dhokseen ture,
amma garuu jaalala bara baraatiin
siif nan oo'a"
jedha Waaqayyo inni si fure*.
6 50:1
7-8 Far 30:5; Faru 3:31-32

9 Ammas Waaqayyo, "Bara Nohitti,
'Ani si'achi lolaa bishaaniitiin
lafa hin balleessu' jedhee
akkuman kakadhe,
akkasuma amma immoo,
'Ani sitti hin dheekkamu,
si'achis si hin ifadhu*.
10 Tulloonni yoo raafaman iyyuu,
gaaronnis yoo socho'an iyyuu,
araarri koo si biraa hin mittiqu,
kakuun nagaa koos si biraa
hin socho'u' " jedha;
Waaqayyo inni siif oo'u
kana dubbateera*.
9 Uma 9:8-17
10 His 34:25; 37:26

11 Waaqayyo, "Ati yaa Yerusaalem
ishee dhiphachaa jirtuu,
ati bubbeedhaan asii fi achi
darbatamte;
namni si jajjabeessu hin turre.
Kunoo, ani dhagaa
gati-jabeessaan sin ijaara,
hundee kees dhagaa Safiiros
irra nan dhaaba;
12 ani bantii riqaa keetii
isa keessa taa'anii eegan,
callee diimaadhaan,
karrawwan kee dhagaa
Kaarbunkiliin,
dallaa dhagaa sitti naanna'ee
jirus
guutummaatti dhagaa
gati-jabeessaan nan ijaara*.
13 Ani Waaqayyo ilmaan kee
hundumaa nan barsiisa,
yommus nagaan ilmaan keetii
guddaa in ta'a*;
14 ati qajeelummaadhaan
jabeeffamtee in dhaabamta,
cunqurfamuu fi sodaan
sittii in fagaatu,
naasuunis gara keetti hin
dhi'aatu.
15 Kunoo, namni yoo si irratti ka'eef
ana biraa waan hin ta'iniif,
ati isa in balleessita.
11-12 Mul 21:18-21
13 Yoh 6:45

16 "Kunoo, nama iddoo ibiddaatti
itti buufee sibiila tumu,
isa harka isaatiin
mi'a waraanaa qopheessu,

isa hojii harka isaatiin nama
balleessus
akka inni balleessuuf anumatu
uume;
17 si balleessuudhaaf mi'i waraanaa
yoo qopheeffame iyyuu,
si miidhuu hin danda'u,
dubbii warra firdii duratti
si hammeessaniis in busheessita;
kun wanta garboonni koo
ana biraa argatanii dha,
isa ani isaaniif
dhugaa baasuu dhas" jedhe;
Waaqayyo isa kana dubbateera.

Waaqayyo Namoota Gara Fayyinaatti Waamuu Isaa

55 1 Waaqayyo, "Isin warri dheebottan
hundinuu gara bishaanii
kottaa!
Warri horii hin qabnes kottaa!
Midhaan bitadhaatii nyaadhaa,
kottaatii utuu horii itti hin baasin
daadhii waynii fi aannan
bitadhaa*!
2 Wanta buddeena hin ta'initti
maaliif horii keessan baaftu?
Wanta isin hin quufsinettis
maaliif dadhabdu?
Dubbii koo dhaga'aa,
wanta gaarii ta'e in nyaattu,
nyaata gaariittis in gammaddu;
3 gara koo kottaa! Gurra keessan
gara kootti qabaa,
akka jiraattaniifis dubbii koo
dhaga'aa!
Ani kakuu bara baraa isiniif nan gala,
innis amanamummaa koo isa
dhaabataa
isan Daawitin abdachiisee dha*.
4 Kunoo, ani Daawitin
sabaaf dhuga-baatuu godheera,
inni sabaaf dura-buutuu fi
ajajjuu ta'eera.
5 Kunoo, ani Waaqayyo gooftaan
inni qulqulluun kan Israa'el
kana godheera,
ulfina isaa siif kenneera;
kanaafis ati saba hin beekne in
waamta,
sabni si hin beeknes
gara keetti in fiiga" jedhe*.

**1 12:3; Yoh 7:37; Mul 21:6; 22:17*
**3 2Sam 7:8-16; Far 89:30-37; Er 31:31-34; HoE 13:34*
**5 44:5; 45:14-17; 49:22-23; 52:10*

6 Yeroo inni argamuu danda'utti
Waaqayyoon barbaaddadhaa!
Utuu inni dhi'oo jiruus
isa waammadhaa*!
7 Namni jal'aan karaa isaa
isa jal'aa haa dhiisu,
namni hamaanis yaada isaa
isa hamaa irraa haa deebi'u!
Gara Waaqayyo keenyaa
isa araarri isaa guddaa ta'eetti
haa deebi'u,
innis isa in maara*.

**6 Er 29:13-14; Amo 5:4*
**7 His 18:27,32; 33:11*

8 Waaqayyo, "Yaadni koo akka
yaada keessanii,
karaan koos akka karaa
keessanii miti*;
9 akkuma waaqni lafa irraa ol
fagaatu,
akkasuma karaan koo karaa
keessan irraa,
yaadni koos yaada keessan
irraa in fagaata.

**8 Rom 11:33*

10 "Bokkaanii fi cabbiin waaqa
keessaa
gad roobanii
lafa in jiisu;
lafichi biqila biqilchee,
sanyii, isa facaasuuf,
buddeenaa, isa nyaatuuf
akka kennu in godhu malee,
akkasumaan ol hin deebi'an*;
11 akkasuma immoo dubbiin
afaan koo
keessaa ba'u,
wanta ani fedhe hojjetee,
wanta ani itti erges
in raawwata malee,
harka duwwaa gara kootti hin
deebi'u*.

**10 2Qor 9:10*
**11 44:26; Far 33:9*

12 "Isin gammachuudhaan
iddoo itti booji'amtanii in
baatu,
nagaadhaanis in geggeeffamtu;
tulloonnii fi gaaronni
isin duratti in ililchu,
mukkeetiin caakkaa hundinuus
harka walitti in rurrukutatu*;
13 qooda muka qoraattii

birbirsi in biqila,
qooda kosorruus hadheessi in
biqila;
kun hundinuu maqaan koo
akka ittiin beekamuuf,
milikkita bara baraan hin
badneefis
in ta'a" jedhe*.

**12 44:23*
**13 41:19-20*

Waaqayyo Saba Warra Kaanis Gara Fayyinaattl Waamuu Isaa

56 1 Waaqayyo,
"Fayyisuun koo harka irratti
in dhufa,
qajeelummaan koos dafee in
mul'ata;
firdii sirriitti eegaa,
wanta qajeelaas godhaa!
2 Namni wanta kana godhu,
inni kana jabeessee eegu,
inni Sanbata hin xureessine,
inni harka isaa wanta
hamaa hojjechuuttii dhowwus
haa gammadu!" jedhe*.

**2 58:13-14; Uma 2:2-3; Bau 16:23; 20:8; Er 17:21-22*

3 Namni ormi gara Waaqayyootti
yommuu deebi'u,
"Waaqayyo dhugumaan saba
isaattii
gargar na baasa"
jedhee hin yaadin!
Inni xu'aashiinis,
"Kunoo, ani muka gogaa dha"
hin jedhin*!
4 Egaa Waaqayyo,
"Xu'aashota Sanbata koo
eeganiif,
wanta na gammachiisu godhaniif,
kakuu koo jabeessanii
eeganiifis,
5 ani mana qulqullummaa koo
keessatti,
kellaa isaa keessattis,
ijoollee dhiiraa fi durba
qabaachuu irra kan caalu,
maqaa bara baraan
hin badnee fi
seenaa isaan ittiin yaadataman
nan kennaaf*.
6 Warra orma anaaf
hojjechuudhaaf, na
jaallachuudhaaf,
anaaf sagaduudhaafis
ana Waaqayyotti maxxanan,
warra Sanbata koo
utuu hin xureessin eegan,
kakuu koottis jabaatan
hundumaa immoo,
7 ani gara tulluu koo isa
qulqullaa'aatti
ol nan baasa;
mana kadhataa isa kan kootii
keessattis
isaan nan gammachiisa;
manni koo saba hundumaaf
mana kadhataa
waan jedhamuuf,
qalmi gubamuu fi aarsaan isaanii
iddoo aarsaa koo irratti isaaniif
in fudhatama" jedhe*.
8 Waaqayyo gooftaan
inni saba Israa'el
warra bittimfaman walitti qabu,
"Ani warra amma walitti
qabaman
kana malees
kan biraa dabalee
walitti nan qaba" jedha*.

**3 14:1; Kes 23:2; HoE 8:27-28*
**4-5 Kes 23:2*
**6-7 Kes 23:3-8; His 44:7-9; Far 87:4-6; 1Mot 8:41-43; Mat 21:13*
**8 66:18-19*

Geggeessitoonni Israa'el Hadheeffamuu Isaanii

9 Waaqayyo, "Isin warri
akka bineensota daggalaa
hundinuu,
warri akka bineensota caakkaa
hundinuus
kottaatii jara kana nyaadhaa*!
10 Ecgdonni isaanii hundinuu
jaamota,
hundumti isaanii homaa hin
beekan;
isaan hundinuu
akka saroota dutuu bin
dandeenyee ti,
isaan ciisanii in abju'atu,
hirribas baay'ee in jaallatu*;
11 isaan albaadheyyii
akka saroota nyaatanii hin
quufnee ti,
eegdota waa hubachuu hin
dandeenyee dhas;
hundumti isaanii adduma
addaan

waanuma isaanitti tolu in
barbaadu,
bu'aa oofii isaanii duukaas in
bu'u*;
12 yommus isaan adduma addaan,
'Kottaa daadhii waynii
isiniif nan fida,
dhugaatii cimaas
hamma machoofnutti in
dhugnaa!
Boris akkuma har'aa in ta'a,
yookiis isa bar'aa iyyuu in caala
ta'a'
waliin in jedhu*.
*9 Er 12:9
*10 His 3:17; 33:6-9
*11 His 34:2; Er 6:13
*12 5:11-12

Wanta Nama Qajeelaa Fi Nama Hamaa Irratti Dhufu Himuu Isaa

57 1"Namni qajeelaan in du'a,
namni Waaqayyoof of kennu,
wanti hamaan akka isa irra hin
geenyeef
in fudhatama;
namni kana yaadaan qabu
immoo hin jiru*.
2 Warri gara-qajeelonni ciisanii in
boqotu,
nagaadhaanis in galu*.
*1 Mik 7:2
*2 2Mot 22:20; Dan 12:13

3 "Isin yaa ilmaan
warra duumessa ilaalanii
ayyaana bedanii,
sanyii warra ejjituu fi halalee
as dhi'aadhaa*!
4 Isin eenyutti ga'iftu,
eenyutti laagaa bantu?
Eenyuttis arraba baaftu?
Isin ilmaan irra-daddarbituu fi
sanyii sobduu mitii*?
5 Isin muka baalli isaa lalisu
hundumaa jalatti,
waaqayyolii tolfamoo keessanii
wajjin ejjuuf,
kajeellaan akkuma ibiddaatti
isin in gube;
laga keessatti, holqa dhagaa
keessattis
mucoolii keessan
isaaniif aarsaa in dhi'eessitu mitii?
*3 Hos 2:4
*4 Far 73:8

6 "Dhagoota cucculuquoo
bishaan keessa jiranitti
in sagaddu,
dhibaayyuu isaaniif in
dhi'eessitu,
kennaa midhaaniis in geessituuf;
egaa ani kanatti nan gammadaa
ree?
7 Isin tulluu dheeraa fi
ol ka'aa irratti
waaqayyolii tolfamoo keessanii
wajjin in ejjitan,
achi irrattis aarsaa in
dhi'eessitan;
8 cufaa jala, michichila balbalaa
duuba
milikkita warra saba koo hin
ta'inii in kaa'attan;
isin ana dhiiftanii
siree qullaatti hambiftanii
adeemtanii,
sirce isa bal'aatti ol in baatan;
warra isin jaallatanii wajjin
waliif in galtan,
isaanii wajjinis in ejjitan.
9 Molcek Waaqayyo tolfamaadhaaf
kennaa dhadhaa ejersaa
keessanii dhi'eessuudhaaf,
urgooftuu dibataa keessan
baay'iftanii dibattanii
gara isaa in dhaqxan;
waaqayyolii tolfamoo
barbaaddachuudhaaf
ergamtoota keessan,
hamma gara iddoo lafa jalaatti
iyyuu in ergitan[8];
10 isaan barbaaddachuudhaaf
karaan yommuu isin
dadhabsiise illee,
isin, 'Kun abdii hin qabu' hin
jenne;
bumna baaraa waan argattaniif
dadhabdanii hin dhiifne*.
*9 1Sam 28:6-7
*10 Er 2:25

11 "Akka isin sobdaniif
warri akkas isin sodaachisanii,
isin naasisan kun eenyufa'i?
Isin ana in irraanfattan,
waa'ee koos yaadatti hin
qabanne;

[8] **Isa 57:9** "Moleek Waaqayyo tolfamaa" yookiis "Mooticha".

sababii ani yeroo dheeraadhaaf
calluma jedheef
ana sodaachuu dhiiftanii*?
12 Ani hojii keessan isa isin
qajeelummaatti lakkaa'attan
nan mul'isa;
isaan si'achi homaa
waa'ee isiniif hin baasan.
13 Yommuu isin gargaarsaaf
iyyattan,
waaqayyoliin keessan warri
baay'een
mee isin haa oolchan kaa!
Hunduma isaanii qilleensi
afuufee in fageessa,
isaan in balleessas;
namni ana amanatu garuu lafa in
dhaala,
tulluu koo isa qulqullaa'aas
qabeenya isaa in godhata"
jedhe*.
*11 Far 50:21
*13 Far 37:9-11

Warra Rakkataniif Abdii Kennuu Isaa

14 Gooftichi, "Ka'aa karaa
tottolchaa,
daandiis wal qixxeessaa,
saba koo duraa gufuu
buqqisaa*!
15 Ani inni ol jedhaan, guddaan,
bara baraan kanan jiraadhu,
maqaan koo qulqulluu kan ta'e,
iddoo ol ka'aa fi
iddoo qulqullaa'aa nan jiraadha;
warra garaan isaanii cabee fi
warra gad deebi'anii
wajjinis nan ta'a;
hafuura warra garaan isaanii
cabee fi
warra gad deebi'anii nan
haaressa*.
16 Hafuurri nama ani uumee
ana duratti akka hin
dadhabnetti,
akka inni jiraatuuf
hafuurri ani isa keessa kaa'es
akka hin mudhuknetti,
ani bara baraan hin morkadhu,
si'a hundumaas hin
dheekkamu*;
17 bu'aa gar-malee argachuu isaatiin
sababii yakkeef,
ani isatti dheekkamee isa nan
adabe,
aarees fuula koo isa irraa nan
deebise;
kana keessaa immoo didee
karuma ofii isaatii irra in bu'e.
*14 40:3-4; 62:10
*15 66:1-2; 61:1; Far 113:5-9
*16 Far 103:9; Er 3:12; Faru 3:31-32

18 "Ani karaa isaa argeera,
garuu isa nan fayyisa;
isa nan geggeessa,
deebisees isa nan jajjabeessa*;
19 warri rakkatan afaan isaaniitiin
akka na galateeffatan nan
godha;
nagaan warra fagoo jiraniif,
nagaan warra dhi'oo jiraniifis
haa ta'u!
Ani isaan nan fayyisa*.
20 Warri jal'oonni garuu
akka galaana hunkuramee,
boqonnaa dhabuu,
akka isa dha'aan isaa dhoqqee
jalaa kaasee
bishaan boorcssuu ti" jedha*.
21 Waaqayyoon koo,
"Warri jal'oonni
nagaa bin qaban" jedha*.
*18 Bau 15:26
*19 Luq 2:14; Efe 2:17
*20 Yih 13
*21 48:22; Fak 28:1

Soomiin Inni Dhugaan Maal Akka Ta'e Dubbachuu Isaa

58 1Waaqayyo, "Hamma
dandeessu guddisii
dubbadhu malee,
of bin qabin!
Sagalee kee akka fiinootti
ol kaasii dhageessisi,
saba kootti irra-daddarbaa isaanii,
sanyii Yaaqoobitti cubbuu
isaanii himi*!
2 Isaan guyyaa hundumaa na
barbaaddatu,
karaa koo beekuus in fedhu,
akka saba wanta qajeelaa
hojjetuu fi
seera koo isa qajeelaa hin
dhiisiniitti,
wanta gochuun isaaniif ta'u
beeknu in fedhu;
ana Waaqayyotti dhi'aachuus
in jaallatu" jedhe*.
3 Isaan, "Ati gara keenya hin
ilaaltu

erga ta'ee, nuyi maaliif
soomne?
Ati nuuf hin beekne erga ta'ee,
nuyi maaliif of dhiphifne?" in
jedhu.
Waaqayyo immoo, "Kunoo,
yeroo soomtanitti
waanuma jaallattan in
raawwattu,
hojjetoota keessanitti hojii in
cimsitu*.
4 Kunoo, isin yommuu soomtan
wal in qoccoltu,
wal in loltu,
abootteedhaanis wal in rukuttu;
akka amma soomtan kanatti
yoo itti fuftan
kadhata keessan waanan isiniif
dhaga'u
isinitti fakkaataa ree?
5 Soomiin ani fo'adhe isa akkasiitii
ree?
Inni isin soomuu dha jettan,
isa namni gaaf tokko of
dhiphisee,
akka dhallaadduu coollagee
mataa isaa gad qabatee,
uffata gaddaas uffatee
daaraa keessa taa'u kanaa*?
Guyyaan Waaqayyo jaallatus
isa kanaa?
1 Mik 3:8
2 29:13-14
3 Er 14:12
5 2Sam 12:16-17; Iz 10:6; Nah 1:4; 9:1; As 4:3,16; Dan 9:3; 10,2-3; Yoe 1:13-14; 2:15-17; Yon 3:5; Zak 7:3; Mat 6:16-17

6 "Soomiin ani fo'adhe
warra firdii jal'aadhaan
hidhaman hiikuu,
hudhaa waanjoo ittii furuu,
warra cunqurfaman luba
baasuu,
wannjoo hundumaas isaan irraa
caccabsuu mitii ree*?
7 Buddeena keessan warra
beela'aniif,
hiyyeessa olii fi gad jooruuf
iddoo bultii kennuu,
isa qullaa ta'e
yommuu argitan daara baasuu,
warra aantii keessan ta'anitti
dugda gatuu dhiisuu mitii ree*?
8 Yoo kana hundumaa guotaniif
ifni keessan akka biiftuu
ganamaa ol in ba'a,
madaan keessanis dafee
deebi'ee in fayya;
qajeelummaan keessan isin
dura in adeema,
ulfinni koos isin booddeedhaan
isin in eega*.
6 61:1; Nah 5:1-13
7 Kes 15:7-8,11; His 18:7; Mat 25:35-36
8 Iyo 11:17; Isa 52:12

9 "Yommus isin ana in waammattu,
anis isiniif nan deebisa;
gargaarsaaf gara kootti in iyyattu,
anis isin jalaa nan oowwaadha;
isin nama cunqursuu yoo dhiiftan,
quba namatti qabdanii
jal'ina nama irratti
dubbachuus yoo dhiiftan*,
10 isa beela'eef nyaata yoo kennitan,
isa rakkates yoo gargaartan,
ifni keessan dukkana keessatti in
ba'a,
dukkanni keessanis
akka guyyaa saafaa in ta'a.
11 Ani Waaqayyo yeroo hundaa
isin nan geggeessa,
lafa gogaa keessatti iyyuu isin
nan quufsa,
namummaa keessanis nan
jabeessa;
yommus isin akka iddoo dhaabaa
isa yeroo hundaa bishaan
qabuu,
akka burqaa
bishaan isaa hin hir'annees in
taatu*;
12 isa dur diigamee ture in deebiftu,
hundee isa abaabiliin keessan
kaa'an irrattis in ijaartu;
isin, 'Warra isa caceabe
deddeebisan,
warra karaa isa duudee ture
tottolchanis'
in jedhamtu*.
9 30:19; 65:24
11 Er 31:12
12 61:4; Nah 1:3; 2:17

13 "Isin guyyaa Sanbataatti
lafuma balle dhaquu yoo
dhiiftan,
guyyaa koo isa qulqullaa'aa
kanatti
fedha keessan duukaa bu'uuttii
yoo of eeggattan,
guyyaa Sanbataa, guyyaa
gammachuu,

guyyaa qulqullinni koo
ulfina itti argatu yoo godhattan,
guyyaa sanatti dhimma ofii
keessaniitiif
adeemtanii itti gammaduu,
wanta waa'ee hin baafnes
dubbachuu yoo dhiiftan*,
14 yommus ana Waaqayyotti in
gammaddu,
ani immoo iddoo ol ka'aatti
akka isin ol baatan,
dhaala Yaaqoob abbaa keessaniis
akka isin nyaattan nan godha"
jedhee
afaan kootiin kana dubbadheera.
13 56:2

Waa'ee Cubbuu Saba Isaatii Dubbachuu Isaa

59 1 Kunoo, harki Waaqayyoo
gabaabbatee
isin fayyisuu hin dadhabne,
gurri isaas duudee iyya keessan
dhaga'uu hin dhabne*;
2 yakki keessan isinii fi
Waaqayyo keessan gidduu
goree
gargar isin in ittise,
akka isiniif hin dhageenyettis
sababii cubbuu keessaniitiif
Waaqayyo fuula isaa isin irraa
in deebise;
3 harka keessan dhiigaan,
barruu keessanis yakkaan
xureessitaniittu;
afaan keessaniin soba in dubbattu,
arraba keessaniinis
micciiramummaa in
dhageessiftu*.
1 50:2
3 1:15

4 Namni firdii qajeelaadhaan
adeemu,
namni dhugaadhaan faradus
tokko illee hin jiru;
isin dubbii waa'ee hin baafne in
amanattu,
sobas in dubbattu;
hammina garaa keessa in kaa'attu,
jal'inas garaa keessan keessaa
in baaftu*.
5 Isin akka nama hanqaaquu
mar'ataa
cabsee ilmoo ishee yaasuu ti,
akka nama fo'aa sariitii fo'uu tis;
namni utuu hin beekin
banqaaquu sana yoo nyaate in
du'a,
hanqaaquu isa eabu keessaa
immoo
ilmoo bofaatu ba'a.
6 Fo'aan sariitii isin fo'attan
uffata hin ta'u,
isuma ofii dhooftan sana iyyuu
uffachuu hin dandeessan;
hojiin keessan nama rakkisuu
duwwaa dha,
harka keessaniin waan hamaa
in hojjettu.
7 Isin jal'ina hojjechuutti in fiigdu,
dhiiga nama yakka hin qabnee
dhangalaasuuttis in ariifattu;
yaadni keessan jal'aa dha,
gara itti adcemtanittis hojiin
keessan
diiguu fi balleessuu duwwaa
dha;
8 lafa dhaqxanitti nagaa buusuu hin
beektan,
daandii keessan irras firdiin
qajeelaan hin jiru;
karaa jal'aa irra in adeemtu,
namni yaada keessan duukaa
bu'us
nagaa hin qabu*.
4 Far 7:14
7-8 Fak 1:16; Er 2:34; Rom 3:15-17

9 Kanaafis jarri,
"Firdii qajeelaan nu irraa in
fagaate,
qajeelummaanis nu bira hin
ga'u;
nuyi ifa in eegganna,
garuu kunoo, dukkanatu dhufa;
nuyi ifa guyyaa in abdanna,
amma iyyuu garuu dukkana
limixii
keessa adeemaa jirra.
10 Akka nama jaamaa keenyan
qaqqabannee,
akka nama ija hin qabnee
karaa in barbaaddanna;
akka waan dimimmisaa'eetti
guyyaa saafaadhaan in gufanna,
warra ciccimoo keessattis
akka warra du'anii in taane.
11 Hundumti keenya
akka amaaketaa in gururiina,
gaddinees akka gugee in aadna;
firdii qajeelaa in abdanna,

inni garuu hin jiru;
fayyina in eegganna,
inni garuu nuttii fagoo dha*.
**9-11 Dan 9:7-8,11-14; Kes 28:29; Isa 38:14*

12 "Irra-dadarbaan keenya
si duratti baay'ateera,
cubbuun keenyas nu irratti
dhugaa ba'eera;
balleessaa keenya beekneerra,
yakka keenyas hubanneerra.
13 Nuyi irra daddarbineerra,
goofticha duratti soba
dubbanneerra,
Waaqayyo keenya irraas
deebineerra;
humnaan nama irratti kaanee
nama miidhuu in yaadna,
dubbii sobaas
garaa keenya keessatti
yaadnee in dubbanna.
14 Kanaafis qajeelummaanii fi
firdii qajeelaa kennuun
nu irraa in fageeffame,
dhugaan yaa'ii guddaa keessatti
karaa irraa in jal'ifamte,
gara-qajeelinnis
achi keessatti argamuu in
dadhabe.
15 Dhugaan in dhibame,
namni wanta haamaa irraa
gorus in saamama" jedhan;
Waaqayyo garuu
firdiin qajeelaan akka dhabamc
argee in jibbe*.
**12-15 Dan 9:15-19; Er 14:7; Isa 58:6-7; 1:17*

16 Kana qajeelchuudhaaf kan yaalc
tokko illee akka hin jirre
Waaqayyo yommuu kana arge
in dinqisiifate;
qajeelummaa isaatti in hirkate,
irree isaatiinis mo'icha in
argate*;
17 inni qajeelummaa akka maddaa
sibiilaatti in uffata,
fayyinas akka gonfoo sibiilaatti
mataa irra in kaa'ata;
inni ijaa baafachuu akka
uffataatti,
hinaaffaas akka qolootti in
uffata*;
18 inni warra isa jibban irratti
dheekkamsa in fida,
diinota isaatiifis gatii isaanii in
kenna;
namoonni biyyoota galaana
gidduu
keessa jiraatanis
gatii hojii isaanii in argatu.
19 Yommus warri biyya
gara lixa-biiftuu jiran
maqaa Waaqayyoof ulfina in
kennu,
warri biyya gara ba'a-bliftuu
jiranis
ulfina isaa in sodaatu;
warri isa jibban
akka bishaan dafee fiigüutti
yommuu dhufan,
hafuurri Waaqayyoo isaanitti
dhufee
isaan in oofa.
**16 Far 72:1-4; His 13:4-5*
**17 Efe 6:14-17; 1Tas 5:8*

20 "Inni furu, gara Xiyoon,
sanyii Yaaqoob keessaa
gara warra irra-daddarbaa
isaaniittii deebi'anii
in dhufa" jedhe;
Waaqayyo kana dubbateera*.
21 Waaqayyo, "Ani isiniif kakadheera;
hafuurri koo isin irra in boqota; dubbiin
koo inni ani afaan keessan keessa isiniif
kaa'e, afaan keessan keessaa, afaan
ijoollee keessanii keessaa, afaan ijool-
lee ijoollee keessanii keessaas hamma
bara baraatti hin dhabamu" jedha.
**20 Rom 11:26*

Waa'ee Ulfina Xiyoon Himuu Isaa

60 1 Ifni kee dhufeera,
ulfinni Waaqayyoos siif
ba'eera,
kanaafis ka'ii ibsi!
2 Kunoo, dukkanni lafatti in uffisa,
dukkanni limixiinis
saba lafa irraa in dhoksa;
siif garuu ifni Waaqayyoo in ba'a,
ulfinni isaas si irratti in
argama*.
3 Sabni lafa irraa gara ifa kee,
mootonnis gara biiftuu
isa siif ba'uu in dhufu*.
**1-2 9:1-2; Far 27:1; Mul 21:23*
**3 2:2-3; Mul 21:24*

4 Ol jedhii asii fi achi ilaali!

Hundumti isaanii walitti
qabamanii
gara kee in dhufu;
ilmaan kee fagoodhaa in dhufu,
intaloota kees kaasuutti
baatanii gara kee in fidu*;
5 ati kana yommuu argitu
fuulli kee in ifa,
onneen kees gammachuu irraa
kan ka'e na'ee in dha'ata;
qabeenyi galaana keessa jiru
hundinuu
kan kee in ta'a,
badhaadhummaa saba lafa irraas
siif in fidu*.
6 Gaalonni cocolleen danuun,
biyya Miidiyaanii fi
biyya Eefaatii dhufanii,
biyya kee keessa in guutu;
namoonni biyya Sheebaatii
dhufan hundinuu,
warqeedhaa fi ixaana fe'anii in
fidu,
galata Waaqayyoos in himu*.
7 Karri bushaayee Qedaar hundinuu
siif walitti in qabamu,
korbeeyyiin Nabaayootis
dhimma ati barbaaddu irra
siif in oolu;
isaan hundinuu aarsaa
fudhatamoo ta'anii
iddoo aarsaa isa kan
Waaqayyoo irratti in
dhi'eeffamu;
Waaqayyo immoo manni ulfina
isaatii
ulfina akka argatu in godha*.
**4 49:18,22; 62:10; 66:12,20*
**5 60:13; 66:12; Mul 22:26*
**6 1Mot 10:1-2; Far 72:10,15; Mat 2:1-11*
**7 His 27:21*

8 Warri akka duumessaa,
akka gugeewwan mann'ee
isaaniitti fiiganii
balali'an kun eenyufa'i?
9 Ilmaan kee warra biyyoota
galaana gidduu keessaa
Waaqayyoon abdatan,
biyya fagoodhaa warra fidan
keessaa,
markaboonni Tarshiish
warra duraa ti;
isaan meetii isaanii fi warqee
isaanii
isaanii wajjin in fidu;
kanas maqaa Waaqayyo gooftaa
kee
isa qulqulluu kan Israa'el
isa ulfina siif kenneef
jedhanii in godhu*.
**9 51:5*

10 Waaqayyo, "Yaa Yerusaalem,
warri ormaa kellaa mandara
keetii in ijaaru,
mootonni isaaniis siif in
hojjetu;
ani aaree si rukuteen ture,
amma garuu siif oo'ee sin
maara*;
11 sabni lafa irraa badhaadhummaa
isaanii
gara kee akka fidaniif,
mootonni isaaniis tarreedhaan
akka ol galaniif,
karroonni kee yeroo hundaa
banamanii in taa'u,
halkanii fi guyyaas hin
cufaman*.
12 Sabni yookiis mootummaan
siif hin hojjenne in bada,
inni raawwatee in balleeffama;
13 yommus si Yerusaalemin
deebisanii ijaaruuf,
mana qulqullummaa koo
ittiin miidhagsuuf,
mandara koos ulfina-qabeettii
gochuuf,
birbirsa, muka
yeroo hundumaa baalli isaa
lalisuu fi
qaraaroo caakkaa Liibaanon
keessaa in fidu.
14 Ilmaan warra si cunqursaa turanii
amma gugguufanii gara kee in
dhufu;
warri dur si tuffatan hundinuus
amma miilla kee jalatti in kufu;
isaan, 'Ati mandara Waaqayyoo ti
Xiyoon mandara Waaqayyoo
isa qulqulluu kan Israa'el'
jedhanii si in moggaasu*.
**10 61:5; 54:8*
**11 Mul 21:25-26*
**14 14:2; His 48:35*

15 "Isa dur namni si irraa goree, si
jibbees ture,
isa dur namni tokko illee
si keessa hin darbine,
amma immoo ani bara baraan

surra-qabeettii sin godha,
dhaloota hundumaafis
iddoo gammachuu in taata;
16 ati aannan saba warra kaanii in
dhugda,
qabeenya moototaas in nyaatta;
yommus ani Waaqayyo
inni aango-qabeessi kan
Yaaqoob
isa si fayyisuu fi isa si furu
akkan ta'e in beekta*.
16 49:23

17 "Ani qooda sibiila boorrajjii,
warqee,
qooda sibiilaa, meetii,
qooda mukaa, sibiila boorrajjii,
qooda dhagaas, sibiila nan fida;
nagaan eegduu kee,
qajeelummaanis geggeessituu
kee
akka ta'u nan godha,
18 si'achi sagaleen humnaan nama
irratti ka'uu
biyya kee keessatti hin
dhaga'amu;
miidhaan yookiis balleessaan
daarii biyya kee keessatti bin
argamu;
kelloota mandara kee 'Fayyina',
balbaloota kees 'Galata' jettee
in moggaafta*.
18 11:9; Er 6:6-7

19 "Ani Waaqayyo ibsaa bara baraa
siif nan ta'a,
ulfina kootu ifa kee ta'a malee,
si'achi guyyaa biiftuun,
halkanis jiini
ifa siif hin ta'u;
20 aduun kee deebitee hin lixxu,
jiini kees ifa ishee hin hir'iftu;
ani Waaqayyo ifa bara baraa
siif nan ta'a,
barri gadda keetiis in
raawwatama*.
21 Yommus sabni kee hundinuu
qajeelota in ta'u,
biyyichas dhaala bara baraa in
godhatu;
isaan biqilnuu isa ani dhaabe,
isa ani ulfina koo
ittiin argisiisuuf
harka kootiin hojjedhee dha.
22 Maatiin xinnaan baay'atee
kumaatama in ta'a,
inni hundumaa irra gad
deebi'aanis
saba aango-qabeessa in ta'a;
ani Waaqayyoo dha;
yeroo isaatti kana hundumaa
dafee nan raawwadha" jedhe*.
19-20 Zak 14:6-7; Mul 21:23; 22:5
22 49:19-20

Rakkina Keessaa Akka Ba'an Misraachoo Himuu Isaa

61 1 Hafuurri Waaqayyo gooftaa
ana irra jira,
sagalee misraachoo warra
gadadamootti akkan
himuuf,
Waaqayyo na dibeera;
warra garaan isaanii cabe akkan
fayyisuuf,
warra booji'amanitti gad
dhiifamuu,
warra hidhamanittis biikamuu
akkan labsuuf iuni na ergeera;
2 waggaa Waaqayyo biratti
jaallatamee fudhatame,
guyyaa Waaqayyo keenya itti
ijaa baafatu
akkan labsuuf,
warra gaddan hundumaas
akkan jajjabeessuuf na ergeera*;
3 warri Xiyoon keessaa gadduu irra
jiran,
qooda daaraa mataatti
firfirfatan,
uffata miidhaginaa mataa irra
akka buufatan,
qooda gaddan, dibatanii
akka gammadan,
qooda hafuura gaddaas,
gammachuudhaan akka
faarfatan
gochuudhaaf na ergeera;
isaan, "Qilxuu qajeelinaa,
isa Waaqayyo ulfina isaa
ittiin argisiisuudhaaf dhaabe"
jedhamanii in waamamu.
4 Isa dur diigamee ture
deebisanii in ijaaru,
isa dur onee tures in haarcssu;
mandaroota warra
dhaloota baay'ee dura
diigamanii turan,
deebisanii in tottolchu*.
1-2 11:2; Mat 11:5; Luq 4:18-19; Isa 42:1; 57:15; 42:7; 63:4; 34:8
4 58:12

5 Ormi bushaayee keessan
isiniif in tiksa,
ilmaan ormaas
qotiisa isiniif in qotu,
wayniis isiniif in dhaabu*.
6 Isin garuu luboota Waaqayyoo in
taatu,
"Warra Waaqayyo keenyaaf
hojjetanis" in jedhamu;
badhaadhummaa saba warra
kaanii in nyaattu,
ulfina isaaniis fudhattanii
ittiin of in jajju*.
7 Qooda yeelloo fi salphina
baachaa turtan,
amma immoo biyya keessan
keessatti
ulfina dachaa lama in argattu,
ga'aa keessanittis in gammaddu;
biyya keessan keessatti deebitanii
gammachuu in argattu,
bara baraanis kan keessan in
ta'a.
5 60:10
6 Bau 19:6; 1Phe 2:5,9; Mul 1:6; 20:6

8 Ani Waaqayyo,
"Firdii qajeelaa nan jaalladha,
saamichaa fi jal'ina garuu nan
jibba;
ani amanamummaa kootiin
saba kootiif gatii hojii isaanii
nan kenna,
isaaniifis kakuu bara baraa nan
gala*;
9 sanyiin isaanii saba lafa irraa
keessatti
beekamaa in ta'a,
ijoolleen isaaniis namoota
gidduutti beekamoo in ta'u;
namni isaan argu hundinuu,
isaan sanyii isa
ani Waaqayyo eebbise sanaa
ta'uu isaanii
in beeksisa" jedha.
8 Far 37:28; Anb 2:4

10 Ani Waaqayyotti guddisee nan
gammada,
lubbuun koos Waaqayyo kootti
in ililchiti;
akkuma dhirsi misirroo
akka lubaatti shaashii maranu,
akkuma misirroonis mi'a
miidhaginaa naqattutti,
akkasuma inni uffata fayyinaa
anatti uffiseera,
qoloo qajeelummaatiinis na
gonfeera;
11 akkuma lafti sanyii biqilchu,
iddoon dhaabaas
wanta isa keessatti
facaafame magarsu,
akkasuma Waaqayyo gooftaan,
qajeelummaanii fi galanni
afaan saba lafa irraa hundumaa
keessaa
akka dhaga'amu in godha.

Xiyoon Maqaa Haaraa Argachuu Ishee

62 1 Qajeelummaan ishee akka
biiftuu ganamaa
hamma ol ba'utti,
fayyinni ishees akka guca
bobba'uutti hamma ibsutti,
ani waa'ee Xiyooniif
calluma hin jedhu,
waa'ee Yerusaalemiif hin
boqodhu*.
2 Sabni lafa irraa qajeelummaa kee,
mootonni hundinuus
ulfina kee in argu;
maqaa haaraa isa Waaqayyo ofii
isaatii
siif kenneen in waamamta*;
3 ati akka gonfoo miidhaginaa fi
akka marata mootiin
mataatti maratuutti
harka Waaqayyo gooftaa keetii
keessatti in eegamta;
4 Ati si'achi,
"Ishee gad dhiifamte" hin jedhamtu,
ati, "Isbec ani jaalladhu"
biyyi kees,
"Isbee abbaa manaa qabdu" in
jedhamti;
Waaqayyo si jaallata'o,
biyyi kees abbaa manaa in
argatti*.
5 Akkuma dargaggeessi durba
fuudhu,
akkasuma ilmaan kee si
fudhatanii
qabeenya isaanii si in godhatu;
akkuma dhirsi misirroo
misirroo isaatti gammadu,
akkasuma Waaqayyo kees
sitti in gammada.
1 Far 137:5-6
2 65:15; 60:14; Mul 2:17
4 54:6; 60:15; Hos 2:21-22

6 Yaa Yerusaalem,
ani kelloota mandara kee irra
cegdota kaa'eera,
isaan halkanii fi guyyaa
calluma hin jedhan;
isin warri waa'ee Yerusaalem
Waaqayyo duratti dhi'eessitan
hin boqotinaa*!
7 Hamma Waaqayyo Yerusaalemin
deebisee jabeessee dhaabutti,
hamma inni akka isheen
biyya lafaa irratti jajamtu
godhutti,
boqonnaa isaaf hin kenninaa!
8 Waaqayyo irree isaa mirgaa
isa cimaa ol kaasee,
"Si'achi diinni kee midhaan kee
akka nyaatu hin godhu,
daadhii waynii kee isa ati
itti dadhabdee hojjettes
ormi akka dhugu hin godhu*;
9 isin warri
midhaanicha sassaabdanii
galchitan garuu
midhaanicha nyaattanii
Waaqayyoon in galateeffattu;
warri ija waynii funaantanii
manatti galchitanis
oobdii mana qulqullummaa koo
keessatti
daadhii waynii in dhugdu"
jedhee kakateera*.

6 52:8; 49:16
8 65:21-22
9 Kes 12:17-18

10 Kellaa mandaraa keessaa ba'aa,
gad ba'aatii sabaaf karaa
qopheessaa!
Ka'aa, ka'aatii karaa guddaa
tolchaa,
dhagaa karaa keessaa
fufuudhaa,
saba lafa irraatiif faajjii ol
fuudhaa*!
11 Waaqayyo kunoo, intala
Xiyooniin,
"Ilaa! Fayyisaan kee in dhufa,
gatiin inni namaaf kennu
isa harka jira,
miindaa isaas of duraa qaba"
jedhee,
hamma andaara lafaatti in
labse*.
12 Yommus sabni isaa, "Saba
qulqullaa'aa,
isa Waaqayyo fure" in jedhama;
yaa Yerusaalem ati immoo,
"Mandara ishee barbaadamte,
ishee hin gatamne"
jedhamtee in waamamta.

10 40:3-4; 57:14
11 40:9-10; Zak 9:9

Guyyaan Waaqayyo Itti Ijaa Baasu Akka Dhufu Himuu Isaa

63 1 Inni uffata dhiiga cuuphamc
uffatee biyya Edoom
keessaa,
mandara Bozraatii
as ba'u kun eenyu?
Inni uffata miidhagaa uffatec
as dhufaa jiru,
inni humna isaa isa
guddaadhaan
as ba'aa jiru kunis eenyu?
"Ana, inni qajeelummaadhaan
dubbatu,
ana, inni fayyisuudhaaf
aangoo qabu*!"
2 Wayyaan kee maaliif diimate ree,
uffanni kee maaliif
uffata nama waynii cuunfuu
fakkaate ree*?

1 34:6
2 Mul 19:13

3 Gooftichi immoo,
"Ani kophaa koo
waynii cuunfeera,
saba keessaas namni tokko illee
anaa wajjin hin turre;
ani dheekkamee isaan irra nan
ejjedhe,
aarees isaan nan dhidhiite;
dhiigni isaanii uffata kootti in
faffaca'e,
uffata koo hundumaas in
xureesse*.
4 Guyyaan itti ijaa baasu murtoo
godheera,
barri ani itti isaan furus
dhi'aateera*.
5 Ani asii fi achi ilaalee,
nama na gargaaru tokko illee
yommuun dhabe nan
dinqisiifadhe;
garuu aaree harka dheekkamsa
koo
yommuun ol fudhadhe,
mo'icha nan argadhe;

6 ani dheekkamsa kootiin saba irra
nan ejjedhe,
aarii kootiinis isaan nan
macheesse,
dhiiga isaaniis lafatti nan
dhangalaase" in jedha.

3 Yoe 3:13; Mul 14:20
4 34:8; 61:2

Galataa Fi Kadhata Saba Waaqayyoo

7 Ani araara Waaqayyo godhe nan
hima,
gochaa isaa isa galateeffamaas
nan odeessa;
wanta Waaqayyo nuuf godhe
hundumaaf,
gaarummaa isaa isa guddaa
isa inni saba Israa'el argisiiseef,
wanta inni akka oo'a isaa fi
akka arjummaa isaatti
isaaniif godheefis,
isa nan galateeffadha*.
8 Inni isaaniin,
"Isaan dhugumaan saba koo ti,
ilmaan ana hin sobnee dha"
jedhee ture;
kanaaf inni fayyisaa isaaniif
ta'e;
9 yeroo isaan dhiphatan
hundumaatti innis in
dhiphate,
ergamaan isaa inni isa bira jiru
isaan in oolche;
Waaqayyo ofii isaatii jaalala
isaatii fi oo'a isaatiin
isaan in fure;
inni durii duriitii jalqabee
yeroo hundaa ol fuudhee
isaan in baate*;
10 isaan garuu didanii
hafuura isaa isa qulqulluu in
gaddisiisan;
kanaaf inni immoo garagalee
diina isaanitti ta'ee isaan in
lole*.

7 Far 77:11-12
9 Bau 3:2; 14:19
10 Far 78:40; 106:43

11 Isaan bara darbe,
bara Musee garbicha isaa
yommuu yaadatan,
"Inni geggeessitootaa wajjin
sabni isaa galaana keessa
akka ce'an godhe,
inni hafuura isaa isa qulqulluu
isaan keessa kaa'e meerree*?
12 Inni irree isaa isa
ulfina-qabeessaan
Musee gargaare,
inni ulfinni maqaa isaa
bara baraan akka beekamu
gochuudhaaf
galaana gargar isaaniif hire
eenyu*?
13 Inni akka farda gufannaa malee
lafa onaa keessa adeemuutti,
galaana gad fagoo keessa
akka isaan ce'an godhe eenyu?
14 Akka saawwan dachaatti
gad bu'anii boqotanii,
akkasuma hafuurri Waaqayyoo
boqonnaa isaaniif akka kennu
kan godhe eenyu?" in jedhan;
ulfinni maqaa kee akka
beekamuuf
ati saba kee akkasitti
geggeessaa turte.

11 Bau 2:1-10; Lak 11:17
12 Bau 14:29

15 Yaa Waaqayyo, waaqa irraa gad
ilaali,
iddoo kee isa qulqullaa'aa fi
ulfina-qabeessa keessaas
nu mil'adhu!
Hinaaffaan kee fi aangoon kee
meerree,
gara-laafummaa kee fi oo'a
kee nu dhowwatte moo*?
16 Yaa Waaqayyo, ati abbaa keenya;
Abrahaam nu hin beeku yoo
ta'e iyyuu,
Yaaqoobis nu hin yaadatu yoo
ta'e iyyuu,
ati garuu abbaa keenya, furii
keenya,
maqaan kees kan bara baraa ti*.
17 Yaa Waaqayyo! Maaliif karaa
kee irraa nu kaachifta?
Nuyi akka si hin sodaannettis
maaliif garaa keenya jabeessita?
Garboota keetii fi gosa
warra dhuunfaa kee ta'aniif
jedhii deebi'i*!
18 Sabni kee inni qulqulluun
yeroo gabaabaa duwwaadhaaf
iddoo kee isa qulqullu
dhaala godhatee ture;

amma garuu diinonni kee
iddoo kee
isa qulqulluu
miillaan in dhidhiitan*;
19 nuyi akka warra
ati takkaa mootii isaanii
taatee hin beeknee in taane,
warra dur maqaa keetiin
waamamanii hin beeknes
in fakkaanne.
15 57:15; Kes 26:15
16 Kes 32:6
17 6:9-10; 57:17
18 Far 79:1

Sabichi Waaqayyoon Araara Kadhachuu Isaa

64 1Tulloonni si sodaatanii akka
raafamanitti,
maaloo bantiiwwan waaqaa
tarsaaftee utuu gad buutee!
2 Akkuma namni hanxaxiidhaan
ibidda qabsiisee,
ibidda ho'aadhaan bishaan
danfisutti,
akkasuma sabni lafa irraa
si duratti akka rom'aniif,
gad bu'ii diinota keetti
maqaa kee beeksisi!
3 Ati yommuu gad buute,
tulloonnis si sodaatanii
si duratti in raafaman;
wanta nuyi hin yaadin,
isa nama sodaachisu sana in
hojjette*;
4 kan akka kee
warra isa abdataniif waa
raawwatu
Waaqayyo kan biraa tokko
illee hin jiru;
durii duriitii jalqabee
dhaga'amee,
argamees hin beeku*.
5 Ati gara nama
isa hojii qajeelaa
hojjechuutti gammaduu fi
gara nama isa karaa kee
yaadatuu in dhufta.
Kunoo, nuyi waan cubbuu
hojjenneef
ati nutti in dheekkamte;
nuyi cubbuu keessa bara dheeraa
yoo turre iyyuu
amma immoo in fayyina;
6 nuyi hundumti keenya garuu
akka wanta xuraa'aa taane,
qajeelummaan keenya hundinuus
akka moofaa xuraa'ummaa in
ta'e;
nuyi hundumti keenya
akka baalaa in coollagne,
yakki keenyas akka qilleensaa
nu fudhatee in adeeme.
7 Namni maqaa kee waammatu
tokko illee hin jiru,
namni ofii isaatiin ka'ee
gara keetti deebi'uu yaalus hin
jiru;
ati fuula kee nu irraa in deebifte,
yakka keenyattis dabarsitee nu
in kennite.
1-3 Far 18:6-15
4 1Qor 2:9

8 Yaa Waaqayyo! Ati abbaa
keenya;
nuyi garuu suphee dha;
ati immoo akka nama suphee
dha'uutti
harka keetiin nu tolchite;
nuyi hundumti keenya
hojii harka keetii ti*.
9 Yaa Waaqayyo, maaloo nuyi
saba kee ta'uu keenya
yaadadhu!
Gara keenya ilaali malee,
baay'iftee nutti hin aarin;
bara baraanis yakka keenya
nutti hin yaadatin!
10 Mandaroonni kee warri
qulqullaa'oon
duwwaa in ta'an,
Xiyoon lafa onaa in taate,
Yerusaalem in diigamte*.
11 Manni qulqullummaa keenya
inni ulfina-qabeessi,
inni abboonni keenya keessatti
si galateeffachaa turan
ibiddaan in gubame,
wanti nu gammachiisu
hundinuus in diigame*.
12 Yaa Waaqayyo! Wanti akkasii
kun
yommuu nu irra ga'u
calluma jettee dhiiftaa?
Calluma jettees adaba
guddaadhaan nu dhiphiftaa?
8 63:16; 45:9; Faru 4:2; Rom 9:21
10 Far 74:3-7
11 63:15

Firdiin Adabaa Fi Firdiin Fayyinaa Akka Dhufu Hlmuu Isaa

65 1Waaqayyo, "Ani warra
ana hin iyyaafatinitti
nan mul'adhe,
warra ana hin barbaadinittis
nan argame;
saba maqaa koo hin
waammatiniin,
'Ani asan jira,
ani asan jira' nan jedhe*.
2 Ani guyyaa hundumaa
harka koo gara saba didee
ka'eetti,
gara isa karaa hin taane irra
adeemuutti,
gara isa akeeka ofii isaatii irra
bu'eettis
nan bal'ise*.
3 Sabni kun wanta yeroo hundumaa
fuula koo duratti hojjetaniin
ana in aarsu;
iddoo dhaabaa keessatti
aarsaa qalmaa in dhi'eessu,
xuuphii irrattis ixaana in aarsu*.
4 Isaan awwaala gidduu in taa'u,
halkanis iddoo dhokataa
keessa in bulu;
foon boyyee in nyaatu,
bishaan foon isa qalma
Waaqayyo tolfamaaf dhi'aatus
xuwwee isaanii keessa jira*.
5 Isaan nama yommuu argan,
nuyi qullaa'oo waan taaneef,
'Achuma ijaajji malee,
nutti hin dhi'aatin!'
in jedhu;
warri akkasii
akka aara ibidda
yeroo hundumaa boba'uu,
dheekkamsi koo akka hoba'u
in godhu.
1 Rom 10:20
2 Rom 10:21
3 1:29
4 66:17; Lew 11:7; 19:31

6 "Kunoo, gatiin yakka isaanii
caafamee na dura jira,
ani Waaqayyo guutummaatti
hamma hojii isaanii
isaaniif nan kenna malee,
calluma hin jedhu;
eyyee, akka hojii isaaniitti
mataa isaaniitti nan deebisa.
7 Isaan tulloota irratti
ixaana waan aarsaniif,
gaarota irrattis waan na
arrabsaniif,
gatii yakka isaanii fi gatii yakka
abboota isaanii,
gatii hojii isaanii isa duriis
matuma isaaniitti nan deebisa"
jedha.

8 Waaqayyo ammas dubbatee,
"Akkuma namoonni ija waynii
damee muka wayniitti jiru
sababii inni dhama
of keessaa qabuuf hin ganne,
anis garbicha kootiif jedhee
akkasuma nan godha malee,
hunduma isaanii hin balleessu*.
9 Sanyii Yaaqoob gosa Yihudaa
keessaa
nama tokko nan kaasa,
innis tulloota koo in dhaala;
warri ani fo'adhe iddoo kana in
fudhatu,
garboonni koos achi keessa in
jiraatu*.
10 Saba koo warra na
barbaaddataniif
Shaaron iddoo hoolota itti yaafatan,
dachaan Aakoris
iddoo saawwan dheechifatan in
ta'a*.
11 Isin warra ana Waaqayyoon
dhiiftanii,
tulluu koo isa qulqullaa'aa
irraanfattanii,
'Gaad' waaqayyolii milkii fi,
'Maanii' Waaqayyittii Ateeteef
maaddii qopheessitanii,
dhibaayyuufis daadhii waynii
qodaatti in guuttaniif.
12 Kanaaf ani billaatti dabarsee
isin nan kenna,
isin hundumti keessan
kukkuftanii in gorra'amtu;
isin wanta ana duratti
hamaa ta'e hojjettan,
wanta ana hin gammachiifnes
gootan malee,
yommuun isin waame
na jalaa hin oowwaanne,
yommuun dubbadhes isin
anaaf hin dhageenye" jedhe*.
8 Uma 18:26-32
9 Er 3:18
10 33:9; Iya 7:26
12 66:4; Er 7:13

13 Kanaafis Waaqayyo gooftaan,
"Kunoo, garboonni koo in nyaatu,
isin garuu in beeloftu!
Kunoo, garboonni koo in dhugu,
isin garuu in dheebottu!
Kunoo, garboonni koo in gammadu,
isin garuu in yeellaasifamtu!
14 Kunoo, garboonni koo
garaa isaaniitti gammadanii in faarfatu,
isin garuu garaan keessan waan gadduuf,
hafuurri keessanis waan cabeef in wawwaattu!
15 Warri ani fo'adhe
maqaa keessan ittiin
wal ahaaruuf in godhatu;
kanaafis ani Waaqayyo
gooftaan
isin nan fixa,
garboota koos maqaa
haaraadhaan nan waama*.
16 Dhiphinni inni durii irraanfatamee
ija koo duraa waan dhokateef,
namni hiyyicha keessatti of
eebbisu,
ana Waaqayyo isa
dhuga-qabeessaan
of haa eebbisu!
Namni hiyyicha keessatti
kakatu,
ana Waaqayyo isa
dhuga-qabeessaan haa
kakatu!" jedhe*.
15 62:2; Er 24:9; Mul 2:17
16 19:18; Er 4:2; Amo 8:14

Waaqayyo Wanta Haaraa Akka Uumu Dubbachuu Isaa

17 Waaqayyo, "Kunoo,
ani bantiiwwan waaqaa
haaraa fi
lafa haaraa nan uuma;
wanti dur ta'e hin yaadatamu,
inni darbes yaada namaa
keessa hin dhufu*.
18 Kunoo, ani Yerusaalemin
mandara nama gammachiiftu,
saba ishees warra gammadan
waanan godhuuf,
isin wanta ani uumutti
bara baraan gammadaa,
ililchaas!
19 Yommus ani mandara
Yerusaalemitti
saba koottis nan gammada;
sagaleen hoo'ichaa fi sagaleen
iyyaa
si'achi ishee keessatti hin
dhaga'amu*.
17 43:18-19; 66:22; 2Phe 3:13; Mul 21:1
18-19 35:10; 25:8; Mul 21:4

20 "Achi keessatti mucummaatti
du'uun hin jiru;
namni dulloomee utuu
bara hin quufin du'u
achi keessatti hin argamu;
namni waggaa dhibba jiraatee
du'u iyyuu
akka waan dargagummaatti
du'eetti in ilaalama;
namni waggaa dhibba
utuu hin ga'in du'u immoo
akka nama abaarameetti in
ilaalama*.
21 Isaan mana ijaarratanii
keessa in jiraatu,
muka wayniis dhaabbatanii
ija isaa in nyaatu*.
22 Si'achi mana isaan ijaarratanitti
namni kan biraa hin galu,
muka waynii isaan dhaabbatanis
ija isaa namni kan biraa hin
nyaatu;
sabni koo akka muka gaattiraa
bara dheeraa in jiraatu,
warri ani fo'adhes
isa harka isaaniitiin
itti dadhabanii hojjetan in
nyaatu*.
23 Isaan si'achi akkasumaan
dadhabanii hin hojjetan,
ijoolleen isaaniis dingata
du'uuf hin dhalatan;
isaan ijoollee isaanii wajjin
sanyii warra Waaqayyo
eebbisee
ta'anii in jiraatu.
24 Yommus utuu isaan
ana hin kadhatin nan deebisaaf;
utuma isaan
anatti himatanii hin fixinis nan
dhaga'aaf*.
25 Yommus yeeyyii fi ilmoon hoolaa
walii wajjin in sooratu,
leencis akka sangaa
cidii in nyaata;

bofni garuu awwaaruma ishee in nyaatti;
isaan kun hundinuu
tulloota koo warra qulqullaa'oo
hundumaa irratti
waan hamaa hin godhan,
si'achis waan tokko illee hin
balleessan"
jedhee dubbateera*.
20 Zak 8:4-5
21 62:8
22 Kes 28:30; Far 128:2
24 30:19; 58:9
25 11:6-9; Uma 3:14

Waa'ee Firdii Fi Waa'ee Abdii Hlmuu Isaa

66 1 Waaqayyo, "Bantiin waaqaa
teessoo koo ti,
laftis ejjeta miilla kootii ti,
eessatti mana anaaf ijaartu?
Iddoon boqonnaa kootiis
eessa*?
2 Kana hundumaa harka kootu
hojjete,
wanti kun hundinuus
akkasuma in ta'an;
ani gara isa gad deebi'aa fi
isa hafuura cabaa,
gara isa yommuun itti
dubbadhu hollatuu nan
ilaala*.
1 1Mot 8:27; Hag 1:3-8; Faru 2:1; Mat 5:34-35; HoE 7:49-50; 17:24
2 57:15

3 "Namni korma qalee
aarsaa anaaf dhi'eessu,
akka waan nama ajjeesee ti;
namni hoolaa qalee
aarsaa anaaf dhi'eessu,
akka waan saggoo saree
kutee ti;
namni kennaa midhaanii
aarsaa anaaf dhi'eessu,
akka nama dhiiga boyyee
anaaf dhi'eessuu ti;
namni aarsaa ixaanaa dhi'eessu,
akka nama waaqayyolii
tolfamoo waaqessuu ti;
warri akkas godhan karaa oofii
isaanii in fo'atu,
hojii oofii isaanii isa
ciiggaasisaatti in
gammadu*.
4 Yommuun isaan waame
isaan ana jalaa waan hin
oowwaatiniif,
yommuun isaanitti dubbadhes
isaan waan anaaf hin
dhaga'iniif,
ani isaan adabuu nan barbaada,
naasuus isaanitti nan fida;
isaan ana duratti hamaa in
hojjetan,
wanta ani jibbus
in fo'atan" jedhe*.
3 1Sam 15:22-23; Isa 65:4
4 65:12

5 Isin warri sagalce isaa
dhageessanii hollattan,
dubbii Waaqayyoo dhaga'aa!
Waaqayyo,
"Obboloonni keessan warri
maqaa kootiif jedhanii
isin jibbanii, tokkummaa isaanii
keessaa isin haasan,
warri, 'Mee Waaqayyo haa
galateeffamu!
Nus gammachuu keessan in
argina'
jedhanii isinitti ga'isan in
yeellaasifamu*.
6 Waca isa mandara keessaa,
sagalee isa mana qulqullummaa
keessaas dhaggeeffadhaa!
Kunis sagalee, Waaqayyo
isa diinota isaatiif
gatii isaanii kennuufiitti jiruu ti.
5 Luq 6:22

7 "Duhartiin utuu hin ciniinsifatin,
utuu dhukkubbiin itti hin
dhaga'aminis
ilma in deessii?
8 Namni wanta akkasii dhaga'ee
beeku,
wanta akkasii argee beekus
jiraa?
Lafti, miixuu guyyaa tokkootiin,
saba tokko si'a tokkotti
of keessaa in baaftii ree?
Xiyoon garuu akkuma
miixatteen ilmaan in
deesse*.
9 Wanta ani dhalachuu biraan ga'e
akka inni hin dhalanne nan
godhaa ree?
Akka inni dhalatu kanan godhus
gadameessa nan cufaa ree?"
jedha Waaqayyo keessan*.

10 Yerusaalemii wajjin gammadaa,
isheedhaafis ililchaa!
Warri ishee jaallattan hundinuu,
warri isheedhaaf
boo'aa turtan hundinuus
guddisaatii isheedhaa wajjin
gammadaa*!
11 Isin harma ishee isa nama
jajjabeessu
hootanii in quuftu,
guutummaa ulfina ishee irraas
waraabbattanii itti in
gammaddu.
7-8 49:20-21; 60:22
9 37:3
10 Far 122:6

12 Waaqayyo, "Kunoo, ani nagaa
akka yaa'aa bishaanii ishee
keessa nan yaasa,
badhaadhummaa saba lafa irraas
akka burqaa bishaanii
ishee keessa nan lolaasa;
isin akka aannaniitti isa in dhugdu,
akka mucaatti kaasuu ishee
irratti in baatamtu,
gudeeda isbee irrattis in
ururfamtu*.
13 Haati mucaa ishee akkuma
ursitu,
anis akkasuma isin nan urursa;
Yerusaalem keessatti
jajjabina in argattu*.
14 Isin kana yommuu argitan in
gammaddu,
akka margaas in laliftu;
irreen ana Waaqayyoo,
garboota koo biratti in
beekama;
diinouni koo garuu dheekkamsa
koo in argu" jedha.
12 49:22; 60:4
13 49:15; Far 131:2

15 Kunoo, Waaqayyo ibiddaan in
dhufa,
konkolaataan isaas akka
bubbee ti;
inni aarii dheekkamsaatiin,
bobaa ibiddaatiinis in ifata*.
16 Waaqayyo ibiddaa fi billaa
isaatiin
nama hundumaatti in farada,
namoota baay'ees in fixa*.
15 Far 50:3; Mul 19:11-15
16 Er 25:30-31; Mul 19:15

17 Waaqayyo, "Warri iddoo dhaabaatti waaqayyittii tolfamtuu ishee achi keessa jirtuuf hojjecbuudhaaf of qopheessanii fi of qulleessan hundinuu, warri foon boyyee nyaatan, warri foon hantuutaa nyaatan, warri wanta ciiggaasisaa nyaatan hundinuus walii wajjin in dhumu*. 18 Ani hojii isaanii fi yaada isaanii beeka; kanaafis dhufee saba afaan garaa garaa dubbatan bundumaa walitti nan qaba; isaanis dhufanii ulfina koo in argu. 19 Ani isaan gidduu milikkita nan dhaaba; warra isaan keessaa baqatanii oolanis gara saba Tarshiish, gara saba Fux, gara saba Lud, gara saba Meshek, gara saba Tubaalii fi Yaawaanitti, gara saba biyya galaana gidduu jiran warra fagootti, gara warra maqaa koo hin dhaga'in, ulfina koos hin argin jiraniitti nan erga; isaan saba lafa irraa gidduutti ulfina koo in himu. 20 Isaan akka nama anaaf aarsaa dhi'cessuutti saba lafa irraa bundumaa keessaa obboloota keessan fardaan, konkolaataadhaan, konkolaataa mi'a baatuun, gaangoodhaan, gaalaanis gara tulluu koo isa qulqullaa'aatti gara Yerusaalemitti in fidu; akkuma ijoolleen Israa'el kennaa midhaanii qodaa qulqullaa'aatti mana qulqullummaa kootti dhi'eessan, isaanis akkasuma obboloota keessan in dhi'cessu*. 21 Ani immoo isaan keessaa gar tokko lubootaa fi Lewwoota akka ta'aniif nan fo'adha.
17 1:29; 65:3-4; Lew 11:1-23
20 6:3-7

22 "Akkuma bantiiwwan waaqaa haaraanii fi lafti haaraan warri ani uumu ana dura jiraatan, akkasuma sanyiin keessanii fi maqaan keessan fuula koo dura in jiraata*. 23 Ayyaana baatii ji'a bundumaatti, Sanbata hundumaattis nama kan ta'e hundinuu ana duratti sagaduudhaaf in dhufa*. 24 Kana booddees gad ba'anii reeffa warra na yakkanii in argu; raammoon isaan nyaatu hin du'u, ibiddi isaan gubus hin dhaamu; isaan nama kan ta'e hundumaa duratti jibbisiisoo in ta'u" jedhe; Waaqayyo kana dubbateera*.
22 65:17
23 Zak 14:16
24 Dan 12:2; Mar 9:48

Macaafa Ermiyaas Raajichaa

Ittiin Lixa

1 1 Dubbiin Ermiyaas ilmi Hilqiiyaa dubbate kana keessatti caafamee jira; abbaan isaa luboota warra kutaa biyya Beniyaamin keessaa mandara Anaatot keessa jiran keessaa tokko turc*; 2 Yosiyaas ilmi Amoon mootii Yihudaa ta'ee, waggaa kudha sadaffaa isaatti dubbiin Waaqayyoo gara Ermiyaas in dhufe*. 3 Bara mootummaa Yehoyaaqiim ilma Yosiyaas mootii Yihudaatti, hamma waggaa kudha tokkoffaa mootummaa Zedeqiiyaa ilma Yosiyaasitti, waggichattiis hamma ji'a shanaffaa isa sabni Yerusaalem itti booji'ameetti, isatti in dubbate*.
**1 11:21; Iya 21:18*
**2 2Mot 22:1—23:30*
**3 2Mot 23:36—24:6; 24:17—25:7; 25:8-21*

Waamamuu Ermiyaas

4 Dubbiin Waaqayyoo gara koo
dhufee,
5 "Garaa haadha kee keessatti
utuun si hin tolchinan si
fo'adhe[1];
utuu ati hin dhalatin
addaan si baaseen,
sabaaf raajii akka taatuuf
si kaase" jedhe*.
**5 Isa 49:1; Gal 1:15*

6 Ani immoo yommus, "Maaloo yaa Waaqayyo gooftaa, kunoo, ani mucaa waanan ta'eef attamitti akka dubbatan hin beeku" nan jedhe*.

7 Waaqayyo ammas anatti dubbatee, "Gara ani itti si ergu hundumaa dhaqi, wanta ani si abboomu hundumaas godhi malee, 'Ani mucaa dha' hin jedhin*! 8 Ani si oolchuudhaaf sii wajjinan jira'o ati isaan duratti hin sodaatin!" jedhe; Waaqayyo kana dubbateera*.
**6 Bau 4:10; Isa 6:5-7; Abo 6:15*
**7 Bau 4:12*
**8 15:20; 30:11; 42:11; Bau 3:12*

9 Ergasii Waaqayyo hiixatee harka isaa afaan kootti buusee, "Kunoo, ani dubbii koo afaan kee keessa nan kaa'a*; 10 ilaa, akka ati buqqiftuuf, akka diigduuf, akka balleessituuf, akka garagalchituuf akka ijaartuuf, akka dhaabduufis ani har'a saba irratti, mootummoota irrattis aboo siif keuneera" naan jedhe*.
**9 Isa 6:7; His 2:8—3:3; Dan 10:16*
**10 18:7-10; 25:15-38; 27:1-11; 31:28; 42:10*

11 Dubbiin Waaqayyoo ammas gara koo dhufee, "Yaa Ermiyaas, amma maal argita?" jedhee na gaafate; ani immoo deebisee, "Damee muka lawuziin arga" nan jedhe*. 12 Waaqayyo deebisee, "Eyyee, ati dhuguma isa argite; kan ani jedhe hamma raawwatamutti ani immoo dhimmee isa duukaa nan bu'a" naan jedhe.
**11 24:3; Amo 7:8; 8:2*

13 Dubbiin Waaqayyoo ammas gara koo dhufee, "Amma immoo maal argita?" jedhee na gaafate; ani immoo deebisee, "Xuwwee waa keessaa danfu isa gara bitaatii as garagalee jirun arga" nan jedhe.

14 Waaqayyo, "Gara bitaatii badiisi warra biyya kana keessa jiraatan hundumaa irratti in dhufa" naan jedhe*. 15 Waaqayyo, "Kunoo, ani saba mootummoota gara bitaa jiran hundumaa keessa jiraatan nan waama; mootonni isaaniis dhufanii karrawwan dallaa Yerusaalem dura barcuma isaanii dhaabbatanii, guutummaa dallaa isheetii fi mandaroota Yihudaa hundumaa in marsu*. 16 Sabni koo ana dhiisanii waaqayyolii biraatiif ixaana aarsanii, wanta harka isaaniitiin hojjetanittis waan sagaddaniif, hojii isaanii isa hamaa hundumaaf ani isaanitti nan farada" jedhee dubbateera*.
**14 4:6; 6:1,22; 25:9; 46:20; 47:2; 50:3; Isa 14:31; His 26:7; 38:14-16; Yoe 2:20*
**15 Isa 5:26*
**16 2:13*

17 Itti fufees Waaqayyo, "Ati garuu yaa Ermiyaas ka'ii mudhii kee hidhadhuu wantan si abboomu hundumaa isaanitti himi! Ani isaan duratti akkan si hin yeellaasifnetti, ati yommuu isaan argitu hin na'in! 18 Kunoo, ani har'a akka mandara kellaa dhagaa qabuu, akka utubaa sibiilaa, akka keenyan sibiila boorrajjii irraa hojjetamees akka

[1] **Er 1:5 "Si fo'adhe"** yookiis "Si beeke".